

Inistitiiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa



**Federeeshinii Itoophiyaa Keessatti Qoodiinsa Aangoo
Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa: Qabatama Mootummaa
Naanno Oromiyaa**

Qorattootni: Daagim Oljirraa

Habtaamuu Bultii

Gulaaltonni: Tesfaayee Booressaa

Dajanee Girmaa (PhD)

Tafarii Baqqalaa

Sadaasa, 2013

ILQHQSO, Adaamaa

BAAFATA

Qabiyyee	Fuula
Gabaajeewwan	iii
BOQONNAA TOKKO.....	1
GUMEE QORANNOO	1
1.1. Yaada Waliigalaa	1
1.2. Hima Rakko	3
1.3. Gaaffilee Qorannoo.....	4
1.4. Kaayyoo Qorannoo	5
1.5. Daangaa Qorannoo.....	6
1.7. Faayidaa Qorannoo	6
1.8. Mala Qorannoo	7
BOQONNAA LAMA	9
YAAD-RIMEE BULCHIINSA QABEENYAA UUMAAMAA	9
2.1. Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa (Natural Resource Governance)	9
2.2. Abbaa Qabeenyummaa Qabeenya Uumamaa	10
2.3. Qoodiinsa Aangoo Seera Baasuu fi Seera Raawwachiisuu	14
2.4. Qoodinsa Galii Qabeenya Uumamaa (Natural Resource Revenue Sharing)	18
2.5. Bulchiinsa Qabeenya Bosonaa: Muuxannoo Biyyootaa	22
2.6. Bulchiinsa Qabeenya Albuudaa: Muuxannoo Biyyootaa	29
2.7. Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii: Muuxannoowwan Biyyootaa	33
BOQONNAA SADII	39
BULCHIINSA QABEENYA UUMAMAA ITOOPHIYAA	39
3.1. Abbaa Qabeenyummaa Qabeenya Uumamaa.....	39
3.2. Qoodiinsa Aangoo Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa: Heera RDFI	42
3.3. Uwwisa Seera Bosonaa Itoophiyaa.....	44
3.4. Uwwisa Seera Misooma Albuudaa Itoophiyaa.....	48
3.5. Uwwisa Seeraa Qabeenya Bishaanii Itoophiyaa	52
BOQONNAA AFUR	55
4.1. Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii.....	55
4.1.1. Aangoo Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii irratti Seera Tumu	55
4.1.2. Aangoo Qabeenya Bishaanii Hoogganuu	60
4.1.3. Galii fi Qoodinsa Galii Qabeenya Bishaanii	68
4.2. Hooggansa Qabeenya Albuudaa.....	72

4.2.1.	Aangoo Seera baasuu fi Qabatama Jiru	72
4.2.2.	Aangoo Qabeenya Albuudaa Taaliguu MNO fi Qabatama	75
4.2.3.	Galii fi Qoodiinsa Galii Hojiwwan Albuudaa.....	82
4.2.4.	Miidhaa Qabatamni Seeraa fi hojimaataa jiru Dantaa Uummataa fi Mootummaa Naannichaa irratti Dhaqqabiisu	86
4.2.5.	Mirga Ofiin of Bulchuu (The Right to Self Admnistration).....	86
4.2.6.	Bu'a Qabeessummaa Bulchiinsa Qabeenya Albuudaa.....	87
4.2.7.	Galii Qabeenya Albuudaa	89
4.2.8.	Kunuunsa fi Eegumsa Naannoo.....	91
4.3.	Hooggansa Qabeenya Bosonaa	93
4.3.1.	Aangoo Seera Qabeenya Tumuu	93
4.3.2.	Qabeenya Bosonaa Taaliguu.....	98
4.3.3.	Galii fi Qoodiinsa Galii Qabeenya Bosonaa.....	99
BOQONNAA SHAN		100
YAADOTA GUDUNFAA FI FURMAATAA		100
5.1.	Yaadota Gudunfaa.....	100
5.2.	Yaadota Furmaataa	107
Maddoota Barreffamichaa		111

Gabaajeewwan

MF	Mootummaa Federaalaa
MNO	Mootummaa Naannoo Oromiyaa
RDFI	Rippaablika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa
Lakk.	Lakkoofsa
Fkn	Fakkeenya
Ykn	Yookiin
IMX	Interpiraayizii Maayikiroo Xixiqqaa
USA	United States of America

BOQONNAA TOKKO

GUMEE QORANNOO

1.1. Yaada Waliigalaa

Heerri Rippabilika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa¹, sirna mootummaa dimokraatawaa federaalawaa biyya keenya keessatti hundeesseera.² Sirna mootummaa federaalawaa keessatti yoo xiqqaate mootummaalee lamatu jira: Mootummaa federaalaa (giddu-galeessaa) fi mootummaalee naannoo jechuu dha. Aangoon mootummaa, jechuunis aangoon seera tumuu, aangoon seera hiikuu fi aangoon seera raawwachiisuu mootummaa giddu-galeessaa fi mootummaa naannoo gidduutti heeran adda qoodama.³ Heerri RDFI kwt 51-55 keessatti dhimmoota akkamii irratti mootummaan federaalaa fi mootummaaleen naannoo aangoo seera baasuu akka qaban ifatti adda baasee jira. Haaluma kanaan, mootummaan federaalaa fi mootummaan naannoo, dhimma walfakkaatoo muraasa irratti lamaanuu aangoo seera tumuu bakka itti qaban jira⁴, dhimmoota tokko tokko irratti ammoo mootummaa Federaalaa qofatu aangoo seera tumuu qaba⁵, ammas dhimmoota kan biroo irratti aangoo seera tumuu mootummaalee naannootiif waliin kennameera.⁶

Mootummaaleen kanneen walaba ta'anii (autonomous) bu'uura heeratiin aangoo isaaniif kenname hojiirra oolchuu danda'u.⁷ Mootummaaleen sadarkaa lamaan irra jiran aangoowwan addaan isaanii qoodamee jiru walii kabajuun gahee hojii walii keessa seenuu irraa of-quachuu qabu jechuu dha.⁸ Aangoo heeran qaama tokkoof kennname keessa qaamni biraan kan seenu taanaan olaantummaan heeraa fi seeraa akka hin kabajamne taasisuutti dabalee, qabeenyi uumamaa qaama qabeenya sanatti dhiyoo jiruun akka hin hogganamne akkasumas

¹ Rippabilika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa jedhamee kan beekamu barreeffama kana keessatti kanaan booda RDFI jedhamee kan waamamu ta'a.

² Heera RDFI, kwt 1.

³ Assefa Fiseha, Federalism and The Accommodation of Diversity in Ethiopia, A comparative study, 3rd ed, (2010), fuula 93.

⁴ Fakkeenyaf, bu'uura Heera RDFI kwt 51(2) fi kwt 52(2c) yoo ilaalle mootummaaleen sadarkaa lamaanuu irra jiran dhimma dinagdee fi hawaasummaa irratti aangoo imaammata baasuu akka qaban ni ibsu.

⁵ Fakkeenyaf, bulchiinsaa fi itti-fayyadama lafaa, akkasumas dhimma itti-fayyadama lagaanii fi haroowwan daagaa mootummaa naannoo tokkoo ala bahan ilaachisee aagoo seera tumuu kan qabu mootummaa federaalaati, [Heera RDFI kwt 51(11) hidha kwt 55(2a)].

⁶ Fakkeenyaf, lageenii fi haroowwan daagaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo qofa keessatti argamu irratti aangoo seera baasuu kan qabu ammoo mootummaa naannoo qabeenyi sun keessatti argamuu dha. [Heera RDFI kwt 51(11fi 55(2a)]

⁷ Assefa Fiseha, federalism and the accommodation of diversity in Ethiopia, a comparative study, 3rd ed., (2010), fuula 93.

⁸ Heera RDFI, kwt 50(8).

dantaan uummataa akka hin mirkanoofnee fi dimokiraasiin akka hin baballanne gocha taasisuu dha.⁹

Dhimmoota qoodinsi aangoo heera RDFI tiin mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoo gidduutti qoodame keessa tokko bulchiinsa qabeenya uumamaati. Qabeenya uumamaa qabeenya lafa irratti, lafa jalatti ykn lafa keessatti uumamaan argamuuf fedhii dhala namaa guutuuf uumaa irraa kennname yoo ta'u, qabeenya kun albuudota, bishaan, bosona, lafa, gaasii uumamaa fi kanneen kana fakkaata kan hammatu dha.¹⁰ Itoophiyaan biyya qabeenya uumamaan badhaate yoo taatu¹¹ achi keessatti qoodni Naannoorn Oromiyaa qabu daran olaanaa dha. Bu'uura heera RDFItti aangoon itti-fayyadamaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa irratti seera tumuu mootummaa federaalaatiif kan kennname yoo ta'u, aangoon qabeenya uumamaa bulchuu akka hojjetu qofatti kan aangeffame ammoo mootummaa naannoo qabeenya sun keessatti argamu dha.

Seerotni qabeenya uumamaa kan akka qabeenya bishaanii, qabeenya albuudaa fi qabeenya bosonaa irratti mootummaa federaalaatiin tumamanii jiran aangoo qabeenya uumamaa bulchuu mootummaan naannoo Oromiyaa qabu kan mulquu fi sarbu yoo ta'u, itti-fayyadama, bulchiinsaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa kanneen irratti akkasumas faayidaa mootummaan naannoo Oromiyaa fi uummata naannichaa irratti miidhaa geessisuu irratti argama.¹² Fakkeenyaaaf, mootummaa federaalaatiin labsiileen labsaman, labsiin bulchiinsaa fi itti-fayyadama qabeenya bishaanii lak. 197/92 fi labsiin hundeffama manneen maree fi abbootii taayitaa sulula laggeenii lak.534/99 qoodinsa aangoo seera tumuu heeraan daangaa itti godhame kan cabsuu fi faayidaa gara garaa mootummaan naannoo argachuu malu kan dhabsiisu akka ta'etti ibsuun ni danda'ama.¹³ Gamaa biraan, labsii misooma albuudaa lak. 678/2002 aangoo albuuda bulchuu mootummaalee naannoo irraa kan fudhate ta'uu hubachuun kan danda'amu yoo ta'u, hayyama hojii albuudaa garaagaraa hojii albuudaa gurguddaa fi xixiqqaa Oromiyaa keessa jiru keessaa 76 (torbaatamii jaha) kan tahu irratti

⁹ Steven A. Kennett, The Desing of Federalism And Water Resource Managmenent In Canada, Research Paper No. 31, Quen's University Kingston, Ontario Canada K7l3n6, fuula 7-15; Michael Lockwood, Julie Davidson, Allan Curtis , Elaine Stratford & RodGriffith (2010) Governance Principles for Natural Resource Management, Society & Natural Resources, fuula 991.

¹⁰ L Aladeitan, 'Ownership and Control of Oil, Gas, and Mineral Resources in Nigeria: Between Legality and Legitimacy' (2013) *Thurgood Marshall Law Review*, Vol. 38:159 at 160.

¹¹The Food and Agriculture Organization of the United Nations, available at: <http://www.fao.org/3/Y4818E/y4818e07.htm#TopOfPage>, accessed on 10/12/2-19

¹² Afgaaffii Obbo Fiqaaduu, Daarekteera Daariktooreetii Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii Biiroo Misoomaa Qabeenya bishaanii waliin gaafa 24/03/2012 taasifame.

¹³ Xalayaa lak MBQBI/Y.Y/1170 Biirroon Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa, Waajjira Pirezidantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif gaafa 28/06/2011 barreesse.

hayyama kan kennee jiruu fi bulchaa jiru mootummaa Federaalaati.¹⁴ Kanarraan kan ka'e Mootummaan Naannoo Oromiyaa fi uummatni naannichaa faayidaa qabeenya albuuda naannichaa irraa argachuun isaaniif malu sirnaan akka hin arganne taasisuu irra darbee qabeenyichuma irrattiyyuu miidhaan akka qaqqabu taasisaa jira.¹⁵ Dabalataanis, labsiin eegumsa, misoomaa fi itti-fayyadama bosonaa lakk. 1065/2010 bulchiinsa bosonaa ilaalchisee aangoo mootummaa federaala fi naannolee gidduutti qoqquodee kan jiru yoo ta'u, bosona faayidaan isaa akka biyyolessaa fi addunyaatti qabu olaanaa ta'e ykn bosonichi mootummaa nannootiin sirnaan kan hin eegamnee fi hin misoomne yoo ta'e mootummaa federaala kan bulchu akka ta'e tumee jira.¹⁶ Kun immoo aangoo qabeenya bosonaa Mootummaan Naannoo Oromiyaatiif heeraan kennname kan sarbu ta'ee mul'ata.

Qorannoon kunis, bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaalchisee aangoo mootummaan naannoo Oromiyaa qabu maal akka ta'ee fi mootummaa naannichaa irraa aangoo seeraan ala mootummaa federaalaan fudhatamee fi dhiibbaa dhaqqabsiisaa jiru adda baasuu irratti kan xiyyeffatu yoo ta'u, gama kanaan rakkowwan qabatamaan dantaa fi faayidaa mootummaa fi uummata naannichaa irra gahaa jiru sakatta'uun yaada furmaataa kan akeku ta'a.

1.2. Hima Rakkoo

Aangoon itti-fayyadamaa qabeenya uumamaa bulchuu, biyya keenya keessatti mootummaa federaala fi mootummaa naannoo gidduutti addaa goodameera. Itti-fayyadamaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa ilaalchisee mootummaan federaala fi mootummaan naannoo, akka dhimma isaatti, aangoo seera tumuu kan qaban yoo ta'u, mootummaan naannoo ammoo bu'uura seera mootummaan federaala tumeen yookaan seera ofii isaatii tumeen aangoo qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaatii keessa jiru bulchuu akka qabu heerri RDFI tumee jira. Haata'u malee, aangoon seera tumuu fi seera tumamee jiru hojiirra oolchuu MF fi MNO bu'uura tumaalee Heera kanaa fi qajeeltoowwan qoodinsa aangoo sirna federalaazimii keessa jiru qabeenya albuudaa, bishaanii fi bosonaa irratti hojiitti jijiiramaa hin jiru jechuun ni danda'ama.

Mootummaan federaala labsii bulchiinsa qabeenya bishaanii fi abbaa taayitaa sulula laggeenii labsuun aangoo Mootummaan Naannoo Oromiyaa gama seera tumuu fi bulchuun qabu akka daanga'u taasisuu irratti argama. Bulchiinsa Itti-fayyadama, misoomaa fi kunuunsa albuudaa fi bosonaa irrattis mootummaan federaala daangaa qoodinsa aangoo Heeran

¹⁴ Daataa Istaatiksii mana galme A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa irraa argame.

¹⁵ Afgaaffii Obbo Yirdaw Nagaash, D/Olaanaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa waliin gaafa 24/03/2012 taasifame.

¹⁶ Labsii Misooma, Itti-fayyadamaa fi Eegumsa Bosonaa lakk 1065 kwt 16.

ka’ame darbuun aangoo bulchiinsaa qooddachuuun aangoo Mootummaan Naannoo Oromiyaa qabu akka mulqamuu fi dhiphatu taasisudhaan faayidaa mootummaa fi uummanni naannichaa qabeenyicha irraa argatuu qabu akka dhabu taasisaa jira. Dabalataanis, mootummaan Federaalaa labsiin eegumsa, misoomaa fi itti fayyadama bosonaa baaseen bulchiinsa bosonaa ilaalchisee aangoo mootummaa Federaalaa fi naannolee qoqqodee kan jiru yoo ta’u bosona faayidaan isaa akka biyyooleessa fi addunyaatti qabu olaanaa ta’e ykn bosonichi mootummaa naannootiin sirnaan kan hin eegamnee fi hin misoomne mootummaa federaalaa kan bulchu akka ta’e tumee jira. Kun immoo aangoo qabeenyaa uumamaa bulchuu Mootummaan Naannoo Oromiyaatiif heeraan kennname kan sarbu ta’ee mul’ata.

Heerri RDFI bulchiinsa qabeenyaa uumamaa ilaalchisee aangoo seera baasuu mootummaa giddu galeessaaf kennun aangoo qabeenyaa kana bulchuu fi hogganuu naannoleef kennun sirna bulchiinsa al-waalta’e (Administrative decentralization) kan hordofe ta’us, qabatamaan garuu Mootummaan Federaalaa seerota ofii baasuun aangoo qabeenyaa uumamaa bulchuu gara giddu galeessatti sassaabuun sirna heerichaan diriire faallaa qabeenyaa uumamaa irratti sirna bulchiinsa waalta’e (Centralized administration) diriirsee jira jechuun ni danda’ama. Kun immoo sirni federaalizimii biyyattii sirna naannoleen dadhaboo keessatti ta’an akka ta’uu fi federaalizimiin dhugaan lafa irratti akka hin ijaaramne kan taasisuun dha.

Gama biraan, mootummaan naannoo Oromiyaa aangoo qabeenyaa uumamaa bulchuu Heera RDFI tiin isaaf kennname bu’ura godhachuun seerota Misooma qabeenyaa Albuudaa fi bosonaa baasuun hojiirra oolchee jira. Seeronni kun seerota mootummaan Federaalaa baase waliin dhimmoota tokko tokko irratti kan wal hin simne yoo ta’u, raawwii fi hiikkoo irratti rakkoo qabatamaan yammuu uumamutu mul’ata.¹⁷ Haalonniakkanaa uumamuun itti-fayyadama, misoomaa fi eegumsa qabeenyaa uumamaa irratti rakkoo mataa isaanii qaqqabsiisuu kan danda’u waan ta’ef aangoon qabeenyaa uumamaa bulchuu naannoleef kennname mirgoota, itti-gaafatamummaa fi dirqamoota akkamii of keessatti akka qabatuu fi daangaan isaas hangamitti akka ta’e akka beekamu taasisuun barbaachisaa dha.

1.3. Gaaffilee Qorannoo

Rakkoowwan ibsaman kana qixa barbaadamuuun furuuf qorannoон kun gaaffilee qorannoo armaan gadiitti tarreeffaman deebisuu irratti xiyyeffata:

1. Mootummaan Naannoo Oromiyaa bulchiinsa qabeenyaa uumamaa irratti aangoo seera tumuu fi raawwachiisuu akkamii qaba?

¹⁷ Hiikkoo seeraa dirqisiisaa Dhaddacha Ijibbaataa MMWO, lakk. galme 303547 irratti kennname.

2. Aangoon qabeenya uumamaa hoogganuu mirga, dirqamaa fi itti-gaafatamummaa akkamii gonfachiisa? Yeroo ammaa kanatti, Mootummaan federaalaa aangoo qabeenya uumamaa hoogganuu (management/execution) akkamii MNO irraa fudhatee ofii itti fayyadamaa jira?
3. MNO qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaa keessatti argaman irratti aangoo seera tumuu qabuu fi hoogganuu qabu fayyadamuu dhabuun/ sarbamuun isaa itti-fayyadama, misoomaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa; akkasumas, dantaa mootummaa fi uummata naannichaa irratti miidhaa akkamii dhaqqabiisaa jira?
4. Mootummaan Federaala Itoophiyaa bulchiinsa qabeenya uumamaa keessatti aangoo MNO qabu irraa fudhachuutiin, mirgaa fi faayidaa galii hogganuu irraa maddu akkamii dhabsiisaa jira? Galii qabeenya uumamaa irraa argamu quoduun walqabatee rakkowwan qabatamaan mul'ataa jiran maal fa'i?

1.4. Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoon goroo qorannoo kanaa dhimma bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti qoqqodinsa aangoo seera tumuu fi seera hojiirra oolchuu ilaalcissee aangoo Mootummaa federaalaa fi MNO qaban ilaaluun bu'uura quodinsa aangoo sanaan qabeenya uumamaa naannoo isaa keessa jiran bulchuu dhabuun MNO dhiibbaa akkamii dhaqqabiisaa akka jiru adda baasuun furmaata waaraa akeekuu dha.

Akkasumas qorannichi kaayyolee gooree armaan gadii ni qabaata:

1. Bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti aangoo seera tumuu fi raawwachiisuu Mootummaan Naannoo Oromiyaa qabu agarsiisuu
2. Qabeenya uumamaa ilaalcissee aangoo seera baasuu Mootummaan federaalaa MNO irraa fudhatee ofiif itti fayyadamaa jiru adda baasuun agarsiisuu
3. Mirga, dirqamaa fi itti-gaafatamummaa aangoo qabeenya uumamaa hoogganuu gonfachiisu/hordofsiisu maal akka ta'e agarsiisuu
4. Aangoo qabeenya uumamaa hoogganuu Mootummaan federaalaa MNO irraa fudhate adda baasuun agarsiisuu.
5. Mootummaan Naannoo Oromiyaa qabeenya umamaa daangaa bulchiinsa isaa keessatti argaman irratti aangoo seera tumuu qabuu fi hoogganuu qabu fayyadamuu dhabuun/sarbamuun isaa itti-fayyadama, misoomaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa ; akkasumas, faayidaa mootummaa fi uummata naannichaa irratti miidhaa inni dhaqqabiisaa jiru sakatta'uun agarsiisuu

5. Mootummaan federaalaa bulchiinsa qabeenya uumamaa keessatti aangoo Mootummaan Naannoo Oromiyaa qabu irraa fudhachuutiin sassaabbii galii qabeenya uumamaan wal qabatee miidhaa inni faayidaa fi mirga mootummaa naannichaa irratti geesisaajiru agarsiisuu. Akkasumas, galii qabeenya uumamaa irraa argamu quodduun walqabatee rakkooowwan qabatamaan mul'atan adda baasuun agarsiisuu dha.

1.5. Daangaa Qorannoo

Qorannoonaan kun qabeenya uumamaa hunda ilaachisee aangoo seera tumuu fi seera hojiirra oolchuu MNO fi Mootummaa Federaalaa RDFI qaban kan sakatta'u miti. Qabeenya uumamaa keessaa qabeenya bishaanii, qabeenya albuudaa, fi qabeenya bosonaa ilaachisee qoqqoodinsa aangoo seera tumuu fi hojiirra oolchuu sakatta'a. Hima biraan kaa'uuf, qorannoonaan kun qabeenya uumamaa akka inarjii, qilleensaa, bineensaa bosonaa fi kanneen biroon sababa hanqina yeroo fi hanqina humna namaatiif jecha kan qoratu hin ta'u. Itti-dabalees, bulchiinsaa fi itti-fayyadama lafaa ilaachisee qorannoonaan of-danda'e bara kana Inistiitiyuutii kanaan ni gaggeeffama jedhamee kan karoorfame waan ta'eef qorannoonaan keessatti akka hin hammatamne ta'eera. Hima biraan, qorannoonaan kana keessatti gaaleen qabeenya uumamaa jechuun ibsame (bifa ifa ta'een diddiriirfamee kan tarreeffamee yoo ta'e yookaan dhagala'iinsa yaadarraa kan hubatamu yoo ta'e malee) qabeenya bishaanii, qabeenya albuudaa, fi qabeenya bosonaa qofa kan ilaallatuu dha.

1.6. Gaggeessa Qorannoonaan kanaa keessatti Hanqinaalee mudatan

Gaggeessa qorannoonaan kanaa keessatti keessumaa daataa qabatamaa sadarkaaa godinaa fi aanaa irraa barbaadamu bifa qindaa'aa fi hubannoo guutuun argachuu dhabuun dhimma akka hanqinaatti nu qunnamani dha. Itti-dabalees, weerarri Kovid 19 biyya keenya keessatti ka'e qaamolee mootummaa federaalaa baay'ee irraa daataa walitti qabuuf karoorfanne osoo walitti hin qabiin hafneerra. Itti-dabalees, rakkoon nageenyaa Godina Gujii jiru dhiibbaa hojiin albuuda baasuu qabeenya bishaan naanno sanaa irratti gaggeessaa jiru qaamaan deemne akka hin sakattaane nu taasiseera.

1.7. Faayidaa Qorannoonaan

Gaggeessi hojii qorannoonaan kaayyoo gooroo fi gooree armaan olitti ibsaman galmaan gahuun rakkoo hubannoo fi hojiirra oolmaa aangoo qabeenya uumamaa irratti MNO qabu furuu cinatti faayidaa garagaraa ni gumaata jedhamee abdatama. Gaggeessi hojii qorannoonaan seeraa kun faayidaalee armaan gadii ni argamsiisa:

- Aangoo seera qabeenya uumamaa bulchu tumuu irratti MF fi MNO qaban ilaachisee hubannoo qaamoleen mootummaa fi dhaabbilee ni gabbisa
- Caffeen Oromiyaa qabeenya uumamaa isaan kam irratti seera akkamii baasuu akka danda'u hubachisuu keessatti shoora ni qabaata
- Qabeenyi uumamaa sirnaan kunuunfamee dhaloota dhufutti akka darbu akkasumas faayidaa olaanaa akka argamsiisuu ni deeggara
- Tattaaffii sirna federaalizimii dhugaa biyya keenya keessatti ijaaruuf taasifamu keessatti gumaata guddaa ni qabaata.
- MNO qabeenya uumamaa naannoo isaa keessa jiran sirnaan bulchuun itti-fayyadama qabeenya uumamaa irraa galii isaaf malu walitti akka qabatu haala ni mijessa
- Qoodinsa galii qabeenya uumamaa irraa argamu ilaachisee taasifamu iftoominaa fi haqummaa akka qabaatu taasisuu keessatti gumaacha ni qabaata
- MNO dandeettii carraa hojii jiraattota isaatiif uumuu akka gabbifatu ni deeggara

1.8. Mala Qorannoo

a. Tooftaalee Daataan Ittiin Walitti Qabaman

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun gaggeeffame. Haaluma kanaan, Heera RDFI fi Heera MNO, labsiilee MF fi MNO tiin bahanii jiran, kitaabilee fi barruulee garagaraa sakatta'uu fi xiinxaluu, muuxannoo biyyoota sirna federaalizimii hordofan ilaaluu, bulchiinsa qabeenya uumamaa keessatti qaamolee hirmaanna qaban wajjiin af-gaaffii gaggeessuu daataan qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabameera.

b. Qaamolee Daataan Irraa Walitti Qabaman

Qaamolee MNO hojii bulchiinsa qabeenya uumamaa hojjechuu keessatti hirmaatan irraa daataan walitti qabameera. Haaluma kanaan, Waajjiraalee MNO akka Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa, Komishinii Investimentii Oromiyaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijiirama Qilleensaa Oromiyaa, Biirroo Misooma Qabeenya Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa, Biirroo Qonnaaf Qabeenya Uumamaa Oromiyaa, Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Oromiyaa, Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa dubbifamaniiru.

Sirna iddattoo kaayyeffataatti fayyadamuun waajjiraalee armaan olii godina qabeenyi bishaanii, bosonaa fi albuudaa bal'inaan keessatti argaman, oomishamanii fi rakkoon bulchiinsa qabeenyawwan kanneenii qabatamaan itti mul'atan jaha godinaalee daataan keessaa walitti qabaman ta'aniiru. Godinaalee jahan filatamanis, Godina Adda Oromiyaa

Naannawaa Finfinnee, Gujii, Shawaa Bahaa, Shawaa Lixaa, Jimmaa fi Baalee ta'aniiru. Mala godinaaleen kanneen ittiin filatamanitti fayyadamuun waajjiraaleen mootummaa olitti ibsamani fi sadarkaa aanaatti jiran qooda fudhattoota qorannoo kanaa akka ta'an kan filataman yoo ta'el ee sababa rakkoo nageenyaa fi weerara dhukkuba Kovid 19 jecha aanoleen lama jechuunis aanaan Laga Dambii fi Aanaan Ada'aa bargaa osoo hin dubbifamin hafaniiru. Bu'uura karooraatiin Aanaan Magaalaa Sabbataa, Magaalaa Buraayyuu, Adaamii Tulluu, Dugdaa Booraa, Diinshoo, Sinaanaa fi Shakkisoo keessaa daataan qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabameera. Sadarkaa Federaalaatti waajjiraaleen akka Ministeerri Bishaan, Jallisii fi Inarjii, Komishinii Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijiirama Qilleensaa, Ministeerri Albuudaa fi petirooliyeemii, fi Abbaa Taayitaa Misooma Sulula waajjiraalee Mootummaa federaalaa qaamolee daataan irraa walitti qabamuuf karoorfaman yoo ta'el ee sababa weerara Kovid 19tiif jecha waajjiraalee mootummaa Federaalaa keessaa Abbaa Taayitaa Misooma Sululaa Laga Awaash fi Abbaa Taayitaa Misooma Haroowwan Rifti Vaalii qofti akka dubbifaman ta'aniiru.

Qaamolee daataan qorannoo kanaaf barbaachisu irraa walitti qabamuuf karoorfame kan biraan omishtoota albuudaa fi bishaan naannoo Oromiyaa irratti bobba'anii jiraniidha. Haaluma kanaan, warshaalee oomisha bishaan dhugaatii irratti hojjetan jechuunis *Abbahawa Trading Mogil Bottled Water Manufacturing PLC (One water)* aanaa Sabbataatti kan argamuu fi *Aqua Addis Natural spiring water company* jedhamu Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti kan argaman dubbifamaniiru. Hata'u malee, sababa weerara Kovid-19tii fi rakkoo nageenyatiin warshaalee albuuda oomishan keessaa kan akka Warshaa Simintoo Mugarii fi Warshaa simintoo Daangotee Aanaa Ada'aa Bargaa keessatti argaman, fi warshaa oomisha warqee Medirook Aanaa Laga Dambiitti argamu osoo hin dubbifamiin hafaniiru. Walumaagala, qaamolee olitti eeraman keessaa ogeessota 105 wajjiin af-gaaffiin gaggeeffamuun daataan irraa walitti qabameera.

Bulchiinsi qabeenya uumamaa biyyoota sirna mootummaa Federaalawaa hordofan keessatti haala kamiin akka gaggeeffamu sirnaan hubachuuf, muuxannoowwan biyyoota sirna Federaalawaa horodofan ilaaluun barbaachisaa ta'ee argameera. Haaluma kanaan, biyyoota sirna mootummaa Federaalawaa hordofan, qabeenya uumamaa qorannoон kun irratti xiyyeffatu hedduumminaan kan qaban, bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaalchisee qoodinsa aangoo mootummaa giddu-galeessaa fi naannoolee sirnaan adda bahanii jiran, biyyoota sirna Federaalawaa sabdaneessaa hordofanii fi dhimma kana irratti odeeffannoo gahaa arganneerra jedhamee amanamu muuxanno biyyoota torbaa jechuunis muuxanno biyya Kanaadaa, Ameerikaa, Indiyaa, Awustiraaliyaa, Naayijeeriya, Biraaziil, Maalezhiiyaa fi Raashiya sakatta'uun qorannoo kanaaf muuxannoон isaanii galtee akka ta'u taasifameera.

BOQONNAA LAMA

YAAD-RIMEE BULCHIINSA QABEENYAA UUMAAMAA

2.1. Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa (Natural Resource Governance)

Qabeenyi uumamaa kanneen akka albuuda, bosona, bishaan, gaasii uumamaa fi k.k.f madda galii olaanaa ta'uu kan danda'an yoo ta'u, qabeenyi kun sirna bulchiinsa siriin kan hin hogganamnee fi karaa haqa qabeessa ta'een yoo hin qoodamne walitti bu'iinsaa fi jeequmsa gara garaatiif ka'umsa ta'uu danda'a. Biyyoonni dhaabbilee bulchiinsaa laafaa ta'e qaban saamicha fi gocha malaammaltummaa qabeenya uumamaa irratti raawwatamu to'achuuf hedduu rakkatu.¹⁸ Bulchiinsi qabeenya uumamaa biyyoota sab-daneessummaa keessatti mul'atu dhimma hedduu barbaachisaa dha. Sababni isaas abbummaa fi to'annaa bu'aa qabeenya uumamaa naannoo tokkotti argamu irraa argamu yeroo hedduu walitti bu'iinsa sabummaa ykn eenyummaa giddu galeessa godhatee ka'uuf ka'umsa ta'a.¹⁹

Falmiin qabeenya uumamaa kan mul'atu sab-daneessummaan biyya tokko keessatti waan bal'inaan mul'atuuf qofa utuu hin taane garaa garummaan facaatii qabeenya uumamaa jiru garaa garummaa sabaa ykn eenyummaa (ethnic), amantaa fi afaanii facaatii qabeenyichaa keessatti kan mul'atu yeroo ta'u dha.²⁰ Hima biraan, facaatiin qabeenya uumamaa naannoo teessuma lafaa sabni tokko ykn amantaa wal fakkaatu hordofu ykn afaan tokko dubbatutti bal'atee bakka birootti yoo xiqqate ykn dhabame abbummaa fi to'annaa ykn bu'aa qabeenyicha irraa argamu irratti walitti bu'iinsi akka uumamu taasisa. Dhimmi kun xiyyeffannoo bal'aa kan harkisu biyyoota sirna bulchiinsaa al-waalta'aa (decentralized) hordofan, addatti immoo biyyoota sirna federaalizimiin bulan keessatti. Kunis sirnoota kana keessatti naannoleen bulchiinsaa fi abbummaa qabeenya uumamaa naannoo isaanii keessatti argamu irratti walabummaa (autonomy) fi dhageettii qabaachuu fedhu. Haala kana keessatti sirni heeraa fi seeraa akkasumas kan bulchiinsaa diriirfamu tokkummaa biyyattii kan cimsu ykn immoo madda jeequmsaa fi walitti bu'iinsaa uumuu kan danda'u dha.²¹

¹⁸ Nicholas Haysom and Sean Kane, Negotiating natural resources for peace: Ownership, control and wealth-sharing, Henry Dunantcentre for humanitarian dialogue, Geneva, Switzerland, 2009, p.5.

¹⁹ Miil-jalee olii.

²⁰ Busby, G., Isham, J., Pritchett, L. and M. Woolcock (2002) 'Natural Resources and Conflict: What Can We Do?' Bannon, I. and P. Collier (eds), *Natural Resources and Violent Conflict*, Washington DC, World Bank.

²¹ Miil-jalee olii.

Kun utuma ta'e jiruu, biyyoota hedduu keessatti dhimmi qabeenya uumamaa xiyyeffannoo barbaachisu argatee heera keessatti sirnaa fi haala sirrii ta'een bal'inaan ifatti ilaalamu hin turre. Biyyoota sekterri qabeenya uumamaa dinagdee isaanii keessatti bakka xiqqaa qabu keessatti dhimmi qabeenya kutaa waliigalaa qoodinsa galii fi gibraa ilaallatu qofa ilaalamuun isaa kan nama dhibu hin ta'u. Heerota dhiyeenya kana wixineeffamanii fi seerota heerota kana bu'uura godhatanii ba'an keessatti garuu dhimmi qabeenya uumamaa addatti bal'inaan sirnaan yeroo ilaalamantu mul'ata. Kanaaf immoo sababota hedduu caqasuun ni danda'ama. Biyyootni guddataa jiran dinagdee isaanii irra jireessaan qabeenya uumamaa irratti kan rarra'u waan ta'eef qabeenya uumamaa akka hambaa biyyolessaa (national heritage) ilaaluudhaan qoodinsi walqixa ta'e akka jiraatu taasisuudhaafi.²² Haa ta'u malee, hawaasni naannoo qabeenyi uumamaa naannoo isaatti argamu misoomaa fi galii qabeenyicha irraa argamu irratti addatti abbaa ta'uu ni barbaada. Qormaatni guddaan dantaawwan gama hawaasa naannootiin ka'uu fi barbaachisummaa qabeenyi uumamaa guddina biyyaaf qabu kana walitti araarsuu fi madaallii isaa akka argatu taasisuu dha.²³ Rakkoon kun bal'atee gara walitti bu'iinsaa fi jeequmsaatti akka hin geessineef heerri biyyootaa dhimmichatti dursee fala barbaaduun sirna dirirsa.

Kanaafuu yaadrimeewwan dhimmoota marii fi waliigaltee qabeenya uumamaa irratti godhaman keessatti ka'uu malan ifa gochuun barbaachisaa dha. Barreeffamootaa fi muuxannoo biyyootaa irraa akka hubatamutti sirna bulchiinsaa qabeenya uumamaa keessatti dhimmoontni ka'uu danda'an bifa babal'aa ta'an sadiin ilaalamu. Isaanis, qabeenyummaa qabeenya uumamaa, qoodinsa aango hoggansa (management/administration) fi misooma qabeenya uumamaa irratti godhamuu fi qoodinsa galii qabeenya uumamaa irraa argamuuti. Dhimmoontni kunneen sadan addatti armaan gaditti ilaalamu.

2.2. Abbaa Qabeenyummaa Qabeenya Uumamaa

Sirni qabeenyummaa qabeenya uumama bulchu dhimma miira kakaasu danda'u waan ta'eef adeemsi madaalawaa ta'e gaaffiwwan qabeenya dhuunfaa, qabeenya hawaasaa fi qabeenya mootummaa jedhaman deebisuu fi hiikuu danda'u hordofamuu qabu.²⁴ Dhimma qabeenyummaa uumamaa hiikuun/deebisuun heera keessatti dhimma falmii kaasuun beekamu dha. Haa ta'u malee, yeroo tokko tokko gaaffii qabeenyummaa qabeenya uumamaa deebisuun dhimma bulchiinsaa fi qoodinsa galii qabeenya uumamaa irratti ka'u deebisuu kan

²² Miil-jalee 18^{ffa}, fuula 5.

²³ Miil-jalee olii.

²⁴ Miil-jalee olii, fuula 8.

danda'u akka ta'etti haala dogongoraan yeroo hubatamu ni jira.²⁵ Ta'us mirgi qabeenyummaa fi galii qabeenyichaa argachuu seerota ba'aniin kan murtaa'uu fi kan daangeffamu ta'uu waan danda'uuf qabeenyummaan qofti battalatti (ipsofacto) aangoo bulchiinsaa, to'annaa qabeenya uumamaa fi mirga galii/faayidaa guutummaatti argachuu kan gonfachiisu ta'uu dhiisuu danda'a.

Sirni qabeenyummaa qabeenya uumamaa diriirsu dhimma falmii kaasuu danda'u yoo ta'u yeroo hedduu dhimmichi walitti bu'iinsa eenyummaa giddu galeessa godhateef ka'umsa ta'a.²⁶ Kanumaaf yeroo hedduu sirna akkasiidiriirsuu keessatti sodaan gama kanaan jiru sababoota dinagdee ykn fiisikaalaa (fiscal rationality) caala dursi akka kennamuf taasisuu mala. Qabeenyummaan qabeenya uumamaa kun caalatti xiyyeffannoo kan argatu biyyoota dinagdeen isaanii irra jireessaan galii qabeenya uumamaa irraa argamu irratti rarra'uu fi faca'iinsi qabeenya uumamaa immoo biyyattii keessa jiru wal qixa kan hin taane keessatti dha. Dhimmi qabeenyummaa yeroo mara gaaffiwwanii fi falmiiwwan qabeenya dhuunfaa, hawaasaa fi mootummaa jedhan gidduu kan deddeebi'u dha. Sirna bulchiinsaa fi misooma qabeenya uumamaa jabaa ta'e akka jiraatuuf bu'uura kaa'uun yoo barbaachise heeraan ykn waliigaltee biraadhaan dhimma abbummaa qabeenya uumamaatti dursa kennuun barbaachisaa dha.

Biyyoota gara garaa keessatti dhimmi qabeenyummaa qabeenya uumamaa ifatti heeraan deebii kan argatu dha. Biyyoota sab-tokkee (homogenous) ta'an keessatti tumaaleen heeraa qabeenyummaa qabeenya uumamaa ilaallatan kan xiyyeffatu guddina biyyoolessaa fi qoodinsa dantaa/faayidaa mootummaa fi qaamolee dhuunfaa gidduu jiraatu irratti. Gama biraan, biyyoota sab-daneessummaan keessatti mul'atu biratti tumaaleen heeraa qabeenyummaa qabeenya uumamaa bitan akkaataa qoodinsa qabeenya uumamaa qaamolee mootummaa akkasumas saboota gidduutti taasifamu irratti xiyyeffatu.²⁷ Qabeenyummaan sirna (framework) qabeenya uumamaa keessatti dhimma barbaachisaa yoo ta'es, dhimmoota aangoo seera baasuu fi bulchiinsaa akkasumas galii murteessuuf qofa isaa gahaa ta'uu dhiisuu mala. Dhimmoonni kun tarii tumaalee heeraa birootiin ykn seerota ba'aniin kan murtaa'an ta'uu danda'a.

²⁵ Miil-jalee olii.

²⁶ Z. Adangor, Proposals for Equitable Governance and Management of Natural Resources in Nigeria, published online on 28th February, 2018, accessible on <https://doi.org/10.5539/ilr.v7n1p213>

²⁷ Miil-jalee 20^{ffaa}.

Heeronni biyyoota garagaraa sirna mirga qabeenyaa, addatti immoo mirga qabeenyummaa qabeenya uumamaa adda addaa diriirsu. Heeronni biyyootaa bu'uura irraa qabeenya uumamaa irratti namni dhuunfaa mirga abbummaa qabaachuu fi qabaachuu dhiisuu akkasumas daangaa mirga namni dhuunfaan qabeenya uumamaa irratti qabu hagam akka ta'e ni kaa'u. Haaluma waliigalaan muuxannoo biyyoota garagaraa irra kan hubatamu sirna qabeenyummaa qabeenya uumaamaa afurtu jira.

- a. **Qabeenyaa dhuunfaa (private title):-** Qabeenyummaan ykn abbummaan qabeenya uumamaa guutummaa guututti namoota dhuunfaaf ykn dhaabbilee dhuunfaaf kennamuu dha
- b. **Qabeenyaa hawaasaa (Communal or customary title):-** qabeenyi uumamaa qabeenya waloo hawaasaa kan keessatti ta'ee fi itti fayyadamni isaa hawaasa guutuuf kan banaa ta'e dha.
- c. **Qabeenya mootummaa (state ownership):-** Sirna mootummaan giddu galeessaa ykn kan naannoo maqaa isaatiin ykn maqaa uummataatiin qabeenya uumamaa irratti abbaa itti ta'ee fi ofin kan itti fayyadamu ykn waliigalteedhaan qaama misoomsutti kan kennu dha.
- d. **Sirnoota olia lamaa fi isaa ol of keessatti hammate:-** sirna kana keessatti qabeenya uumamaa jiruuf jirenya namoota dhuunfaaf barbaachisanii fi dinagdee biyyaaf barbaachisoo ta'an bakka lamatti quoduun qabeenyummaan kan murtaa'u dha.

Sirna federaalzimii keessatti gaaffiin (claims) abbummaa qabeenya uumamaa irratti mootummaa giddu galeessaa fi naannolee gidduutti uumamuu malu haala kamiin furama kan jedhu haala wal-xaxaa uumuu mala. Sirnoota akkasii keessatti callisaan qabeenyi uumamaa qabeenyaa mootummaa/biyyaa (state) ta'uu labsuun ga'aa hin ta'u. Sababni isaas haala kanaan mirga fi dirqama mootummaan giddu galeessaa fi naannolee misoomaa fi galii ykn faayidaa qabeenya uumamaa irraa argamu irratti qaban maal akka ta'e adda baasanii beekuun waan hin danda'amneefi.

Federeeshinii bulleeyyi kanneen akka USA, Kaanadaa fi Awustiraaliya keessatti abbummaa qabeenya uumamaa nama dhuunfaaf kennu ykn guutummaatti mootummaaf kennuun kan baratamee ture yoo ta'u, qabeenya uumamaa mootummaaf kennname irratti mirgi abbaa qabeenyummaa naannoleef kennamaa ture. Kunis jaarrraa 19ffa keessa guddinni teknolojii kan hin turree fi daandii mootummaa giddu-galeessaa fi naannoo qabeenyi uumamaa itti

argamu wal quunnamssiisu ga'aan waan hin turreef itti-fayyadamaa fi bulchiinsaaf mijataa ta'uu dhabuu waan maluufi jedhamee tilmaama.²⁸ Dabalataanis, akkaataa hundeffama federeeshinii USA fi Awustiraaliyaa yoo ilaalle naannoleen alaa walitti dhufuun kan hundeessan waan ta'eef jiraachuu ykn argama qbeenyaa uumamaa irratti hubannaan (awareness) ture gadi aanaa waan ta'eef ta'uu danda'a.²⁹

Jaarrraa 20^{ffaa} irraa eegalee qabeenyi uumamaa guddinaa fi faayidaa biyyaaf hojiirra ooluu qaba ilaalchi jedhu tarkaanfachuu eegaleera. Sababoota guddina teknolojii waliin wal qabatan, haalli fi sirni dinagdee biyyootaa jijiiramaa dhufuu fi federeeshinootni haaraa hundaa'an alaa kan walitti dhufan utuu hin ta'in keesumatti kan uumame (holding together) ta'uu dha. Gahee qabeenyoonni uumamaa akka abuudaa, gaazii uumaa fi petrooliyemii dinagdee biyyaa keessatti qabu daran olaanaa ta'uu hubachuudhaan sadarkaa imaammataatti qabeenyummaan isaa kan mootummaa giddu galeessaa akka ta'u gochuun eegalame. Biyyoota akka Naayijeeriyyaa, Afriikaa Kibbaa, Indiyaa fi k.k.f keessatti qabeenyaa uumamaa akka hambaa biyyolessaa (national heritage) ilaaluudhaan galii qabeenyicha irraa argamu tajaajila hawaasaa walqixa ta'ee fi guddina dinagdee wal fakkaataa ta'e biyya keessatti akka fidu taasisuu irratti hojjetu. Haa ta'u malee, xumura jaarrraa 20^{ffaa} irraa eegalee fedhiin siyaasaa qoodinsi faayidaa/galii qabeenyaa uumamaa gara naannoleetti akka gadi bu'u ka'uun biyyoota hedduutti walitti bu'iinsaaf ka'umsa ta'uu eegale. Ta'us, heeronni dhiyeenya wixineeffaman sodaa kana maqsuuf jecha qabeenyummaa fi bulchiinsa qabeenyaa uumamaa irratti adeemsaa fi sirna madaalawaa hordofuu eegalaniii jiru.³⁰

Mirga qabeenyummaa fi aangoo bulchiinsaa heeraan ifa ta'ee ka'amuun tasgabbi siyaasaa fi ofitti amanamummaa abbootii qabeenya sektera qabeenyaa uumamaa irratti bobba'uu barbaadaniif dhimma murteessaa dha.³¹ Qabeenyaa uumamaa biyya tokkoo irratti eenyutu mirgi abbaa qabeenyummaa qaba kan jedhu irratti iftoominni yoo hin jiraanne walitti bu'iinsa mootummaa federaala fi naannolee gidduutti uumuuf sababa ta'a.³² Naannolee fi hawaasni naanno karoora misooma qabeenyaa uumamaa, bulchiinsaa fi galii qabeenyaa uumamaa naanno isaa irraa argamu irratti dhageettii akka qabaatu taasisuun qormaatawwanii fi sodaawan gama abbaa qabeenyummaatiin dhufan hir'isuu danda'a.

²⁸ Cotrell, J. (2005), *Oil Revenues, Distribution and the Constitution of Iraq: An Option Paper*. Unpublished paper commissioned by the United Nations Assistance Mission for Iraq.

²⁹ Miil-jalee olii.

³⁰ Miil-jalee 18^{ffaa}, fuula 10.

³¹ World Bank (2006) Angola Economic Memorandum: Oil, Broad Based Growth and Equity, 2nd October.

³² Miil-jalee 18^{ffaa}, fuula 10.

2.3. Qoodiinsa Aangoo Seera Baasuu fi Seera Raawwachiisuu

Qoodinsi aangoo qabeenya uumamaa irratti seeraa baasuu (legislative authority) fi seericha raawwachiisuu (executive authority) eenyu dhimma misoomaa fi itti-fayyadama qabeenya uumamaa irratti seera baasuu fi seera ba'e bulcha (administer) kan jedhu murteessuuf gargaara. Dhimmi kun dhimma abbaa qabeenyummaa (ownership) caalaa dhimma barbaachisaa dha. Sababni isaas, aangoon seera baasuu fi qabeenya uumamaa bulchuu mirgootaa fi daangaa mirgoota abbaa qabeenyummaa murteessuuf hojiirra oola. Yeroo hedduu immoo aangoon kun aangoo galii itti-fayyadama qabeenya uumamaa irraa argamu sassaabuu kan dabalatu yeroo ta'u, kun garuu dhugummaan isaa yeroo mara miti.

Aangoon qabeenya uumamaa irratti seera baasuu fi seera raawwachiisuu gaaffii qabeenya uumamaa irratti eeyutu seera baasa, eenyutu seericha bulcha fi mana murtii kamtu wal dhibdee uumamu hiika kan jedhu deebisuu hammata. Dhimmootni aangoowwan kana jalatti hammataman adeemsa waliigaltee fi qaama waliigaltee raawwachuuf aangoo qabu, hayyama kennuu, taaksii fi rooyaalitii, hojimaata hojjetaa fi hojjechiisaa, istaandaardiiwwan nagummaa (safety) fi eegumsa naannoo, dhimmoota hayyama al-ergii (export) fi al-galchii (import) fi dhimmoota biroo misoomaa fi itti-fayyadama qabeenya uumamaa irratti dhiibbaa qabani dha.

Biyyoota sirna bulchiinsa walta'aa (unitary) keessatti dhimmootni kunneen aangoon mootummaa giddu galeessaa jalatti akka kufan shakkisiisaa hin ta'u. Biyyoota sirna federaalizimii hordofan keessatti garuu dhimmi qoodinsa aangoo qabeenya uumamaa bulchuu dhimma yeroo hedduu falmii kaasuu dha. Sababni isaas, qabeenya uumamaa to'achuudhaaf mirga abbaa qabeenyummaa qabaachuu utuu hin ta'in aangoon seera baasuu fi seera raawwachiisutu daran murteessaa dha. Haalota akkanaa keessatti qoodinsi aangoon mootummaa giddu galeessaa fi naannolee gidduutti dhimma qabeenya uumamaa to'achuu (control) fi bulchuu heeraan ifatti ibsamee kan ka'amu dha.³³

Biyyoota sirna bulchiinsa federaalizimiin bulan keessatti qabeenya uumamaa irratti aangoon seera baasuu (legislative authority) fi seera raaawwachiisuu (executive authority), waliigalteewwan gara garaa raawwachuu dabalatee, dhimma ijoo heera biyyaa keessatti ilaalamu dha. Gama siyaas-dinagdeen yammuu ilaalamus fakkeenyaaaf, aangoon qabeenya uumamaa irratti waliigaltee raawwachuu (contracting authority) hojiwwan galii gurguddaa argamsiisan to'achuu (the control over high income jobs), madda maallaqa deggarsaan

³³ Miil-jalee olii, fuula 13.

naannoleef kennamuu (patronage) irratti gaaffii kan kaasu ta'a.³⁴ Gama biraan, qoodinsi aangoo qabeenya uumamaa irratti seera baasuu fi raawwachiisuu irratti jiru ifa yoo hin ta'in misooma qabeenya uumamaa irratti gufuu ta'uu danda'a. Sababni isaas investeroonni bakka walitti bu'iinsi aangoo uumamuu danda'uu fi balaan siyaasaa (political risk) uumamuuf salphatutti invastimentii yeroo dheeraa qabeenya uumamaa irratti gochuuf fedhii dhabuu waan danda'aniifii dha.³⁵

Faayidaa ykn barbaachisummaa qabeenyi uumamaa dinagdee keessatti qabu giddu galeessa godhachuun qoodinsi aangoo qabeenya uumamaa irratti taasifamu caaseffama mootummaa bocuu keessatti gahee mataa isaa qabaata. Qoodinsi aangoo seera baasuu fi seera raawwachiisuu qabeenya uumamaa irratti godhamu dhimma wal-xaxaa fi ulaagaalee gargaraa al tokko tokko walii isaanii wal-faallessan bu'uura kan godhatu dha. Ulaagaaleen kunniiin³⁶:-

- a. **Milkaa'ina qabeessummaa fi dandeettii (Efficiency and Capacity):-** qaama mootummaa isa kamtu qabeenya uumamaa karaa bu'a-qabeessa ta'een misoomsuuf dandeettii fi humna qaba kan jedhu ilaalu.
- b. **Marartoo (Equity):** Qabeenyi uumamaa naannoo tokko qofa keessatti bal'inaan kan faca'ee argamu yoo ta'e haala kamiin tajaajila hawaasaa istaandaardii xiqqa barbaadamu (minimum standard of public services) waliin ga'uu dandeenya kan jedhu tilmaama keessa galchuu.
- c. **Itti-gaafatamummaa (Accountability):-** itti faayyadama qabeenya uumaamaa keessatti qaama kamtu irra caala hawaasa naannoo bakka qabeenya uumamaa itti argamuuf miira itti gaafatamummaa qabaatee hojjechuu danda'a?
- d. **Dantaa Biyyooleessa (National interest):-** Bulchiinsi qabeenya uumamaa biyyooleessa misooma qabeenya uumamaaf barbaachisummaan isaa hangami? Hojimaatni murtaa'e tokko yeroo hojiirra oolu naannolee biyyattii keessatti garaa garummaa bal'aa qabaachuu danda'aa? kan jedhu ilaalu.

Ulaagaaleen kunneen qoodinsa aangoo to'anno fi bulchiinsa misooma qabeenyummaa taasisuuf hojiirra oolfamuu danda'an kun aangoowwan gara garaa fi qabeenya uumamaa gara garaa irratti haala wal fakkaatuun guduunfaa (conclusion) tokko irra ga'uun hin danda'amu.

³⁴ Miil-jalee olii.

³⁵ Miil-jalee olii, fuula 14.

³⁶ Miil-jalee 18^{ffa}, fuula 15 fi Michael Lockwood , Julie Davidson , Allan Curtis , Elaine Stratford & Rod Griffith, Governance Principles for Natural Resource Management, society & Natural Resources, p. 990, availbale at <http://dx.doi.org> , accessed on 21/11/2019.

Hima biraan, ulaagaleen kunneen haalaa fi amaloota aangoo fi gosa qabeenya uumamaa gara garaa irratti guduunfaa wal hin fakkaanne irra akka geenyu taasisuu danda'a.

Walumaagala, aangoo seera baasuu fi seera raawwachiisuu mootummaa naannootiif kenuun itti-gaafatamummaan akka jiraatu taasisuu mala. Sababni isaas mootummaa naanno mootummaa Federaalaa caalaa fedhii fi filannoo uummata isaatii hubachuu fi sirnaan murteessuu danda'a.³⁷ Dabalataanis, mootummaaleen naanno qabeenya uumamaa naanno isaanii keessa jiru sirnaan ba'ee hojiirra akka ooluuf fedhii fi dantaa kallattii kan qabaatan yoo ta'u, tarii qaamni qaamni ykn gareen aangoo mootummaa giddu galeessaa to'ate guddina naanno tokko kessatti dhufuu qabu irraa dantaa dhabuu danda'a.³⁸

Haa ta'u malee, aangoowwan mootummaalee naannoof kenuun sodaawwan qabatamaa gama hanqina dandeettii fi humnaa kaasuu mala. Dabalataanis, aangoowwan seera baasuu fi seera raawwachiisuu bal'inaan naannoleef kenuun imaammata qabeenya uumamaa biyyooleessaa wal fakkaataan akka hin jiraanne ni taasisa. Keessumaa immoo, istaandaardiin biyyooleessaa bakka hin jiraannetti naannoleen investeroota gara ofii isaaniitti harkisuuf dorgommii keessa galuun waliigaltee akka malee abbootii qabeenya fayyadu keessa seenuu ykn istaandaardii eegumsa naanno gadi buusuu malu. Gama biraan, to'anno fi bulchiinsa qabeenya uumamaa guutummaa guutuutti harka mootummaalee naanno galchuun facaatiin tajaajila hawaasaa garaagarummaa guddaa qabu biyya keessa akka jiraatu gochuu danda'a.³⁹ Fakkeenyaaaf, Kaanaadaatti aangoon to'anna fi bulchiinsa qabeenya uumamaa fi galii isaa guutummaatti naannoleef kan kennname yoo ta'u, sodaan biyyattii keessatti calaqquisu naannoleen qabeenya uumamaa kanneen akka gaasi uumamaatiin hiyyeeyyi ta'an tajaajila hawaasaa kenuuf humna hin qabaatan kan jedhu dha.⁴⁰

Dhimmi abbummaa, bulchiinsaa fi galii qabeenya uumamaa irratti ka'u qabeenya naanno tokko keessatti argamu tilmaama fudhatee kan ka'u yoo ta'u, qabeenya uumamaa daangaa naannolee lamaa fi isaa ol qaxxaamuru irratti aangoo naannoleef kenuun rakkoo bira fiduu danda'a. Qabeenya uumamaa daangaa naanno irraa qaxxamuranii fi naannolee lamaa fi isaa

³⁷ Miil-jalee 18^{ffaa}, fuula 15 fi Michael Lockwood , Julie Davidson , Allan Curtis , Elaine Stratford & Rod Griffith, Governance Principles for Natural Resource Management, society & Natural Resources, p.993, availbale at <http://dx.doi.org/>, accessed on 21/11/2019.

³⁸ Miil-jalee olii.

³⁹ Miil-jalee 18^{ffaa}, fuula 16.

⁴⁰ Heeri kaanaadaa rakkoo kana hiikuuf mootummaan federaalaa naannoleen tajaajila hawaasaa kenuuf galii gahaan akka qabaataniif degarsa kaffaltii wal-qixxeessaa (Equalization payments) jedhamu akka godhu dirqisiisa. Haaluma kanaan naannoleen qabeenya uumamaatiin hiyyeeyyi ta'an kaffaltii dabarsaa (transfer payments) galii naannolee qabeenya uumamaan badhaadhan irraa argamu kan argatan yoo ta'u foormulaa mootumman federaalaa degarsa quoduu keessatti hojiirra oolchu keessaa tokko faca'iinsa qabeenya uumamaa naannolee keessatti argamu dha.

ol wal-qunamsiisan irratti aangoo bulchiinsa mootummaa giddu galeessaa fi/ykn mala naannolee walitti hidhu diriirsuun filatamaa dha. Haalonni akkasii bishaan (lageewwanii fi haroowanii), gaasii uumamaa fi k.k.f irratti ni mudata.

Walumaagala, falmii fi wal sodaan gama tokkoon fedhii imaammata qabeenya uumamaa qinda'aa ta'e tokko sadarkaa biyyooleessaatti akka jiraatu taasisuu fi qoodinsi qabeenyaa (wealth sharing) wal qixa ta'e akka biyyatti akka jiraatu taasisuu fi gama biraan fedhii fi dantaa qoodinsi aangoo naannoleef sirnaan akka kennamu gaafachuu fi walabummaa olaanaa (greater autonomy) naannoleen qabeenya uumamaa irratti qabaachuuf qaban gidduutti jiru salphaa hin ta'u. Hojimaatni (trend) dhiyeneen as beekamtii olaanaa argachaa dhufe qaamni mootummaa sadarkaa lamaanuu irra jiru bulchiinsa qabeenya uumamaa keessaa dantaa olaanaa fudhatama qabu qabaachuu amananii fudhachuun bulchiinsa waliigala keessatti qaamolee lachuu bifaa madaalawaa ta'een hirmaachisuu dha. Kana milkeessuuf immoo sirnootni heeraa ykn dhaabbilee (constitutional and institutional arrangements) dantaa waloo kana galmaan ga'uuf diriifamuu danda'an kanneen armaan gadii ta'uu danda'u.⁴¹

- Itti-gaafamummaa garagaraa kutaa (aspect) aangoo murtaa'e keessa jiru mootummaa giddu galeessaa fi naannootiif gargar qooduu. Fakkeenyaaaf, hojii albuuda barbaaduu, baasuu fi oomishuun wal qabatee aangoo seera baasuu fi bulchuu mootummaa naannoof kennuun aangoo dhimmoota albuuda geejjibiisuu, al-ergii, al-galchii fi to'anna gabaa fi daldala isaa irratti aangoo seera baasuu fi raawwachiisuu mootummaa federaalaa kennuu. Muuxannoon kana biyyoonni Ariikaa Kibbaa fi Sudaan qabeenya bishaanii irratti hojiirra oolchaniiru.
- Aangoo imaammataa fi tarsiimoo qinda'aa ta'e qopheessuu mootummaa giddu galeessaaf kennuun walitti bu'iinsi ykn wal-faallessi seerotaa fi seerota gidduutti ykn seerotaa fi imaammata gidduutti akka hin uumamneef qaama giddu galeessaa mootummaaleen naannoo bakka bu'aa keessaa qabaatan qindeessuun sirna bulchiinsa uumamaa diriirsuu. Qaamni hojii qindeessuu hojjetu kun mana mare olii (upper chamber) ta'uu danda'a. Muuxannoon kun federaalizimii biyya Jarman keessatti bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti hojiirra kan oole dha.
- Aangoo seera baasuu (legislative power) fi sera raawwachiisuu (executive power) qabeenya uumamaatti qooduun kennuu. Kunis aangoo imaammata baasuu fi istaandaardiwwan xiqqaa (minimum standards) bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti

⁴¹ Miil-jalee olii 18^{ffaa}, fuula 16.

seera baasuu mootummaa federaalaaf kenuun, aangoo seera raawwachiisuu fi kan bulchiinsaa (managment) naannoleef kenuu.

- Koomishinii waloo hundeessuun bakka bu'oota qaamolee hundaa (mootumma Federaalaa fi naannoo) hirmaachisuun imaammata waliin wixineessuu fi murtiiwwan garagaraa irratti qooda akka fudhatan hirmaachisuu. Fakkeenyaaaf Komishiniin peetrooliyemii biyyooleessa Sudaan hojiiwwan hojjechuuf hundaa'e. Sirna kana keessatti naannoleef eegumsi gahaan akka jiraatuuf jecha tarkaanfiiwwan mootummaalee naannootiin fudhataman kufaa gochuuf sirna sagalee caalmaa guddaa (super majority) diriirsu.
- Sirna dhaabbilee ilaalchaa fi dhiibbaa siyaasaa irra bilisa ta'anii fi mootummaalee lamaan biratti amanamummaa qabaatan hundeessuun bulchiinsi qabeenya uumamaa qaama walaba ta'een akka bulu taasisuu.

Walumaagala, biyya sab-daneessummaa keessatti mul'atutti gaaffiwwanii fi walitti bu'iinsa eenyummaa fi walabummaa naannoo (local autonomy) irratti ka'u hambisuuf ykn hir'isuuf, bulchiinsa misooma qabeenya uumamaa irratti heera biyyaatiin aangoo jiru sirnaan qooduun ifa taasisuun barbaachisaa dha. Qoodinsi aangoo ifa ta'e jiraachuun walitti qabanna uumamu malu hambisuun malaammaltummaa fi saamicha qabeenya uumamaa irratti raawwatamu kan hir'isuu danda'uu fi itti gaafatamummaan ifa ta'e akka jiraatu ni taasisa. Kun immoo, walitti bu'iinsii fi falmiwwan aangoon wal qabatanii jiran irratti ka'uu malu dursee kan ittisu ta'uu danda'a. Gama biraan, qoodinsi aangoo bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti taasifamu ifa ta'uun investeroonni hayyama qaama kam irraa akka fudhatan, bulchiinsa qabeenya uumamaa wal qabatee eenyu akka quunnamuu qabanii fi eenyu waliigaltee raawwachuu akka qaban ifa kan taasisuuf waan ta'eef, haala naannoo hojii investementii mijataa ta'e uumuuf ni gargaara.

2.4. Qoodinsa Galii Qabeenya Uumamaa (Natural Resource Revenue Sharing)

Dhimmi sassaabbi fi qoodinsa galii qabeenya uumamaa dhimma gama siyaasaanis ta'e dinagdeetiin xiyyeffanno barbaadu waan ta'eef, heerri sirna isaa ifatti diriirsuun barbaachisaa dha. Sassaabbi fi qoodinsi galii qabeenya uumamaa uumamaan aangoo bulchiinsa isaatiin wal hidhatee kan deemu yoo ta'es, dhimmi galii dhimmoota biroo kan ofitti hawwatu waan ta'eef sirni adda ta'e diriiruufii danda'a. Sababni isaa galiin

kaayyoowwan (objectives) fi yaaddoo (concern) dhimma to'annoo fi misooma qabeenya uumamaa irraa adda ta'e kan qabu waan ta'eefi dha.

Abbummaan ykn qabeenyummaan qabeenya bosonaa dhimma yeroo hedduu xiyyeffannoo argatu yoo ta'es dhimmi sassaabbii fi qooddii galii qabeenya uumamaa karaa hedduu falmii gara garaaf ka'umsa ta'a. Dhimmi galii qabeenya uumamaa waliin wal qabatee ka'u waan lama yoo ta'u, isaanis galii qabeenya uumamaa irraa argamu kan sassaabu eenuu fi haala kamiin galii sassaabame qoodama? kan jedhu dha. Dhimmi galii qabeenya uumamaa addatti madda rakkoo walitti bu'iinsaa ta'uun saboota gidduutti wal shakkii fi qoodinsa, akkasumas qabeenya uumamaa irratti walitti bu'insa uumuu danda'a. Qorannoon Baankii Addunyaa tokko akka agarsiisutti sababoota walitti bu'iinsaaf haala mijeessan keessaa inni guddaan tokko galii qabeenya uumamaa irratti hirkachuu dha.⁴²

Qormaatni iftoominaa (the challenges of transparency) sassaabbii qabeenya uumamaa sirna bulchiinsa federaalizimii keessatti mul'atu salphaa miti. Galii qabeenya uumamaa gabaatti dhiyaatu ykn oomishamee gurguramu irraa argamu dhoksuun qaamolee mootummaa gidduutti uumamuu danda'a. Kanaaf immoo fakkeenya kan ta'u, oomishaa fi daldala diyaamandii biyyoota Afriikaa kanneen akka Seeraaliyon, Angoolaa fi Laayibeeriyyaa keessa jiru dha.⁴³ Fakkeenyaaf, bara 2003 A.L.A achitti mootummaan Seeraaliyon Diyaamandii gara biyya alaatti argame keessaa dhibbeentaa shanii gadi kan ta'u qofaarraa qaraxa sassaaabe.⁴⁴ Kana dhabamsiisuudhaaf sirna sassaabbii fi qoodinsa galii qabeenya uumamaa ifa ta'e diriirsuun haalaan barbaachisaa dha.

Biyyoota sirna bulchiinsa federaalizimiitiin bulan keessatti gaaffii naannoleen qabeenya uumamaa naaannoo isaanii keessatti argamu irraa galii funaanamu keessatti sassaabbii isaa keessatti qooda fudhachuu fi kallattiidhaan galii argamu qoodachuuuf kaasuu malan deebisuuf sirni sassaabbii fi qoodinsa galii qabeenya uumamaa jabaa ta'e qabaachuun barbaachisaa dha. Sirna bulchiinsaa kana keessatti haala galii qabeenya uumamaa itti sassaabamuu fi qoodamu murteessuuf sababoota dinagdee caalmaa sababoota siyaasaaf (political rationale) dursa kennuun ni mul'ata.⁴⁵ Haalota kana keessatti, heerri dantaawwan gama tokkoon fedhii uummanni naaannoo tokkoo qabeenya uumamaa naaannoo isaatti abbaa ta'uuf qabuu fi gama biraan dantaa qabeenyi biyyaa kan lammilee hundaati jedhu walitti

⁴² Miil-jalee 20^{ffaa}.

⁴³ Miil-jalee 18^{ffaa}, fuula 21.

⁴⁴ International Crisis Group (2004) *Liberia and Sierra Leone: Rebuilding Failed States*, December 2004.

⁴⁵ Miil-jalee 18^{ffaa}, fuula 21.

araarsuu fi wal madaalchisuuf sirna diriirsuu qaba.⁴⁶ Galmi kun kan milkaa'uu danda'u qoodinsi aangoo fi hojimaatni seeraa gama sassaabbii fi qoodinsa galii qabeenya uumamaatiin mootummaa federaalaa fi naannoo gidduu jiru iftoomina kan qabuu fi madaalawaa yoo ta'e dha.

Sassaabbii fi qoodinsa galii qabeenya uumamaa kana ilaachisee maloota gurguddaa beekaman sadiitu jira. Isaanis, galiiwan qabeenya uumamaa gosaan adda baasuun kaan isaanii irratti aangoo sassaabbii isaa mootummaa federaalaaf kennuun kanneen biroo irratti immoo naannoleef kennu (fknf Kaanaadaa), galiiwan qabeenya uumamaa irraa argaman hunda bakka tokkotti sassaabuun san booda foormulaa irratti waliigalamee fi seeraan deggarame bu'uura godhachuun qoodiinsa taasisuu (fknf Naayijeeriyya, Venezu'eelaa fi Indooneejiyaa), fi sirna olii lamaan walitti makuun itti gargaaramuu (fknf Iraq) dha.⁴⁷

Filanno inni jalqabaa, heera biyyaatiin aangoo galii qabeenya uumamaa sassaabuu gosaan qooduun garii isaa motummaa federaalaaf garii isaa immoo naannoleef kennuun dha. Fakkeenyaaaf, yoo heerri aangoo hayyama kennu, waliigaltee raawwachuu fi gosoota galii tokko tokko sassaabuu naannoleef kenne qoodinsi galii qabeenya uumamaa addatti barbaachisaa ta'uu dhiisuu danda'a. Sababni isaas, haala kana keessatti naannoleen kaffaltiwwan akka royaalitii, kaffaltii hayyamaa fi taaksiwwan oomishaa sassaabuuf aangoo kan qaban yoo ta'u, mootummaan federaalaa gibira galii dhaabbataa (corporate income taxes), qaraxa al-ergii (export charges), fi taaksiwwan biroo akka sassaabuuf aangoon waan kennamuufi dha. Faayidaa guddaa sirni kun qabu naannoleen ofii kallattiin galii qabeenya uumamaa irraa argamu waan sassaabbataniif wal shakkii mootummaa federaalaa fi naannolee gidduu jiru kan hambisu dha. Haa ta'u malee, naannoleen kallattiin ofif galii yammuu sassaabbatan mootummaa giddu galeessaarraa galii waan hir'isuuf sirna bulchiinsa dinagdee biyyaa jeequu danda'a.⁴⁸ Dabalataanis, biyyoota facaatiin qabeenya uumamaa naannolee keessa jiru wal qixa hin taanee fi naannolee muraasa keessatti kuufame keessatti garaa garummaa galii bal'aa (wide income gaps) naannolee gidduutti kan uumu ta'a. Kun immoo dhiyeessi tajaajila hawaasaa naannolee keessa jiraatu garaa garummaa guddaa akka qabaatu kan taasisuu fi guddini wal fakkaataan biyyattii keessa akka hin jiraanne taasisuu danda'a.

Filanno lammaffaan, sirna qoodinsa galii foormulaa bu'uura godhatu (formula-based sharing system) yoo ta'u, sirna kana keessatti galiiwan qabeenya uumamaa hundumaa

⁴⁶ Bird, R. and Ebel, R. (2005) *Fiscal Federalism and National Unity*. 25 March.

⁴⁷ Ahmed, E. and Mottu, E. (2002) *Oil Revenue Assignments: Country Experiences and Issues*, International Monetary Fund.

⁴⁸ Miil-jalee olii.

bakka tokkotti sassaabuun foormulaa irratti waliigalame giddu galeessa godhachuun mootummaa federaalaa fi naannolee gidduutti quoduu dha. Foormulaan kun ulaagaalee hedduu bu'uura godhatee qophaa'uu kan danda'u yoo ta'u baay'ina uummataa, bal'ina lafaa, tajaajila hawaasaa wal qixa ta'e akka jiraatu taasisuu, baasii naannolee fi mootummaa giddu galeessaa, galii caalmaa naannoo albuudi irraa baafamuuf kennamu qabu (derivation principle) fi naannoo ykn hawaasa naannoo qabeenyi uumamaa irraa baafamu bifa miidhaawan akka faalama naannoottin dhufanii fi kanneen biroo irbuuf kaffaltii bifa beenyaatiin kaffaluu qabuu fi kanneen biroo hunda kan of keessatti hammatu ta'u danda'a.⁴⁹ Naayijeeriyaan sirna kana hojiirra oolchuu keessatti fakkeenyummaa kan qabdu yoo ta'u, heerri biyyattii paarlaamaan wagga shan shaniin ulaagaalee armaan olii giddu galeessa godhatee foormulaa qoodinsa galii akka qopheessu tuma.⁵⁰

Sirna kana uumuuf foormulaa quodiinsi galii ittiin taasifamu qopheessuu irratti waliigalteerra gahuun salphaa hin ta'u. Naannoleen sassaabbii fi qoqqodiinsi galii taasifamu iftoomina kan hin qabne, yeroodhaan kan hin taasifamnee fi dhiibbaa siyaasaa jalatti kan kufuu danda'u dha jechuun waan shakkaniif daddaffiin itti walagalamuu dhiisuu mala. Wal-amantaan dhabamuun immoo deebi'ee walitti bu'iinsaaf ka'umsa waan ta'uuf sirna kana diriirsuuf of-eeggannoof fi sirna jabaa wal amantaa uumuu danda'u ijaaruu barbaachisa.

Sirni sadaffaan biyyoota sirna bulchiinsa waltawaa (unitary) tiin bulanii fi bulchiinsa qabeenya uumamaa al-waltawaa (decentralized natural resource governance) hordofanii fi biyyoota federeshinii ta'an lachuu keessatti kan beekamu dha. Iraaq biyya sirna bulchiinsa federaalizimiin bultu yoo taatu, heerri biyyattii qabeenya uumamaa kanneen akka gaazii fi peetrooliyemii bara heerichi misoomanii jiran irraa galii argamu bakka tokkotti mootummaa federaalaatiin akka sassaabamu fi baay'ina uummataa giddu galeessa godhachuun quodamu akka qabuu fi kanneen erga heerichi ba'ee booda misooman irraa mootummaaleen naannoo galii sassaabbachuu akka danda'an tuma.⁵¹ Gama biraan, biyya sirna bulchiinsa waaltawaan bultu Indoonejiziyaa keessatti immoo galii qabeenya uumamaa kanneen akka zayitaa irraa argamu keessaa dhibbeentaa 15 (kudha shan) kanneen biroo akka gaasii uumamaa irraa dhibbeentaa 30 (soddoma) naannoleen qabeenyichi keessa baafamuuf kan quodamu yoo ta'e haala addaatiin kutaa biyyaa "Akeey" jedhamu galii qabeenya uumamaa

⁴⁹ Miil-jalee olii.

⁵⁰ Heera biyya Naayijeeriya, Kwt 162(2).

⁵¹ Heera biyya Iraaq, kwt 112.1 fi 115.

ishee keessaa ba'u irraa dhibbeentaa 70 (torbaatama) qooddatti.⁵² Sirni biyyattii keessatti beekamu naannolee gara garaa irratti adeemsa gara garaa kan hordofu waan ta'eef, kan wal hin madaalle (assymetrical) dha.

2.5. Bulchiinsa Qabeenya Bosonaa: Muuxannoo Biyyootaa

A. Kaanaadaa

Imaammatni bosona biyya Kanaadaa seenaa yeroo dheeraa kan qabu dha. Sirni federaalizimii Kanaadaaatti kan eegale bara 1867 (A.L.A) yeroo ta'u, federeeshinichi federeeshinii sab-daneessaa ti. Naannooleen amma Kanaadaa keessa jiran yeroo garagaraatti federeeshinichatti kan makaman yeroo ta'u, adeemsi biyya federaalawaa taate hundeessuu bara 1867 eegale bara 1949 (A.L.A) xumura argatee jira.⁵³ Federeeshiniin Kanadaa garaagarummaa naannoolee (regional difference) fi eenyummaa ofii beeksisuuf (regional expression) qajeeltoo fudhatama qabuu dha.⁵⁴

Federeeshinii Kaanaadaa keessatti naannooleen haaraan gara boodaa federeshinichaatti makaman keessaa Manitoobaa, Albeertaa fi Saskaatchewaan irraan kan hafe hundi isaaniituu abbummaa fi to'annaqabeenya uumamaa dabarsanii mootummaa federaalaatti hin kennine. Naannooleen kun sadan illee bara 1930 (A.L.A) yammuu heerri biyyattii bifa haaraan wixineeffamu abbummaa fi to'annaqabeenya uumamaa irratti qaban deebisanii argataniiru. Bara Kanaadaan sirna federlaazimiitiin buluu eegaltee kaasee heera biyyattiitiin aangoon qabeenya bosonaa qabeenyummaan isaanii kan mootummaa federaalaatiin alatti jiran hunda irratti aangoon seera baasuu, bulchuu, kununsuu fi misoomsuu mootummoolee naannootiif kenname.⁵⁵ Qabeenya bosonaa Kaanadaan qabdu hektaara Miliyoona 416 yeroo ta'u, kanneen keessaa %71 kan mootummoolee naannoo, % 6 kan nama dhuunfaa yeroo ta'u dhibbeentaan hafte 23 immoo kan mootummaa federaalaati.⁵⁶ Kana jechuun, qabeenya bosonaa biyyattiin qabdu keessaa dhibbeentaan 77 qabeenyummaa (ownership) mootummoolee naannoo kan jiru yoo ta'u, kanneen irratti aangoon seera baasuu fi bulchuu kan mootummoolee naannoo ti. Qabeenyi bosonaa harka mootummaa federaalaa jiru

⁵² Heera biyya Indooneziyaa kwt 18 fi labsii kutaa naannoo Akeey bulchuuf ba'e kutaa 181 kwt 1.B fi Nicholas Haysom and Sean Kane, *Negotiating natural resources for peace: Ownership, control and wealth-sharing*, Henry Dunant centre for humanitarian dialogue, Geneva, Switzerland, 2009, p. 22.

⁵³ Forest governance in federal systems: an overview of experiences and implications for decentralization, Hans Gregersen and Arnoldo Contreras-Hermosilla and A. White and Lawerence Phillips and Carol J. Pierce Colfer and Doris Capistran, 2004, p. 35.

⁵⁴ Miil-jalee olii.

⁵⁵ Natural resources Canada, the state of Canada's forests: Learning from history, Canadian forest service, Ottawa, 1997, accessible on <http://nrcan.gc.ca/cfs/proj/ppiab/sof/sof.html>, accessed on 21/11/2019.

⁵⁶ Miil-jalee 53^{ffaa}, fuula 37.

dhibbeentaaan 23 ta'u irratti aangoon seera baasuu fi bulchiinsaa kan mootummaa Federaala yeroo ta'u, bosonni kun bakka buufata waraanaa, paarkii biyyooleessa, lafa jiraattota duriif hafe (aboriginal reserve) fi k.k.f kan hammatuu dha.⁵⁷

Kanaadaatti naannoleen bosona qabeenyummaan isaa kan isaanii ta'ee fi bosona dhuunfaa hunda irratti aangoo seera baasuu fi bulchiinsaa heeraan kennameef qabu.⁵⁸ Bosona dhuunfaa naannoisaanii keessatti argamu irratti seera baasuu fi bulchuuf naannoleen aangoo qabu. Qaamolee hojji misooma bosonaa fi xaawulaa oomishuu irratti bobba'aniifis hayyama kan kenu naannolee dha. Kanatti dabaluudhaanis naannoleen paarkiwwan qabeenyummaan isaa harka isaanii jiru irratti seera baasuu fi bulchuuf aangoo ni qabu.⁵⁹ Mootummaan Federaalaa qabeenya bosonaa fi paarkiwwaan biyyooleessa qabeenyummaan isaa kan isaa ta'e irratti seera baasuu fi bulchuuf aangoo qaba. Itti-dabalees, daldala biyyoota biroo waliinii, ijaarsa waliigaltee biyyooleessa (national consensus building) fi dhimma jiraattota durii (abroginal affairs) hoggana.⁶⁰ Dhimmi eegumsa naannoisaanii (environment) fi saayinsii fi teknolojii dhimma waloo mootummaa federaalaa fi naannoleeti.

Biyya kana keessatti bulchiinsa qabeenya bosonaan wal qabatee qaamolee mootummaa qindoominni sadarkaa sadarkaan jiru jabaa akka ta'uuf ni hojjetama. Fakkeenyaaaf, Manni maree Ministeerota bosonaa walitti dhufeenya mootummaa Federaalaa fi naannoolee gidduu jiru bu'a qabeessaa fi gahumsa kan qabu akka ta'uuf xiyyeffannoo guddaan hojjeta.⁶¹ Akka biyyoolessaattis Kaanadaan tarsiimoo bosonaa biyyooleessa qabdi. Haa ta'u malee, mootummaan federaalaa naannoleen tarsiimoo kana hojiirra akka oolchaniif hin dirqamsiisu, dirqamsiisuudhaafis heerichi hin deggaru. Kanarraan kan ka'e garagaarummaan seeraa fi maloota (mechanism) bulchiinsaa naannoolee gidduutti mul'atu bal'aa dha.⁶²

Walumaagala, muuxannoo biyya Kaanaadaa irraa wanti hubatamu qabeenyummaan qabeenya bosonaa harki caalmaan kan naannoolee yeroo ta'u, naannoleen qabeenya bosonaa kan isaanii ta'ee fi kanneen harka namma dhuunfaa jiran irratti aangoo seera baasuu fi bulchiinsaa kan qaban ta'uu dha. Naannooleen dhimma qabeenya uumamaa akka mallattoo eenyummaattii fi aangoo seera baasuu fi bulchiinsaa qaban agarsiiftuu walabummaa isaanii akka ta'etti ilaalu. Mootummaan federaalaa qabeenya bosonaa naannoolee irratti deggarsa

⁵⁷ Miil-jalee olii.

⁵⁸ Miil-jalee olii.

⁵⁹ Miil-jalee olii.

⁶⁰ Australian government, Department of Agriculture, accessible on <https://www.agriculture.gov.au/abares>, accessed on 27/11/2019.

⁶¹ Miil-jalee olii.

⁶² Miil-jalee olii.

garagaraa taasisuu fi waliigalteen biyoyooleessaakka dhufuuf hojjechuu malee aangoo seera baasuus ta'e kan bulchiinsaa hin qabu.

B. Awustiraaliyaa

Awustiraaliyaan biyya sirna federeraalizimiin bultu yeroo taatu, bara 2015-16 A.L.A tti qabeenya bosonaa hektaara miliyoona 134 ta'u qabdi ture.⁶³ Kanneen keessaa bosonni hektaara 1.5 tti tilmaamu harka namaan biqiltuuwan dhaabbataniin kan misoome dha. Qabeenya bosonaa kana keessaa dhibbeentaan 75 (torbaatamii shan) qabeenya mootummaa (public ownership) yeroo ta'u, harki 25 (digdamii shan) immoo qabeenya namoota dhuunfaa ta'ee galmaa'ee jira. Qabeenyi bosonaa biyyattii gama dinagdee fi eegumsa naannootiin bu'aa guddaa biyyattiif kan argamsiisu yeroota'u bara 2016 (A.L.A) tti galii biyyattiin gama industiriin argattu keessaa doolaara biliyoona 23 (digdamii sadii) kan ta'u qabeenya bosonaa irraa kan argame dha.

Akkuma biyyoota sirna federaalizimiin bulanii biroo keessatti ta'u, Awustiraaliyaattis dhimmi bulchinsa bosonaa yeroodhaa garagara yerootti jijiiramaa fi bifaa geeddarataa guddatee boca har'a qabu godhate. Yeroo ammaa kana qabeenya bosonaa Awustiraaliyaan qabdu keessaa dhibbeentaan 75 qabeenyummaan isaa kan naannolee yeroo ta'u kan hafe immoo qabeenya namoota dhuunfaa ti.⁶⁴ Heerri biyyattii dhimma bulchiinsa bosonaa (forest governance) irratti aangoo mootummaa federaalaaf naannoleef qoodee jira. Haaluma kanaan, heerichi aangoowwan muraasa mootummaa federaalaaf kennun kanneen hafan hunda naannoleef kan dhiise dha (residual). Heerichi mootummaa federaalaaf aangoo tarsiimoo waliigalaa sekterichaa qopheessuu (overall sectoral strategies), bu'aa callaa bosonaa irratti daldala biyyoota waliinii (international trade on forest products) bulchuu fi dhimma eegumsa naanno (environment) wal qabatu hogganuu kan kenneefii jira. Naannoleen aangoowwan biroo hafan hunda kan fudhatan yeroo ta'u kunneenis lafa bosonaa qopheessuuf kireessuu, qabeenya bosonaa mootummaa fi dhuunfaa irratti seera baasuuf bulchuu fi k.kf hunda dabalata.

Awustiraaliyaa keessatti bulchiinsi, ittifayyadaman, misoomnii fi kunuunsi bosonaa qinda'aa fi wal fakkaataa akka ta'uuf akkasumas taayitaa (authorities) fi itti-gaafatamummaan (responsibilities) jiraatu madaalawaa (balanced) akka ta'uuf mootummaan biyyattii xiyyeffanno hojjeta. Haaluma kanaan, bara 1992 (A.L.A) imaamatni mootummaa federaalaaf fi naannolee hundaan mallattaa'ee barruun imaammata bosona biyyooleessaa (The

⁶³ Miil-jalee olii.

⁶⁴ Miil-jalee olii.

National Forest Policy Statement) jedhamu egeree qabeenya bosonaa biyyattii kallattii qabsiisuu fi walitti dhufeenyaa hojii bu'a qabeessaa fi cimaa ta'e abbootii hirtaa gidduutti uumuuf qophaa'ee hojiirra ooleera.⁶⁵ Barruun kun kan qophaa'e mootummaa federaalaa fi naannolee hundaan yeroo ta'u, qaamni dhimma kana qindeesse Mana Maree Bosona Awustiraaliyaati.

Gama biraan, sagantaawwan akka waliigaltee bosona naannolee (Regional Forest Agreement-RFAs), qindeessa caasaa industirii bosonaa hammataa (Forest industry structural adjustment package -FISAP), mana mare ministerotaa bulchiinsa qabeenya uumamaa (Natural resources management ministerial council- NRMMC) fi kanneen biroo yeroo garagaraa hojiirra oolaniiru. Kaayyoon sagantaawwan kanaas bulchiinsa bosonaa al-walta'aa (decentralized forest governance) naannolee gidduutti uumuu fi hojiirra oolchuuf bu'uura kaa'uu fi gama biraan dantaa fi itti-gaafatatummaa biyyolessaa kabachiisuu dha.⁶⁶

C. Ameerikaa (United States of America)

Ameerikaan biyya sirna federaalizimiin bultu yeroo taatu, seenaan ijaarsa sirna biyyattii seenaa dheeraa kan qabu dha. Biyyattiin qabeenya bosonaa hektaara miliyoona 300 tilmaamamu kan qabdu yeroo ta'u, kanneen keessaa dhibbeentaan 60 (jaatama) kan ta'u qabeenyummaan isaa bosona dhuunfaa yeroo ta'u dhibbeentaan 30 (soddomni) kan mootummaa Federaalaa dhibbentaan 5 (shan) immoo kan naannolee ti. Bosonni mootummaa Federaalaa irra caalaan gara dhiha biyyattitti⁶⁷ kan argamu yeroo ta'u, bosonni dhuunfaa keessaa dhibbeentaa 90 (sagaltama) kan ta'u kibba biyyattiitti argama. Abbummaa qabeenya bosonaa biyyattii kana biyyoota akka Kaanaadaa fi Awustiraaliyaa waliin wal bira qabnee yammuu ilaallu, garagaarummaa guddaa kan qabu dha. Ameerikaatti, bosonni biyyatti harki caalu qabeenya namoota dhuunfaa yammuu ta'u, biyyoota akka Kaanaadaa fi Awustiraaliyaatti immoo bosonni harki caalu qabeenya mootummaati. Mootummaan federaalaa qabeenya bosonaa dhuunfaa isaa irratti aangoo seeraa baasuu fi bulchiinsaa kan qabu yoo ta'u, naannoleen qabeenya bosonaa abbummaa irratti qabanii fi bosona dhuunfaa ilaalchisee aangoo imaammataa fi seera baasuu akkasumas kan bulchiinsaa qabu. Seera eegumsa naannoo (environmental acts) mootummaan federaalaa baasu naannolee hojiirra oolchuuf waan dirqamaniif seera bosonaa baasan waliin wal simsiisuu keessatti dhiibbaa uuma.

⁶⁵ Miil-jalee 53^{ffaa}, fuula 38.

⁶⁶ Miil-jalee olii.

⁶⁷ Naannoleen dhiha biyyattiitti argaman naannolee gara boodaa federeshini USA tti makamani dha.

Mootummaan federaalaa namoota dhuunfaa indusitirii misooma bosonaa irratti bobba'anii fi naannoleef deggarsa gahaa ta'e kenna. Jalqaba irratti, mootummaan federaalaa naannoleen bosona aangoo isaanii jala jiru irratti imaammata bosonaa mataa isaanii akka qabaatanii fi qabeenya bosonaa isaanii irratti qorannoo saayinsawaa akka qabaataniif deggarsa taasisuu irratti kan xiyyeeffate ture. Waggoota muraasa duraa eegalee naannoolee hedduun imaammataa fi seera bosona dhuunfaa hoogganu qabaachuu danda'anii jiru. Ergasiis mootummaan federaalaa naannoolee fi seektera dhuunfaaf deggarsa maallaqaa fi meeshaalee bifa gara garaan taasisuu irratti xiyyeeffate.

Naannooleen yeroo gara garaa qabeenya bosonaa qabeenyummaan isaa harka mootummaa federaalaa jiru gara ofitti naannessuuf carraaqqii taasisaa turaniiru. Haata'umalee, carraaqqiin isaanii mormii hawaasa irraa isaan mudatuu fi murtii mana murtii irraan kan ka'e milkaa'uu hin dandeenye. Ameerikaatti, malli idilee imaammata bosona mootummaa federaalaa fi naannoolee gidduu jiru qindeessuuf hojiirra oole waan hin jirreef naannooleen mootummaa federaalaa fi naannoolee giddutti yeroo adda addaatti wal-sodaan ni uumama. Kana malees, naannoolee giddutti garaagarummaan imaammataa, seeraa fi adeemsa bulchiinsaa mul'atu bal'aa dha.

D. Naayijeeriya

Naayijeeriya lafti bosonaan uwatifameef daangeffame daangaa biyyattii keessaa dhibbeentaa 10 (kudhan) gadi yeroo ta'u, qabeenyi bosonaa isheen qabdu hektaara miliyoona 13 (kudha sadii) dha. Naayijeriyaan biyyoota Afriikaa guddataa jiranii fi sirna federaalizimiin bulan keessaa ishee tokko yeroo taatu heeraan sirna bulchiinsa bosonaa al-waalata'aa (decentralized forest governance) qabdi. Heerri biyyattii bara 1954 A.L.A tti ba'e aangoo fi itti-gaafatamummaa qabeenya bosonaa eegamaa ykn daanga'aa (forest reserves) bulchuu mootummoolee naannoof kan kenne ture. Heerri biyyatti bara 1999 ba'es aangoo misoomaa fi bulchiinsa bosona eegamaa (forest reserve) naannoleef kan kenne yammuu ta'u, naannooleen dhuunfaa isaaniitti imaammata bosonaa mataa isaanii baafachuu ni danda'u. Naannooleen imaammata kana wayita baasan imaammata mootummaan federaalaa bara 1988 baase giddu galeessa godhachuun ta'uu qaba. Kana malees, galiin bosona irraa argamu kan naannoolee fi qaamolee sana gadi jiraniiti.

Mootummaan federaalaa imaammata bosonaa biyyooleessaa baasuu, itti-fayyadama lafa irratti karoora qopheessuu, dhimmoota eegumsa naannoon wal qabatan bulchuu, pirojektota dantaa biyyooleessaa eegsisan bulchuu, dhimma bosonaa irratti qorannoo gaggeessuu fi barnoota

kennuu, guddina daldala fi industirii hordofuu fi dhaabbilee cimsuu irratti hojjechuuf aangoo qaba. Heerichaan naannoleen qabeenya bosonaa irratti to'annaa caalaa kan qabaatan ta'us, qabatamaan mootummaan federaalaa baajata guddaa waan qabuuf sana gargaaramuun harka isaa dheeresee aangoo naannolee kana wayita dhiibbatutu mul'ata.

E. Biraaziil

Biraazil biyya biraa sirna federaalizimiin bultu yeroo ta'u qabeenyi bosonaa biyyattiin qabdu qabeenya mootummaati (public ownership). Qabeenyummaan bosona biyyattii harka mootummaan federaalaa kan jiru yoo ta'u, mootummaan federaalaa aangoo fi itti-gaafatamummaa imaammata bosona biyyolessaa qopheessuu fi to'achuu, qabeenya bosonaa mootummaa fi dhuunfaa bulchuu fi dhimmoota eegumsa naannoona wal qabatan waaltessuu qindeesee hoogganuuf aangoo qaba. Naannoleen mootummaan federaalaa qabeenya bosonaa akka bulchaniif bakka bu'iinsa yoo kenneef qofa bosona kan bulchan yammuu ta'u, hanga ammaa garuu qabatamaan biyyattii keessatti hojimaatni kun hin baratamne.⁶⁸

F. Maaleezyiyaa

Maaleejiyaan bara 1963 A.L.A tti biyya hundeffamte yoo ta'u biyya sirna federaalizimiin bultuu fi naannolee kudha sadii fi daangaa lafaa mootummaa federaa lama (Kuwaalaa Lumpuurii fi Labu'aan) qabdu dha. Biyyi kun qabeenya bosonaa hektaara miliyoona 33 irra jiruun kan badhaate yoo ta'u, kunis bal'ina lafaa biyyattii keessaa dhibbeentaa 60 (jaatama) kan haguugudha. Biyyattiin callaa bu'aa qabeenya bosonaa gabaa addunyaatti dhiyeessuudhaan kan beekamtu qabeenyi bosonaa biyyattii dugugguruu dugdaa dinagdee isheeti. Sekterri misoomaa fi industirii bosonaa kun lammilee biyyattii keessaa dhibbeentaan 25 (digdamii shan)f carraa hojii kan uumee dha.

Heerri biyyattii qabeenyummaa qabeenya bosonaa fi lafaa mootummaalee naannootiif kennee jira. Heerri biyya kanaa dhimma qabeenya bosonaa irratti aangoo fi ittigaafatamummaa bal'aa naannoleef kan kenne ta'us mootummaan Federaalaa imaammataa fi seerota wal-fakkii bulchiinsa bosonaa naannolee gidduu jiru fiduuf barbaachisan baasuu dhaan aangoon kennee jira.⁶⁹ Ta'us heerichi naannoleen seeraa fi imaammata bosonaa of danda'e kan mataa isaanii akka baafataniif kan aangeesse yoo ta'u, naannoleen imaammataa fi seera bosonaa wayita baasan imaammataa fi seera bosonaa waliigalaa mootummaa federaalaa baase bu'uura godhachuu akka qaban kaa'a. Haaluma kanaan, mootummaan federaalaa imaammata bosonaa

⁶⁸ Miil-jalee 53^{ffaa}, fuula 45.

⁶⁹ Heera biyya Maaleejiyaa, kwt 94(1).

biyyoolessaa fi seera bosonaa biyyoolessaa baasee kan jiru yoo ta'u, imaammatni kun bulchiinsa bosonaa keessatti naannolee qajeelchuu fi wal-fakkiin seerota bosonaa naannolee gidduu akka jiraatu gargaara.

Heera biyyattiin aangoon qabeenya bosonaa hundaa bulchuu naannoleef kan kennamee jiru dha. Naannoleen bosona daangaa isaanii keessa jiru imaammataa fi seera mootummaan federaalaa baasuu fi ofiif baasan giddu galeessa godhachuudhaan qabeenya kana bulchu. Mootummaan federaalaa bulchiinsa bosonaa irratti naannoleef gorsaa fi deggersa teknikaa kennuu, leenjiwwanii fi barnoota kennuu, dhimmoota daldalaa fi industirii bosonaa fi eegumsaa naannoon wal qabatan to'achuuf itti-gaafatamummaan qaba. Dabalataanis, mootummaan federaalaa industiriwwan oomishaa callaa bu'aa bosonaa fayyadamuun hojjetamu (processing industries) irratti taaksiwwan al-ergii (export taxes) fi gibira galii (income taxes) murteessuuf funaanuu aangoo qaba.

G. Indiyaa

Indiyaan biyya bal'ina lafaatiin addunyaar irraa sadarkaa 7^{ffaa} irra jirtu yoo ta'u qabeenya bosonaa addunyan qabdu irraa dhibbeentaaan 1.8 biyya kana keessatti argama. Qabeenyi bosonaa biyyattii dhibbeentaaan 97 (sagaltamii torba) qabeenya mootummaa yeroo ta'u dhibbeentaaan 3 (sadii) qabeenya nama dhuunfaa fi hawaasaa ti. Kanneen keessaa harka mootummaa jalatti kan bulu dhibbeentaa 85 yeroo ta'u kanneen hafan namoota dhuunfaaf waliigaltee bifa adda addaatiin akka irraa fayyadmaniif (usufruct) kan kennamu dha.

Biyyattiin biyya sirna federaalizimiin bultu yoo taatu, naannolee 35 (soddomii shan) kan qabduu fi heeraan naannoleef walabummaa bal'aa (considerable autonomy) kennitedha. Qabeenyi bosonaa Indiyaa dhibbeentaa 90 (sagaltamni) qabeenya mootummaa federaalaa ti. Mootummaan federaalaa qabeenya bosonaa biyyattii hunda irratti aangoo imaammataa fi seera baasuu heeraan kennameef qaba. Naannoleefis aangoon imaammataa fi seera bosonaa baasuu heerichaan kan kennameef yoo ta'es, imaammataa fi seerri isaan baasan haala qabatamaa naannoisaanii giddu galeessa godhachuun imaammataa fi seera mootummaan federaalaa baase hordofuudhaan ta'uu qaba. Gama kanaan seerrii fi imaammatni mootummaa federaalaa baasu kan naannolee irra olaantummaa qaba.

Bulchiinsi bosonaa aangoo mootummaalee naannoof kenname yoo ta'u, naannoleen imaammataa fi seerota mootummaa federalaan ba'an raawwachiisuuf dirqama qabu. Heerri biyyattii naannooleen aangoo bulchiinsaa qaban qaamolee mootummaa isaaniin gadi jiruuf quoduu akka qaban dirqamsiisa. Gama biraan, mootummaan federaalaa hojiwwan

biyyooleessa (functions that are national at scope) ta'an kanneen akka qorannoo gaggeessuu fi raawwii imaammataa hordofuu irratti itti-gaafatamummaa qabu.

2.6. Bulchiinsa Qabeenya Albuudaa: Muuxannoo Biyyootaa

Waliigalaan, dhimmi mirga abbummaa qabeenya albuudaa biyyoota hedduu keessaatti heera biyyootaan fi/ykn seera dhimma misooma albuudaa bulchuuf ba'uun kan murtaa'udha. Qabeenyummaa qabeenya albuudaa ilaachisee addunyaa irratti sirnoonni gurguddoon beekaman sadii yeroo ta'an, kunneenis sirna abbummaa lafaa (the land ownership system), abbummaa waliigaltee bu'uureffatu (the concessionary agreement) fi sirna arganna (the claim system) dha.⁷⁰ Sirni abbummaa lafaa seera warra Roomaa duraanii irraa kan dhufe yeroo ta'u akka sirna kanaatti gaaffiin abbummaa qabeenya albuudaa kan deebi'u dursa gaaffii abbummaa lafaa deebisuudhaani. Hima biraatiin, namni lafa albuudni irraa argame irratti mirga abbaa qabeenyummaa qabu abbaa qabeenyaa albuudichaa ta'a. Sirni kun sirna qabeenyummaa nama dhuunfaa albuudaaf (private ownership of mineral resources) ka'umsa ta'e dha. Sirni qabeenyummaa waliigaltee bu'uura godhatu (concessionary) labsii warraaqsa biyya Faransaayi booda ba'een gara beekamtiitti kan dhufe yoo ta'u, sirmichi yaadama qabeenyi albuudaa hunda kan dhuunfachuu abbaa irratti ta'uu qabu mootummaa dha. Akka yaadama kanaatti mirgi qabeenya albuudaatti gargaaramuu kan argamuu danda'u hayyama mootummaatiin, innis karaa waliigalteetiin (concession) qofa dha.

Sirni kun yaadimee qabeenyi albuudaa qabeenya biyyaa ti (public ownership of minerals) jedhuuf ka'umsa kan ta'e dha. Xumura irrattis sirni arganna (claim system) biyya Jarmanitti kan eegale yeroo ta'u, yaadamni kun namni ykn qaamni albuuda sakata'ee arge (discovers), ulaagaawwaan seeraa barbaadamu guutuudhaan, albuuda sana irratti abba qabeenyaa ta'a jedha.⁷¹ Barsiifatni addunyaa ammaa keessatti sirni abbunyummaa qabeenya albuudaa haala sadiin ilaalamia. Isaanis, qabeenyumma nama dhuunfaa (private ownership), qabeenyummaa mootummaa/uummataa (state/public ownership) fi sirna wal-makaa jarreen kana lamaanii ti. Sirna isa sadaffaa kana keessatti gosoонni qabeenyaa albuudaa gariin qabeenyummaa nama dhuunfaa yeroo ta'an kanneen hafan immoo qabeenya uummataa taasifamu.

Biyyoota sirna qabeenyummaa albuudaa uummataa/mootummaa hordofan keessatti, keessumatti biyyoota sirna federaalzimii hordofan keessatti, qabeenya albuudaa irratti qaama mootummaa kamtu mirga abbaa qabeenyummaa qaba kan jedhu irratti falmiwwan yeroo

⁷⁰ E. L. Johnson, "Rights to Minerals in Sweden: Current Situation from an Historical Perspective" 19 (3) JENRL 278 (2001)

⁷¹ Miil-jalee olii.

garagaraa keessummeeffamaa turaniiru. Hima biraan, gaaffichi qabeenya albuudaa biyyattii irratti qaamni mirga abbaa qabeenyumma qabu mootummaa federaalaati moo mootummaa naannoleeti kan jedhu dha.

Kanaan wal qabatee, seenaan as dhufaatii fi hundeffama biyya kamiiyyuu sirna biyyi sun hordoftu irratti dhiibbaa (influence) ni uuma. Kanarraan kan ka'e, addunyaa irratti sirni garagaraa sadii baratamaa ta'ee jira. Inni jalqabaa, sirna mootummaan giddu galeessaa/federaalaa qabeenya albuudaa irratti abbummaa (ownership) fi to'annaa (control) qabu dha. Inni lammaffaan, sirna naannoleen qabeenya albuudaa irratti abbummaa (ownership) fi to'annaa (control) guutuu ta'e keessatti qabani dha. Inni xumuraa, sirna mootummaan giddugaleessaa fi naannolee qabeenya albuudaa irratti abbummaa (ownership) fi to'annaa (control) waliinii fi wal-qixaa keessatti qabaatani dha. Biyyoota garagaraa keessatti sirnootni kun yeroo hedduu caaya (framework) heeraa ykn seeraatiin deggaramanii hojiirra oolu. Biyyootni sirna federaalizimii isaanii jabaa ta'e yeroo hedduu sirna lammaffaa irratti ilaalle yeroo hojiirra oolchantu mul'ata. Biyyoota sirni federaalzimii isaanii laafaa ta'e ykn sirna walta'aa (unitary) hordofan keessatti sirni qabeenyummaa albuudaa kan jalqabaa fi xumuraa irratti ibsine irra-jireessaan hojiirra oola. Armaan gaditti bulchiinsa qabeenya albuudaa ilaachisee muuxannoon biyyoot sirna federaalizimiin bulan maal akka fakkaatu tokko tokkoon kan ilaallu ta'a.

A. Indiyaa

Indiyaa keessatti abbaan qabeenyummaa qabeenya albuuda lafa irraa fi lafa jalaa kan mootummaalee naannoo yoo ta'u, qabeenyi albuudaa galaana keessaammoo kan mootummaa giddu galeessaa ti. Qabeenyummaan albuuda lafa irraa fi lafa jalaa kan naannolee haa ta'u malee qabeenya kana irratti seera bulchiinsaa fi to'annoo kan baasu mootummaa federaalaa ti. Naannoleen qabeenya albuudaa kana kan bulchan hayyamoota hojiwwan misooma albuudaa kennuu fi akkasuma liiziidhaan kennuun yoo ta'u aangoo isaanii kana bu'uura seera mootummaan giddu galeessaa karaa paarlaamaa biyyattii baasuun ta'a. Naannoleen albuudota xixiqqa (minor minerals) jedhamanii mootummaa giddu galeessaa biyyattiin adda baafaman kanneen akka dhakaa ijaarsaa, cirrachaa fi k.k.f irratti seera mataa isaanii baafachuun kan qabeenyicha bulchan yoo ta'an, qabeenya albuudaa biroo irratti garuu seera baasuu hin danda'an.⁷² Indiyaa keessatti mootummaan federaalaa aangoo seera baasuu qabutti

⁷² Ligia Noronha, Nidhi Srivastava, Divya Datt and P. V. Sridharan, Resource Federalism in India: The Case of Minerals, 2009, p. 51.

garagaaramee yeroo hedduu aangoo bulchiinsaa naannoleen qabeenya albuudaa irratti qaban sarba jedhamee komatama.⁷³

Galii ilaachisee mootummaaleen naannoo royaalitii, kira lafaa, taaksii gurgurtaa (sales tax), kaffaltiwwan eegumsa naannoo (environmental protection fees), kaffaltii liizii albuudaa fi qorannoo albuudaa (prospecting and mining lease fees) fi kaffaltiwwan taaksii ala jiran biroo kan sassaaban yoo ta'u hanga kaffaltii royaalitii (royalty rates) kan seeraan murteessu mootummaa federaalaati. Mootummaan federaalaa gama isaatiin kaffaltiwwan taaksii kanneen akka eksaayiz taaksii, taaksii dhaabbataa (corporate tax), kaffaltii kununsaa fi eegumsa bosonaa fi k.k.f sassaaba.⁷⁴

B. Meeksiikoo

Meeksiikoon biyya sirna federaalizimiin bultu yoo taatu, heerri biyyattii keewwata 27 qabeenyi albuudaa biyyattii keessa jiru hundinuu qabeenya mootummaa giddugaleessaa ykn federalaa ta'uu tuma. Mootummaan federaalaa qabeenya albuudaa biyyattii irratti abbaa ta'uu qofa utuu hin ta'in aangoo qabeenya albuudaa to'achuu qaba. Hima biraan, mootummaan federaalaa aangoo qabeenya albuudaa ilaachisee aangoo seera baasuu fi raawwachiisuu akkasuma qabeenya albuudaa bulchuu qaba. Haaluma kanaan, seerri albuudaa biyyattii mootummaa federaalaatiin ba'e keewwata 4 jalatti waanuma heera biyyattii jalatti tumame irra deebiin mirkaneessa.

Mootummaan federaalaa itti-fayyadamaa fi hojii albuuda baasuu hunda hordofuu, bulchuu fi sektera industirii albuudaa akka waliigalaatti jiru hogganuuf aangoo guutuun kennameefii jira. Seerri albuudaa biyyattii aangoo qabeenya albuudaa bulchuu fi industirii albuudaa hogganuu ministeera dinagdee biyyattiif kenne.⁷⁵ Naannoleen qabeenya albuudaa biyyattii irratti aangoo seera baasuus ta'e kan bulchiinsaa heeraanis ta'e seeraan kennameef hin qabani.

C. Kaanaadaa

Kaanadaan biyyoota qabeenyummaa albuudaa mootummaa (state ownership) hordofan keessaa ishee tokko dha. Heerri biyyattii qabeenyummaan qabeenya albuudaa kan naannolee ta'uu kan tumu yoo ta'u, naannoleen qabeenya albuudaa daangaa isaanii keessatti argamu

⁷³ Miil-jalee olii, fuula 56.

⁷⁴ Miil-jalee olii.

⁷⁵ Enrique Rodriguez Del Bosque, Mexico mining; 2020, ICLG.com available at <https://iclg.com/practice-areas/mining-laws-and-regulations/mexico>, accessed on 29/11/2009.

to'achuuf (control) aangoo guutuu qabu.⁷⁶ Naannoleen itti fayyadamaa fi hojii qabeenya albuudaa baasuu (exploitation and exploration) ilaachisee aangoo seera baasuu qabu.⁷⁷ Aangoon naannolee kun guutuu (exclusive) kan ta'e dha.

Kaffaltiwwan taaksii fi kanneen biroo ilaachisee naannoleen kaffaltii royaalitii dabalatee taaksiwwan biroo sektericha irraa funaanamu hunda murteessuu fi sassaabuuf aangoo guutuu hojiirra oolchan (exercise) qabu.⁷⁸ Mootummaan federaalaa galii gibiraan korporeetota (corporate income taxes) murtessuu fi funaanuuf aangoo qaba.

D. Naayijeeriya

Sirna bulchiinsa Naayijeeriya keessatti qabeenyi albuuda lafa irraa fi lafa jala akkasumas bishaan keessatti argamu martinuu qabeenya mootummaa federaalaati.⁷⁹ Kana malees, mootummaan federaalaa qabeenya albuudaa irratti imaammata fi seera baasuu akkasumas bulchuuf aangoo heeraan kennameef qaba.⁸⁰ Naannoleen qabeenya albuudaa irratti aangoo mirga qabeenyummaas ta'e aangoo bulchuu homaatuu hin qaban. Kun immoo, biyyattii keessatti keessumaa kutaalee qabeenya albuudaan badhaadhan kanneen akka Nijeer Deeltaa keessatti komii guddaa kaasuun jeequmsaa fi waraana biyyattii keessatti deemuuf karaa banee jira.⁸¹

E. Raashiya (Russia)

Bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaachisee Raashiyaan sirna bulchiinsaa (control and management) waloo hordofti. Hima biraan, qabeenyi albuudaa biyyattii qabeenyaa mootummaa federaalaa fi naannoolee federeshinichaati jechuu dha. Bara Gamtaa Sooviyeet qabeenyummaan fi aangoon bulchiinsaa qabeenya albuudaa biyyattii kan mootummaa giddugaleessaa akka turetti kan hubatamu yoo ta'es, yaadama sana seerri deeggaru hin turre.⁸² Rippablikiin Raashiya erga diigameen booda Federeshinii Raashiya keessatti abbummaa qabeenya albuudaa irratti walitti bu'iinsa garagaraa uumamuu waan eegaleef, waliigalteen 'federal treaty' kan jedhamu bara 1992 akka ba'u taasisfameera.

⁷⁶ Heera Kaanaadaa, kwt 109.

⁷⁷ Miil-jalee olii, kwt 92.

⁷⁸ Heera Kaanaadaa, kwt 109.

⁷⁹ Heera Naayijeeriya, kutaa 44(3).

⁸⁰ Miil-jalee olii, kutaa 4(2)(3) fi 39.

⁸¹ Theodore Okonkwo, Ownership and Control of Natural Resources under the Nigerian Constitution 1999 and Its Implications for Environmental Law and Practice, International Law Research; Vol. 6, No. 1; 2017, p.170 available on <https://doi.org/10.5539/ilr.v6n1p162>, accessed on 29/11/2019.

⁸² W. E. Butler, Soviet Law, 277 (1988).

Waliigaltee kana keewwata 3 (sadii) irratti qabeenyi albuudaa biyyattii irratti abbummaa kan qabu mootummaa federaalaa fi naannolee akka ta'eetti ibsama. Boodas dhimmi kun heera biyyattii bara 1993 A.L.A ba'een irra deebi'ee mirkanaa'eera. Waliigalteen sunis ta'e heerichi walitti bu'iinsi kan uumamu yoo ta'e qabatamaan mala walitti bu'iinsi ittiin hiikamuu danda'u hin keenye. Rakkoo kana furuuf seerri albuudaa biyyattii ba'e abbummaa fi to'annaan kan waloo ta'us mootummaan giddu-galeessaa fi mootummaan naannoo albuudni keessatti argamu itti-gaafatamummaa bulchiinsaa kana addatti akka ba'an taasise. Haaluma kanaan, seerichi aangoo hayyama hojii albuudaa kennuu fi galmeessuu akkasumas raawwii hojii abbaa hayyamaa to'achuu mootummaa federaalaaf kenne. Dabalataanis, mootummaan federaalaa aangoo hayyama addaan kutuu (suspend) or haquu akka qabaatu taasifame. Adeemsi kun immoo deebi'ee gama hirmaachisummaatiin fedhii fi dantaa gama naannoleen jiru kan hin mirkaneessine waan ta'eef rakkoo uume.

Gama kan biraan qoodinsa galii albuuda irraa argamu (revenue sharing) irratti wal-dhabdee fi falmiiwwan adda addaa mootummaa federaalaa fi naannolee gidduutti bal'inaan akka uumamu taasise. Kunis galiin albuuda irraa argamu haala kamiin naannolee gidduutti haa qoodamu kan jedhu irratti yammuu ta'u adeemsi hordofamuu qabu adeemsaa galii caalmaa naannoo albuudi irraa baafamuuf kennuu (principle of derivation)⁸³ yoo ta'e albuudni biyyattii irra jireessi kan baafamu naannolee baay'inni uummataa/sabaa xiqqaa (minority) ta'e keessaa waan ta'eef rakkoo wal-caalmaa guddaa ta'e uumuu bira darbee dinagdee biyyattii irratti rakkoo qaqqabsiisa jedhamee waan sodaatameefi.⁸⁴

2.7. Bulchiinsa Qabeenyi Bishaanii: Muuxannoowwan Biyyootaa

Bulchiinsa sirna federaalizmii keessatti mootummaaleen heeratiin beekamtii argatan yoo xiqaate lamatu jira: mootummaa giddu-galeessaa (mootummaa federaalaa) fi mootummaa naannoo dha. Qabeenyi bishaanii daangaa mootummaa naannoo tokko keessaa gara daangaa mootummaa naannoo biraatti dhangala'u waan ta'eef bulchiinsi qabeenyi bishaanii biyyoota sirna bulchiinsa federaalizmii hordofan keessatti qabeenyi bulchiinsa xiyyeffannoo qabu barbaaduu dha. Itti-fayyadannii fi kunuunsi qabeenyi bishaanii bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo keessatti bishaan tokkoof taasifamu yeroo baay'ee kallattiin bulchiinsa mootummaa naannoo isa biroo irratti akkasumas biyya bira irratti taatee mataa isaa kan

⁸³ The principle of derivation is a component of fiscal federalism and ensures that a region or state retains a certain percentage from mineral or oil tax revenues derived from the exploitation and extraction of natural resources (like mineral, oil and gas) in its territory.

⁸⁴ Mclure Jr., "The Sharing of Taxes on Natural Resources and the future of Russian Federation" in C.I. Wallich, ed. Russia and the Challenge of Fiscal Federalism (Washington: World Bank, 1994) p.182.

qabaatu dha. Kanaafuu biyyoota sirna federaalizimii hordofan keessatti mootummaan giddugaleessaa bulchiinsa bishaanii mootummaa naannoo kamiinuu keessatti argamu keessatti hirmaanna kallattii qabaata. Biyyootni sirna federaalizmii hordofan baay'een isaanii aangoo adda qooddatanii qabeenya bishaanii bulchu, hangi aangoo mootummaa federaalaatiif kennamuu fi naannootiif kennamu biyyaa gara biyyaatti garagarummaa qaba. Haaluma kanaan, mata-duree xiqqaa kana jalatti biyyootni sirna federaalawaa hodofan haala kamiin qabeenya bishaanii akka bulchaa jiran gaggabaabsinee ilaaluu yaalla.

A. Biraazil

Biyyi Biraazil qabeenya bishaanii guddaa qaba-bishaan lafa irra jiru keessaa 12% biyya Biraazilitti argama.⁸⁵ Akka waliigalaatti, qabeenya bishaanii irratti aangoo seera baasuu kan qabu, keessattuu dhimma geejjiba bishaan irraa fi humna ibsaa bishaan irraa maddisiifamu ilaachisee seera kan tumu mootummaa federaalaati.⁸⁶ Itti-dabalees, sirna bulchiinsaa qabeenya bishaanii fi ulaagaalee dabarsa mirga itti-fayyadamaa fi hojiirra oolmaa isaa kan murteessuu mootummaa federaalaa dha.⁸⁷ Haa ta'u malee, galmeessaa fi to'anno hordofamuu, qorannoo gaggeeffamu qajeelchuu fi haala itti-fayyadama qabeenya bishaanii fi mineraalaa irratti mootummaa federaalaa fi mootummaa naannoo fi zoonii/aanaa qabeenyichi keessatti argamu walta'anii waliin seera irratti baasu.⁸⁸ Qabeenya bishaan daangaa bulchiinsa isaa keessa jiru irratti mootummaan naannoo tokko faalama irraa eeguu fi kunuunsuuf jecha seera baasuu kan danda'u akka ta'e aangeffameera.⁸⁹ Qabeenya bishaanii mootummaa naannoo tokkoof adda dhiifame yookaan daangaa mootummaa tokkoo qofa keessatti argamu irratti aangoo seera baasuu kan qabu mootummaa naannoo sanaati. Lagni daangaa naannoo tokkoo ala bahu yookaan daangaa biyyaa qaxxaamuru mootummaa federaalaatiin hoogganama; lagni daangaa mootummaa tokkoo keessatti daanga'e hafu akkasumas bishaanni lafa jalaa (hojii mootummaa federaalaatiif qofatti adda bahee daanga'ee kan hin jirre yoo ta'een ala) mootummaa naannootiin hogganama.

Mootummaan naannoos ta'e mootummaan federaalaa imaammaata bulchiinsa qabeenya bishaanii tokko irratti hundaa'uun qabeenya bishaanii hoogganu. Sadarakaa lamaanittu dhaabbileen mootummaa addatti hundeffamanii qabeenya bishaanii taaligan hundeffamanii jiru; dabalataanis dhaabbileen kunuunis qabeenya uumamaa hogganan bulchiinsa qabeenya

⁸⁵ Abiy Chelkeba, Competing Water Resource Demands in Ethiopia's Federal System: Infancy of the Law toward Integrated Management, MIZAN LAW REVIEW, Vol. 12, No.2 (2018), fuula 236.

⁸⁶ Heera Biraaziil, kwt 21(12f), 22(4).

⁸⁷ Heera Biraazil, kwt 21(19).

⁸⁸ Miil-jalee olii, kwt 23(11).

⁸⁹ Miil-jalee olii, kwt 24(6) fi 26.

bishaanii keessatti gahee guddaa kan gumaachan waan ta'eef, bulchiinsi bishaanii xiyyeffannoo gaarii argateera jechuun ni danda'ama. Mootummaaleen naannoo hundi aangoo qabeenya bishaanii daangaa isaanii keessa jiru bulchuu kan qaban yoo ta'el ee qabatamatti muuxannoo isaan hojii bulchiinsa qabeenya bishaanii hojiitti jijiiruu irratti qaban garagarummaa guddaa kan qabu dha. Mootummaaleen naannoo muraasni bulchiinsa qabeenya bishaanii bifaa gahumsa qabuun raawwataa kan jiran yoo ta'u mootummaaleen biroon ammoo hojii bulchiinsa qabeenya bishaanii gahumsa qabu hojjechuu kan hin eegalle jiru.⁹⁰ Abbummaan qabeenya bishaan lafa irra kan akka haroowwan, lageen fi gosti bishaan kamiyyuu qabeenya of-keessatti qabatanii jiranii wajjiin kan mootummaa giddu-galeessaati.⁹¹

B. Kanaadaa

Kanaadaan biyya sirna federaalizmii hordoftuu fi qabeenya bishaanii guddaa qabdudha. Bu'uura qoodinsa aangoo mootummaa federaalaa fi naannoo gidduutti taasifameen aangoon qabeenya uumamaa bulchuu, qabeenya bishaanii dababalatee, aangoo bal'inaan mootummaa naannootiif kennameedha.⁹² Dhimma bulchiinsa bishaanii ilaachissee adda durummaan aangoor seera tumuu fi seera tumame hojiirra oolchuu kan qabu mootummaa naannoo akka ta'e heerri Biyyattii kan murteesse waan ta'eef gama bulchiinsa qabeenya bishaaniitiin gahee olaanaa kan xaphatu mootummaalee naannooti⁹³; mootummaan federaalaa giddu-lixiinsa muraasaa fi daanga'aa ta'e qofa qaba jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, akka tumaan heerichaa ibsutti wixineessitootni heerichaa mootummaan federaalaa bulchiinsa bishaanii keessatti gahee murteessaa qabaachuu qabeenyi bishaan biyyichaa akka kunuunfamuu fi hunda akka walgaluu danda'u akka hin qabaanne dhorkuu akka hin turre barreessitootni ni ibsu.⁹⁴

Barreessitootni tokko tokko akka jedhanitti, qabeenyi bishaanii kunuunfamee akka turuuf yoo xiqaate mootummaan federaalaa bulchiinsa qabeenya bishaanii daangaa mootummaa naannoo tokkoo ala bahan bulchuu keessatti qooda olaanaa qabaachuu akka qabu cimsanii falmu. Akkasumas, mootummaaleen naannoo kan akka "Mootummaa Naannoo Kuubeek" mootummaalee naannoo biyya Ameerikaa wajjiin waliigaltee qindoomanii wajjiin qabeenya bishaanii bulchuu mallatteessuun bulchiinsa qabeenya bishaanii keessatti qaamoleen abbaa hirtaa gama seera baasuu fi raawwachiisuutiin hirmaachuu qabu yaada jedhu tarkaanfachiisu.

⁹⁰ Rosa Maria, Water resource management in Brazil: Challenges and new perspectives, fuula 13.

⁹¹ Heera Biyya Biraazil, kwt 20(3).

⁹² Saunders, J. Owen, Managing Water in a Federal State: The Canadian Experience, fuula 1.

⁹³ Annie Chaloux and Stephane Paquin, water rersource management and North American Green Paradiplomacy: the case of the great Lakes, fuula 3.

⁹⁴ Saunders, J. Owen, Managing Water in a Federal State: The Canadian Experience, fuula 22.

Qabeenyi bishaanii daangaa mootummaa tokko qofa bu'uura godhatee osoo hin ta'iin bu'uura sulula (dhangala'iinsa) qabeenya bishaanii tokkoon hogganamuu qaba yaadni jedhu hojiirra akka oolu taasisaniiru. Haaluma kanaan, kallattii dhangala'iinsa (sulula) bishaan tokkoo keessaa qooda kan qaban hundi mootummaa federaalaa, naannoo akkasumas mootummaa biyya biraas dabalatee bulchiinsa qabeenya bishaanii sana keessatti hirmaachuu sirna dandeessisu diriirsaniiru.⁹⁵

C. Ameerikaa (USA)

Heerri Ameerikaa aangoo bulchiinsa qabeenya uumamaa mootummaa federaalaatis ta'e mootummaa naannootiif hin laatne; callisee irra darbeera.⁹⁶ Ifatti mootummaan federaalaa aangoo kana waan hin fudhanneef, baroota dheeraadhaaf mootummaan naannoolee ofitti fudhatanii qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaanii keessa jiran bal'inaan bulchaa turaniiru; seerota dhimmi bulchiinsa qabeenya bishaanii ilaachisanii tumaman keessaa harki 70 kaka'umsaa fi imaammata mootummaalee naannootiin tumamanii hojiirra kan oolanii dha.⁹⁷

Biyyi Ameerikaa bulchiinsa qabeenya bishaanii ilaachisee qajeltoo aangoon seera baasuu fi bulchuu mootummaa sadarkaa gadii irra jiruuf kennama jedhu hordofti.⁹⁸ Sirna federaalizimii biyya Ameerikaa keessatti bulchiinsii fi qoodinsi qabeenya bishaanii jalqabaa eegalee aangoo mootummaa naannoleetiif kennameedha. Mootummaan giddu-galeessaa gama isaatiin, aangoo qulquolina bishaanii eegsisuu fi lageen daangaa biyyaa qaxxaamuran irratti falmiin yoo ka'u mootummaa ollaa wajjiin aagoo dubbatee furmaata kennuu gonfateera.⁹⁹ Bu'uruma kanaan, qabeenyi bishaanii qaama mootummaa sadarkaa gadii irra jiruun hoogganamuu akka qabu labsiileen to'anno qabeenya uumamaa irratti bahanii jiran cimsanii tumaniiru; labsiilee sana keessaa tokko labsii qabeenya bishaanii yoo ta'u labsichi qabeenyi bishaanii qaama mootummaa sadarkaa gadiirra jiruun hoogganamuu akka qabu ejjennoo duraan ture bifa cimsuun tumee jira. Haa ta'u malee, hooggansi qabeenya bishaanii bu'uura daangaa siyaasaan kan gaggeeffamu osoo hin taane bu'uura dhangala'iinsaa fi sulula bishaaniitiin akka gaggeeffamuu qabu ibsee tumee jira. Kanas ta'e sana, hoggansaa fi bulchiinsa bishaanii ilaachisee akka seera baasuu fi seerichas hojiirra akka oolchu adda

⁹⁵ Miil-jalee 93^{ffaa}, fuula 11.

⁹⁶ Miil-jalee 93^{ffaa}, fuula 9.

⁹⁷ Miil-jalee olii.

⁹⁸ The United States of America follows the principle of subsidiarity which suggests that regulation and lawmaking should take place at the lowest appropriate governance level (Ryan B. Stoa, *Subsidiarity in Principle: Decentralization of Water Resources Management*, 31 Utrecht L. Rev. 10 (2014). Available at:http://ecollections.law.fu.edu/faculty_publications/44).

⁹⁹ The central government has enacted the Clean Water Act of 1972, and regulate the sanitary of the water by it

durummaan aangeffamee kan jiru mootummaa naannoo dha¹⁰⁰ Haaluma kanaan, mootummaaleen naannoo qabeenya daangaa siyaasa isaanii keessa jiru kunuunsuuf seera baasuu fi hojiirra oolchuu qofa osoo hin taane mootummaa giddu-galeessaa fi mootummaalee naannoo biyya Kanaadaa wajjiin qindoomuun kallattii dhangala'iinsa bishaanii (sulula) giddu galeessa godhachuun qabeenyi bishaanii kunuunfamee akka turuu fi bifaa haqummaa qabuun qaamolee hunda akka tajaajilu hojjechaa jiru.¹⁰¹

D. Awustiraaliyaa

Biyyi Awustiraaliyaa biyya sirna federaalawaa hordoftu yoo taatu, sirna bulchiinsa qabeenya bishaanii beekamtii heera akka argatu kan taasifte bara 1901 ture.¹⁰² Bu'uura heera kanaatiin, qoodinsa aangoo mootummaa giddu-galeessaa fi naannolee gidduutti taasifame irratti aangoon bulchiinsa qabeenya bishaanii (lageenii) jechuunis aangoo seera tumuu fi seera hojiirra oolchuu mootummaalee naannoleetiif kennname. Mootummaan giddu-galeessaa guutummaa bulchiinsa qabeenya bishaanii ilaachisee dhimma geejiba bishaan irratti taasifamuu ala seera tumuus ta'e, seera bahee jiru abbummaan hojiirra hin oolchu. Haa ta'u malee, yeroo booda labsii qabeenya bishaanii mootummaan giddu-galeessaa labseen, bulchiinsa qabeenya bishaanii keessatti mootummaan giddu-galeessa akka hirmaatu aangesseera. Haaluma kanaan, bulchiinsi qabeenya bishaanii walta'iinsa mootummaa giddu-galeessaa fi mootummaa naannoo bishaanni keessatti argamuu fi mootummaa naannoo kallattiin dhangala'iinsa laga sanaa wajjiin hidhata qaban waliin mari'achuun qabeenya bishaan biyya sanaa bulchu¹⁰³ Yeroo si'anee kanatti immoo sirna bulchiinsa sulula lageenii irratti hundaa'uun qabeenya bishaanii bulchaa jiru.

E. Ruwaandaa fi Haayitii

Biyyi Ruwaandaa fi Haayitii sirna bulchiinsa mootumaa federaalawaa kan hordofan ta'uu baatanis sirna bulchiinsaa kan aangoo caasaalee mootummaa gadiitiif bal'inaan kenu kan hordofanii dha. Haaluma kanaan, bulchiinsa qabeenya bishaanii qaamni mootummaa sadarkaa gadii irra jiru (bu'uura caaseffama siyaasaa isaaniitiin) akka hoogganu ta'ee jira. Milkaa'ina hojii bulchiinsa qabeenya bishaanii kanaan biyyi Ruwaandaa dhaabbilee mootummaa ittigaafatatummaa fi iftoomina qaban, maallaqa gahaa qabuu, humna nama baratee qabu akkasumas imaammata qofa osoo hin ta'iin seera imaammaticha hojiirra oolchu

¹⁰⁰ Miil-jalee 98^{ffaa}.

¹⁰¹ Miil-jalee 93^{ffaa}, fuula 3.

¹⁰² Paul Kildea and George Williams, The constitution and the management of water in Australia's rivers, Sydney Law Review, vol. 32, fuula 602.

¹⁰³ Miil-jalee olii, fuula 614.

baafattee bifaa gahumsa qabuun bulchiinsa qabeenya bishaanii bulchaa jira.¹⁰⁴ Hojiirra kan oolche yoo ta'u, Mootummaan Haayitii garuu imaammata aangoo qaama gadiitiif qooduu baasuun kan diriirse yoo ta'ellee seera imaammaticha hojiirra oolchuu fi dhaabbilee maallaqaa fi human nاما gahumsa qabu waan hin hundeessineef, qabeenyi bishaani qaama mootummaa sadarkaa gadiirra jiruun bifaa gamusa qabuun hogganamaa hin jiru.¹⁰⁵

¹⁰⁴ Ryan B. Stoa, Subsidiarity in Principle:Decentralization of Water Resources Management , 31 Utrecht L. Rev. 10 (2014).Available at:http://ecollections.law.fu.edu/faculty_publications/44).

¹⁰⁵ Miil-jalee olii.

BOQONNAA SADII

BULCHIINSA QABEENYA UUMAMAA ITOOPHIYAA

3.1. Abbaa Qabeenyummaa Qabeenya Uumamaa

Maalummaa ibsituu sabootaa, sablammootaa fi uummattootaa wantoota ta'an keessaa tokko, quubsuma walitti hidhatee jiruu fi qofatti adda bahee dhaabbachuu kan danda'u teessuma kan qaban akka ta'e ibsameera.¹⁰⁶ Sabootni, sab-lammootnii fi uummattootni Itoophiyaa dachii dhuunfaan irra jiraatan qabaachaa kan turan, ammas yoo ta'e dachii daangaan isaa adda bahee beekamu kan qabanii fi mirgi dantaa dachii sanarraa qaban kabajamuu kan qabu ta'uu Heerichi seensa isaarratti ni akeeka. Heerri kun kwt 39(3) irratti sabootni, sab-lammootnii fi uummattootni Itoophiyaa dachii irra qubatanii jiran irratti mirga ofiin of bulchuu akka qaban ifatti tumuun mirga kanas dachii irra qubatanii jiran irratti mootummaa mataa isaanii hundeffatanii ittiin gaggeeffamuu fi ofii isaanii keessaa namoota bakka isaan bu'an filatani mootummaa federaalaa keessatti hirmaachuun birmaddummaa isaanii bu'uura kwt 12tiin kabachiifachuu danda'u jechuu dha. Hima biraatiin, sabootni ykn sablammootni ykn uummatni dachii irra jiraatan irratti birmaddummaa guutuu kan qaban, dachiin sun kan isaaniin ilaallatu ta'uu fi lafa sanarratti hiree isaanii ofiin murteeffachuu ni danda'u jechuu dha.¹⁰⁷

Heerri RDFI kwt 40(3) irratti, mirgi abbaa qabeenyummaa lafa baadiyyaa fi magaalaa akkasumas, qabeenya uumamaa kan uummataa fi mootummaa qofa jedha. Tumaan seeraa kun gaaffii abbaan lafaa eenu jedhuuf deebii quubsaa hin kenu; jechi "uummata" jedhus ta'ee "mootummaa" jedhu, jecha hiikoo garagaraa qabuu fi yeroo gara yerootti hiikkoon isaanii jijiiramaa deemani dha. Kanaafuu, sirna federaalizimii sab-danneessaa fi Heera sirna federaalizimii biyya keenyaa hundeesse bu'uureffannee hikkoo roga-qabeessa itti-barbaanna.

Jalqabatti, jechi uummata jedhu eenuun akka ibsu ilaaluu yaalla. Ogeessotni hiikkowan wal-adda ta'an lama akka qabutti ibsuun, isaan kaan hiikkoo isa tokkotu sirriidha yoo jedhan, isaan biroon immoo hiikkoo kan biraatu sirriidha jechuun dhaadhessu. Hiikkowan lamaan kanneen dabaree, dabareen ilaaluu yaalla. Heerichi mirgi abbaa qabeenyummaa lafaa fi qabeenyaa uumamaa biroon uummataa fi mootummaa akka ta'an ibseera. Lammileen Itoophiyaa saboota, sab-lammootaa fi uummattota irraa malee uummata tokko irraa kan ijaaramte waan hin taaneef, "uummata" jechi jedhu bu'uura heerichaa kwt 39tiin quubsuma

¹⁰⁶ Heera RDFI kwt 39(5).

¹⁰⁷ Miil-jalee olii, kwt 39(1 fi 2) fi seensa.

mataa isaatii adda bahee beekamu kan qabu tokko kan ibsu akka ta'etti fudhatama. Haaluma kanaan, lafti uummata/sab-lammii/saba dachii adda bahee beekamu tokkorra jiraachuun mirga ofiin of bulchuu isaa mirkaneeffataa jiru jechuu dha. Hiikkoon jalqabaa akka ibsutti, armaan olitti akka ilaalle, sabni, sab-lammiin yookaan uummatni tokko dachii irra qubatee jiru irratti birmadduu fi mirga ofiin of bulchuu isaa kan irratti tarkaanfachiifatuu fi raawwachiifatuu dha. Mirga ofiin of bulchuu isaatti fayyadamee foxxoquun mootummaa mataa isaatii hundeffatee jiraachuun kan barbaadu yoo ta'e immoo hayyama saba, sab-lammii yookaan uummata biroo mirkaneeffachuu osoo hin barbaachisiin adeemsa jiru keessatti murtii mataa isaatiin foxxoquu danda'a; sabni/sab-lammiin/uummatni bakka biraa qubatee jiru mirga abbaa qabeenyummaa lafa sanarraa qaba osoo ta'ee, rifireendamii gaggeeffamu irratti hirmaachuun mirga murtii kennuu ni qaba ture.¹⁰⁸ Hima biraan, yeroo hiree foxxoquu murteeffatu kan foxxoqu lafa quubsuma qaama gaaffii foxxoquu dhiyeessetu Itoophiyaa irraa cita waan ta'eef, sabni/sab-lammiin/uummatni lafa foxxoqurraa mirga abbaa qabeenyummaa qabu saba/sab-lammii/uummata lafa sanarra qubatee jiru qofa jechuu dha.

Dabalataan, tumaan kwt 89(7) irra jiru akka agarsiisutti lafti qabeenya uummataa (baaqqeent kan barreeffame) waan ta'eef, mootummaan uummata sana bakka bu'ee haala qabiinsaa fi faayidaa waliigalaatiif jecha attamitti hojjirra akka oolu kan murteessu akka ta'e ibsa. Olitti akka ilaalle, keewwatni kunis, akka agarsiisutti lafti (guuboo qabeenya uumamaa kan ta'e) qabeenya lammilee Itoophiyaa hundaa osoo hin taane, qabeenya dhuunfaa saboota, sab-lammoottaa fi uummattoota dhuunfaatti mootummaa tokko hundeffatanii akka ta'e agarsiisa. Hima garagaltoon kaa'uuf, lafti guuboo qabeenya uumamaa of-keessatti qabatee jiru waan ta'eef, lafti qabeenya waloo saboota, sab-lammoottaa fi uummattoota Itoophiyaa kan jedhamu taanaan, sabootni/sab-lammoottni/uummatootni mootummaa isaanii hundeffatanii jiran qabeenya dachii irra qubatanii jiran irratti mirga dhuunfaan itti ajajan hin qaban erga jedhu kan dabarsu yoo ta'u, heerri keenya immoo mootummaaleen naannoo, fakkeenyaaf, qabeenya bishaan lafa irraa fi lafa jalaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti daanga'anii jiran ilaalchisanii of-danda'anii seera tumachuu akka danda'an aangessee jira. Haala kanaan, qabeenya akka bishaanii, bosonaa fi albuuda irratti akka murteessan aangeffamuun isaanii mirga abbaa qabiyyummaa lafa sanaa kan qabu uummataa fi mootummaa naannoo sanaa akka ta'e agarsiisa jechuun ni danda'ama.

Hiikkoon lammaffaa jecha "uummata" jedhu irratti kennamu hiikkoo lammilee Itoophiyaa jedhu kan dabarsuu dha. Jechi "uummata" jedhu kun heericha keessatti agarsiistuu/ibsituu

¹⁰⁸ Miil-jalee olii, kwt 39(4b).

tokko malee dhaabbatee kan jiruu dha; jechichi bifa dimshaashaan heera keessatti yoo ibsamu, lammii biyyichaa akka waliigalaatti kan ibsu ta'a.¹⁰⁹ Haala kanaan, akka heera kanaatti, mirgi abbaa qabeenyummaa qabeenya uumamaa biyya keenyaa kan mootummaa federaalaa fi lammilee biyya Itoophiyaa waliigalaati jechuu dha. Itti-dabalee, heerichi hima lammaffaa keewwatichaa keessatti lafti qabeenya waloo saboota, sab-lammoottaa fi uummatoota Itoophiyaati kan jedhu waan ta'eef, lafa sabni tokko irratti qubsomee jiraatu qabeenya dhuunfaa saba sanaa qofa osoo hin taane, qabeenya waliigala lammilee biyyichaati ergaa jedhu akka dabarsutti barreessitootni ni fudhatu.¹¹⁰

Heera RDFI kwt 40(3) keessatti jechi “mootummaa” jedhu mootummaa federaalaa qofa moo mootummaalee naannolee dabalachuu danda'a gaaffiin jedhus dhimma deebii barbaaduu dha. Jechi kun jecha baaqkee fi duuchaatti kaa'ame waan ta'eef, mootummaa federaalaa yookaan mootummaa naannoo agarsiisuu danda'a. Mootummaan keewwata kana keessatti ibsame namootni mootummaa federaalaati jedhanakkuma jiran namootni mootummaa naannooti jedhanis jiru. Jalqabatti, jechi mootummaa jedhu kun mootummaa naannoo agarsiisa yaada jedhu haa ilaallu. Akkuma armaan olitti ilaalle, sabotni/sab-lammoottni/uummatootni quubsuma lafa irra jiraatan irratti mirga addaa akka qabanii fi lafa sanarratti mootummaa dhuunfaa isaanii hundeffachuu akka danda'an ilaallee jirra. Bu'uurma kanaan, sabotni hedduun quubsuma qabatanii jiran irratti mootummaa mataa isaanii hundeffatanii jiru. Haaluma kanaan, mootummaan keewwata kana keessatti ibsame mootummaa sabni, sab-lammiin yookaan uummatni tokko hundeffate mootummaa naannoo agarsiisa jechuu dha.

Hiikkoon lammaffaan jecha kana irratti kennamu ammo mootummaan asitti ibsame mootummaa federaalaati yaada jedhu kan kennuu dha. Heerri kun Heera federaalaa waan ta'eef, adda durummaan mirgaa fi dirqama mootummaa federaalaa tuma. Kanaafuu, mootummaa naannoo osoo hin taane mootummaa federaalaa agarsiisa jechuun dhama-qabeessa ta'a. Yaada kana cimsuuf, tumaa keewwatichaa akka waliigalaatti yoo dubbifnu, himni hima olitti dhiyatetti aanee dhufu “lafti qabeenya gamtaa saboota, sab-lammoottaa fi uummatoota Itoophiyaati” jedha. Sabootni, sab-lamootnii fi uummatootni Itoophiyaa waliigala ummatoota biyya Itoophiyaa kan bakka bu'an yoo ta'u,¹¹¹ mootummaalee naannoo sabotni, sab-lamootnii fi ummatootni kanneen mataa mataatti ykn waliin ta'uun hundeffatan walitti dhufanii mootummaa waliinii isaan ijaarratan mootummaa federaalaati

¹⁰⁹ Black's Law Dictionary, 7th ed.

¹¹⁰ Mola Mengistu, Seera Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Itoophiyaa-Mirgoota Heeraan Tumamanii fi Raawwii Isaan Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Amaaraa Keessatti Qaban, Jornaalii Seeraa Itoophiyaa, Vol 22, 2001, fuula 163.

¹¹¹ Heera RDFI, seensa .

jechuu dha.¹¹² Gama biraatiin, himni lammaffaa keewwata kana keessatti barreeffame akka ibsutti lafti kan ummattoota Itoophiyaati waan jedhuuf, mootummaan olitti ibsame mootummaa Itoophiyaa kan bakka bu'u mootummaa federaalaa kan garsiisuu dha. Haaluma yaada kana cimsuun, barreeffamootni tokko tokko mootummaan bakka kanatti caqasame motummaa federaalaa fi mootummaa naannoo kan hammatu osoo hin taane, mootummaa federaalaa qofa kan ilaallatu akka ta'etti barreessu.¹¹³

Caaseffama sirna bulchiinsaa fi quodiinsa aangoo heera RDFI keessa jiru yoo ilaalle heerichi mootummaan lama kan jiru ta'uu agarsiisa. Isaanis:- mootummaa federaalaa fi mootummaa naannooti.¹¹⁴ Hiikkaa jecha “mootummaa” jedhamee tumaa heerichaa keewwata 4 irratti ibsamee argachuuf tumaan heeraa olii kun rogummaa qaba. Tumaan heeraa kun mootummaan RDFI mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoo lamaan kan hammatu ta'uu isaa waan agarsiisuuf, jechi “mootummaa” jedhu kun mootummaalee lamaan kan agarsiisu akka ta'etti hubatamuu kan qabudha. Biyya sirna federaalizimiin bultu kamiyyuu keessattis mootummaan lama kan jiru yoo ta'u mootummaaleen lamaan qixa aangoo heeraan isaaniif kenname irratti birmaduu dha. Kanaaf jechi “mootummaa” jedhamee tumaa heeraa kewwata 40(3) irratti ibsamee kun mootummaa federaalaa qofa ykn mootummaa naannoo qofa agarsiisa jedhanii falmuun qajeeltoo sirna federaalizimii kan bu'uuraa waliin kan hin deemnee fi caaseffama sirna bulchiinsa biyya keenyaa waliin kan wal hin simne dha.

3.2. Qoodiinsa Aangoo Bulchiinsa Qabeenyaa Uumamaa: Heera RDFI

Dhimmoota quodinsi aangoo Heera RDFI tiin mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoo gidduutti godhame keessaa tokko bulchiinsa qabeenyaa uumamaati. Qabeenyi uumamaa qabeenyaa lafa irratti, lafa jalatti ykn lafa keessatti uumamaan argamuufi fedhii dhalaa namaa guutuuf uumaa irraa kenname yoo ta'u, qabeenyi kun albuudota, bishaan, bosona, lafa, gaasii uumamaa fi kanneen kana fakkaatan kan haammatu dha.¹¹⁵

Heerri RDFI itti-fayyadama, misoomaa fi eegumsa qabeenyaa uumamaa irratti aangoo seera baasuu mootummaa federaalaa kan aangesse yoo ta'u,¹¹⁶ mootummaaleen naannoo qabeenyaa uumamaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argaman seera mootummaan federaalaa baasu

¹¹² Miil-jalee olii, kwt 2, 47 hidha 46 dubbisi.

¹¹³ Addis Damte, water and decentralization in Ethiopia's governance: paradoxes of centralization and decentralization—merely stand of the devolution of problems, fuula 1.

¹¹⁴ Heera RDFI kew 40(3).

¹¹⁵ L Aladeitan, ‘Ownership and Control of Oil, Gas, and Mineral Resources in Nigeria: Between Legality and Legitimacy’ (2013) *Thurgood Marshall Law Review*, Vol. 38:159 at 160.

¹¹⁶ Heera RDFI kwt 51(5), fi kwt 55(2)(a).

bu'uura godhachuun qabeenyicha akka bulchan aangesseera.¹¹⁷ Heerri RDFI bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaalcissee aangoo seera baasuu mootummaa federaalaaf aangoo qabeenya kana bulchuu fi hoogganuu immoo naannoleef kennuun sirna bulchiinsa al-waalta'e (Administrative decentralization) hordofee jira jechuun ni danda'ama. Kanarraa hubachuun kan danda'amu, qabeenyi albuudaa fi bosonaa qabeenya uumamaa keessaa isaan tokko waan ta'aniif, Itti-fayyadama, misoomaa fi eegumsa isaanii ilaalcissee aangoo seera baasuu kan qabu mootummaa federaalaa yoo ta'u, qabeenya albuudaa fi bosonaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu bulchuun immoo aangoo mootummaalee naannoqabeenyi kunneen keessatti argamanii dha.

Qabeenya bishaanii ilaalcissee, heerri RDFI adeemsa qabeenya uumamaa biroo irratti hordofe irraa haala adda ta'een; tumaa of danda'een, aangoo bulchiinsa qabeenya bishaanii hoogganuu, mootummaa federaalaa fi mootummaa naannoq giddutti adda qoodee jira. Heerri kun, kwt 51(11) fi 55(2a) jalatti, mootummaan federaalaa haala itti-fayyadama bishaan ykn laggeenii fi haroowwan bulchiinsa mootummaa naannoq lamaa fi isaa ol wal-quunnamsiisanii fi daangaa biyya keenyaa irraa garaa biyyoota birootti ce'an irratti aangoo seera baasuu fi seericha hojiirra oolchuu akka qabu tumee jira. Dabalataanis, tumaan heerichaa kun qabeenya bishaanii, laggeenii fi haroowwan caqasaman kan akka bulchuuf mootummaa federaalaaf aangoon ifaan kennameera.

Gama biraan, itt-fayyadama bishaan daangaa mootummaa naannoq tokkoo keessatti daanga'ee jiruu (haroowwan, lageenii fi bishaan lafa jalaa) irratti aangoo seera baasuu fi seera raawwachiisuu kan qabu mootummaa naannoqabeenyi bishaanii keessatti argamu dha.¹¹⁸ Heerichi dhimmoota aangoon ifaan mootummaa federaalaaf hin kennamne irratti aangoo kan qabaatu, mootummaalee naannoq ta'uu kan tumee jiruu fi laggeewwanii fi haroowwan daangaa biyyaa hin ceenee fi mootummaalee naannoq wal hin quunnamsiisne irratti aangoo seera baasuu fi bulchuu mootummaa federaalaaf ifatti waan hin kenniniif aangoon seera baasuu fi bulchuu kan naannolee ta'a jechuu dha.¹¹⁹ Haaluma kanaan, heerichi qabeenya uumamaa biroo irraa haala adda ta'een mootummaalee naannoof aangoo seera qabeenya bishaanii akka tumatanii fi qabeenyichas akka bulchaniif aangesseera jechuun ni danda'ama.

Labsiin Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii lakk.k 197/92 qabeenya bishaanii hogganuu jedhu maal jechuu akka ta'e yoo ibsu, qabeenya bishaanii gabbisuu, itti-fayyadama isaa adda

¹¹⁷ Miil-jalee olii, kwt 52(2)(d).

¹¹⁸ Dubbisiga fuggisoo Heera RDFI Keewwata 51(11) fi 55(2)(a).

¹¹⁹ Heera RDFI, kwt 51.

baasuu, kunuunsuu, to'achuu fi hordofuu akka dabalatu kaa'ee jira.¹²⁰ Labsiin kun qaama qabeenya bishaanii hoogganu 'qaama to'atu' jedhamee kan waamamu hundeesseera. Qaamni bulchiinsa qabeenya bishaanii to'atu gahee hojiwwan qabeenya bishaanii ilaallatan karoorsuu, hogganuu, hojiirra akka oolu taasisuu fi kunuunsuu, fi tumaalee labsichaa hojiirra oolchuu keessatti aangoo/gahee hojii barbaachisaan ni qabaata jechuun labsichi tumee jira.¹²¹ Haaluma kanaan, qaamni hoggansa qabeenya bishaanii to'atu kun hayyama hojii bishaanii kennuu fi gahumsa hojiwwan sanaa to'achuu, waraqaa ragaa gahumsa hojii bishaanii hojjechiisuu danda'u kennuu, itti-fayyadamaota bishaanii gidduutti qoodinsaa fi itti-fayyadama isaa murteessuu, kunuunsa bishaanii ilaachisee qaama dhimmi ilaalu wajjiin mari'achuun qajeelfama qopheessuu, ulaagaalee qulqullina bishaanii qopheessuu, hojiwwan bishaanii bu'uura seeraatiin gaggeeffamaa hin jirre irratti tarkaanfii fudhachuu akka danda'u aangessuun hojiin hoggansaa maal jechuu akka ta'e al-kallattiin ibsuu yaaleera.

Labsiin Misooma, To'annoo fi Itti-Fayyadama Bosonaa lakk.k 1065/2010, mootummaan naannoo aangoo qabeenya bosonaa hogganuu qabu fayyadamee hojii bosona misoomsuu, hojii tiksuu, hojii to'achuu fi hojiwwan qabeenya kanarratti hojjetaman hordofun deeggarsaa fi tarkaanfii barbaachisoo ta'an fudhachuu akka ta'e labsichi kwt 17 jalatti ni tuma. Mootummaaleen naannoo, qabeenya bosonaa hoogganan aangoo bu'aalee bosona irraa argaman ilaachisee kaffaltii royaaltii murteessuu fi walitti akka qaban ibsee jira. Itti dabalees, kunuunsa qabeenya bosonaa mirkaneessuu kan isa dandeessisu sirna kan diriirsu waan ta'eef, hojii kana raawwachuu kan isa dandeessisu seerallee tumachuu akka danda'u kallattii kaa'eera. Hojiwwan eeraman kanneen raawwachuu kan isa dandeessisu caasaalee diriirsuu fi humna namaa ni ramada. Labsiin itti-fayyadama albuudaa mootummaaleen naannoo hojii albuudaa mara irratti aangoo hayyama kennuu, hojicha to'achuu fi kaffaltii royaaltii fi gibiraa hojii hayyama kennan sanarraa walitti qabachuu akka danda'an tarreesseera.¹²²

3.3. Uwwisa Seera Bosonaa Itoophiyaa

A. Uwwisa Seera Mootummaa Federaalaa

Kufaatii mootummaa dargii booda sadarkaa mootummaa federaalaatti dhimmoota bosonaa irratti seeronni garagaraa ba'anii hojiirra oolfamaa turaniiru. Dhimmi bosonaa imaammata

¹²⁰ Labsii Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii lakk. 197/92, kwt 2(19).

¹²¹ Miil-jalee olii, kwt 8(1).

¹²² Labsii Itti-Fayyadama Albuudaa lakk. 678/2012, kwt 55 fi itti aananii jiran.

Eegumsaa Naannoo¹²³ biyyattii keessatti dhimmoota xiyyeffannoo argatan keessaa isa tokkoodha. Imaammatichi eegumsaa fi kunuunsa bosona biyyattiif godhamuu qabuu fi hojiiwwan gama kanaan hojjetamuu malan ifatti akekuun kaa'ee jira.¹²⁴ Akkasumas, imaammatichi seerotni bahan dhimmoota akkamii haguuguu akka qabanii fi bulchiinsi bosonaa maal akka fakkaachuu qabu kan agarsiisu dha.¹²⁵

Labsamuu imaammata kanaa booda, yeroo garagaraatti seeronni bosonaa mootummaa federaalaatiin bahaniiru. Labsiin jalqaba raggaasifamee hojiirra oole Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti Fayyadama Bosonaa lakk. 94/1986 yeroo ta'u, labsiin kun hojii misoomaa fi eegumsaa bosonaa bal'inaan gaggeessuun guddina diinagdee biyyaa fi fedhiwwan adda addaa hawaasaa guutuuf gumaacha ol'aanaa akka qabuu fi hojiiwwan gama kanaan hojjetamuu qaban kan akeekuu fi gochoota yakka ta'an adabbii isaani waliin kan tarreessuu dha. Labsiin kun qabeenyummaa bosonaa bakka sadiitti qoodee kan kaa'u dha. Isaanis: Bosona Mootummaa Federaalaa, Bosona Mootummaa Naannoo fi Bosona Dhuunfaa jedhamanii beekamu.¹²⁶ Labsiin kun akkaatuma qabeenyummaa isaatti aangoo bulchiinsaa bosona qabeenyummaa isaa kan mootummaa federaalaa ta'ee mootummaa federaalaaf, kan mootummaa naannoo kan ta'e irratti immoo, mootummoolee naannootiif kennee jira.¹²⁷ Labsiin kun turtii waggoota 13 booda Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti-Fayyadama Bosonaa lakk.k 542/1999 tiin haqamee jira.

Labsii bosonaa lammafaan sadarkaa federaalaatti labsii lakk.k 94/1986 haquun hojiirra oole, Labsii Eegumsa, Misoomaa Fi Itti-Fayyadama Bosonaa lakk. 542/1999 yeroo ta'u, labsiin kun labsii dura irraa dhimmoota hedduu kan fooyyessedha. Labsiin kun abbaa qabeenyummaa qabeenya bosonaa bakka lamatti qoodee kan kaa'u yeroo ta'u, Isaanis: bosona mootummaa fi bosona dhuunfaa ti.¹²⁸ Bosona mootummaa kan jedhaman qabeenya bosonaa qabeenyummaan isaa kan mootummaa federaalaa ykn mootummoolee naannoo akka ta'e labsichi ni akeeka.¹²⁹ Labsichi dhiimmoota Misoomaa fi itti-fayyadama akkasumas bulchiinsa bosonaa irratti dhimmoota hedduu tumaalee labsichaa keewwata 8 hanga 11 keessatti ilaalee kan jiru yoo ta'u, dhimmoota bulchiinsaa irratti aangoo mootummaa federaalaa fi naannootiif qoqqoodee jira.¹³⁰ Labsichi aangoowwan bulchiinsaa hedduu

¹²³ Imaammata Eegumsa fi Kunuunsa Naannoo Itoophiyaa, bara 1989.

¹²⁴ Miil-jalee olii, kwt 3.

¹²⁵ Miil-jalee olii, kwt 5.

¹²⁶ Labsii eegumsa, misoomaa fi itti fayyadama bosonaa lakk. 94/1986, kwt 3.

¹²⁷ Miil-jalee olii, kwt 5(1)(2).

¹²⁸ Labsii Eegumsa, misoomaa fi itti fayyadama bosonaa lakk. 542/1999, kwt 3.

¹²⁹ Miil-jalee olii, kwt 2(6).

¹³⁰ Miil-jalee olii, kwt 3.

mootummaa federalaaf kan kenne¹³¹ yoo ta'u, qabeenya bosonaa mootummaaleen naannoo sirnaan kunuunsuu dadhaban ykn qabeenyi bosonaa sun faayidaa biyyooleessa ykn addunyaa bal'aa kan qabaatu yoo ta'e ykn mootummaaleen naannoo gaaffii yoo dhiyeessan qabeenya bosonaa mootummaa Federaalaa ofiif akka bulchu labsichi ni akeeka.¹³² Labsiin kun gochoota yakkaa adabbiisaanii waliin tumee jira. Labsiin kunis Labsii Eegumsa, Misoomaa Fi Itti Fayyadama Bosonaa lakk.k 1065/2010 tiin haqamee jira.

Labsiin bosonaa yeroo ammaa raggaasifamee hojiirra jiru Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti-fayyadama Bosonaa lakk. 1065/2010 dha. Labsiin kun labsii isa dura ture waliin dhimmoota hedduu irratti wal-fakkii kan qabu ta'us, dhimmoota ijoo ta'an muraasa kan fooyessee dhufe dha. Labsichi qabeenyummaa qabeenya bosonaa bakka afuritti kan qoode dha. Isaanis: Bosona mootummaa, Bosona hawaasaa, Bosona dhuunfaa fi Bosona waldaaleeti.¹³³ Bosona mootummaa jedhamee labsii kana keessatti kan caqasame bosona qabeenyummaan isaa harka mootummaa federalaa ykn mootummaalee naannoo kan jiru ta'uu tumaa labsichaa keewwata 2(5) irraa kan hubatamu yeroo ta'u, bosonni mootummaa bakka sadiitti qoodamee kaa'amee jira. Isaanis: bosona oomisha kennu (productive), bosona eegamaa ykn wayyuu (protected forest) fi bosona daanga'aa (preserved forest) dha.¹³⁴ Dhimmoota bulchiinsa bosonaa ilaachisee, labsichi aangoo mootummaa federaalaa fi naannolee qoqquodee jira. Aangoon bosona naannolee isaanii keessatti argamuu bulchuu kan mootummoolee naannoo yeroo ta'u,¹³⁵ bosona faayidaan isaa akka biyyooleessa fi addunyaatti qabu olaanaa ta'ee yoo argame ykn bosonichi mootummaa nannootiin sirnaan kan eegamnee fi hin misoomne yoo ta'e, mootummaa federaalaa kan bulchu akka ta'e tumee jira.¹³⁶

Seerri ijoon kallatiidhaan dhimma bosonaa hoogganu labsii olii kana yoo ta'es, seeronni biroon rogummaa qaban ni jiru. Labsiin Qaamolee Hojii Raawwachiistuu Hundeessuu Fi Aangoon Isaanii Murteessuf Bahe labsiin lakk.k 1097/2011 Koomishinii Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijiirama Qilleensaaf dhimmoota bulchiinsa bosonaa irratti aangoo kennee jira. Akkasumas, seeronni eegumsa naannoo fi faalama naannoo to'achuuf bahan kanneen akka Labsii Faalama Naannoo Ittisuuf Bahe lakk.k 300/1995 fi Labsii Qaamolee Eegumsa Naannoo To'atan Hundeessuuf Bahe lakk.k 295/1995 karaa tokko ykn karaa bira bulchiinsa qabeenya bosonaa irratti gahee mataa isaanii kan qaban ta'u.

¹³¹ Miil-jalee olii, kwt 17(1).

¹³² Miil-jalee olii, kwt 7(2).

¹³³ Labsii eegumsa, misoomaa fi itti fayyadama bosonaa lakk. 1065/2010, kwt 4.

¹³⁴ Miil-jalee olii, kwt 11.

¹³⁵ Miil-jalee olii, kwt 17.

¹³⁶ Miil-jalee olii, kwt 16.

Gama biraan, labsii qoodinsa galii mootummaa federaalaa fi naannolee murteessuuf bahe lakk.k 33/1984 heerri RDFI buhuun dura bahee hojiirra kan oole ta'us, labsichi hanga ammaa kan hin haqamneef hin fooyyofne yoo ta'u, qoodinsa galii kaffaltii royaaliitii bosonaa ilaachisee aangoo qoodee jira. Haaluma kanaan, labsichi aangoon kaffaltii royaalitii bosonaa sassaabuu aangoo waliinii mootummaa federalaa fi naannoo ta'uu isaa tuma. Haa ta'u malee, labsiin kun hojiirra oolmaa heera RDFI dura bara cee'umsaa keessa kan bahe waan ta'ee fi heerichi qoqqoodiinsa aangoo galii sassaabuu ifatti kaa'ee waan jiruuf, hojiirra oolmaa labsichaa irratti gaaffii guddaa kan kaasu dha.

B. Uwwisa Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Aangoon bulchiinsa qabeenya uumamaa mootummoolee nannoof kan kennname ta'uu, tumaa heera biyyattii kwt 52(2)(d) irraa ni hubatama. Akka keewwata kanaatti, mootummooleen naannoo qabeenya uumamaa kan bulchan seera mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuuni dha. Haaluma kanaan, mootummooleen naannoo dhimma qabeenya uumamaa irratti seera baasuu ni danda'u moo miti? Yoo ni danda'u ta'e, dhimmoota akkamii irratti baasuu danda'u? kan jedhu kutaa biraan keessatti kan ilaalamu ta'ee, qabeenya bosonaa irratti MNO labsii mataa isaa baafachuun hojii irra oolchee jira. Labsiin kun Labsii Bosona Naannoo Oromiyaa lakk. 72/1995 jedhamee kan beekamu dha.

Labsiin kun abbummaa qabeenya bosonaa bakka sadiitti qoodee kaa'a. Isaanis: Bosona mootummaa, Bosona uummataa fi Bosona dhuunfaa ti.¹³⁷ Akka labsii kanaatti, bosona mootummaa jechuun bosona naannoo Oromiyaa keessatti argamu ta'ee, kanaan dura kan daangeffamee fi kan hin daangeffamin, kunis bosona lafa muka ixaanaa, muka haphee, laaftoo sululaa, shimala gammoojjii, leemmana, muka laga qarqaraa fi k.k.f dha.¹³⁸ Labsiin kun abbummaa qabeenya bosona mootummaa irratti haala labsiin bosona federaalaa kaa'een haala qabeenyummaa irratti hundaa'een utuu hin ta'in gosa bosonaa irratti hundaa'uun hiika itti kennee jira. Gama biraan immoo, labsiin kun jecha mootummaa jedhutti hiikkoo kan hin kennine yoo ta'u, bosonni mootummaa labsii kana keessatti ibsame bosona mootummaa federaalaa naannicha keessatti argamu ni dabalata moo hin dabalatu kan jedhu gaaffii kaasuu mala.

Labsiin Bosona Naannoo Oromiyaa kun dhimmoota misoomaa fi eegumsa bosonaa, itti fayyadama bosonaa, to'annoo sochii callaa qabeenya bosonaa fi gochaawan dhorkaman hunda kan of keessatti hammatee jiru yeroo ta'uu, gosoota bosonaa sadanuuf akkaataa

¹³⁷ Labsii Bosona Naannoo Oromiyaa lakk. 72/1995, kwt 3.

¹³⁸ Miil-jalee olii, kwt 2(5).

galumsa isaaniitti tumaalee garagaraatiin tuttuqee jira. Xumura irrattis, labsichi gochaawwan yakkaa addaa baasuun adabbii isaan hordofsiisan waliin kaa'ee jira.

3.4. Uwwisa Seera Misooma Albuudaa Itoophiyaa

A. Uwwisa Seera Mootummaa Federaalaa

Bara 1983 booda seerri albuudaa ba'uun hojirra oolfame labsii albuudaa lakk. 52/1986 yoo ta'u, labsichi raggaasifamuu heera biyyattiin duratti kan tumame tureedha. Labsiin kun dhimmoota albuudaa hedduu kan haguuguu fi gosoota hayyama albuudaa fi akaakuu hojii albuudaa addatti qoodee kan ilaale ture. Labsichi dhimma bulchiinsa albuudaa fi hojiawan albuudaa irratti hojii albuudaa aadaa harkaan dalagamuu (artisanal) fi albuuda meeshaalee ijaarsaa namoota biyya keessaan hojjetamuu iratti aangoo hayyama kennuu fi bulchuu mootummoolee naannoof kan kenne yoo ta'u, gosoota hayyama albuudaa biroo aangoon hayyama kennuu fi bulchuu mootummaa federaalaaf kan kenne tureedha.¹³⁹ Labsiin kun labsii lakk.k 22/1989 fi lakk.k 118/1990 tiin fooyya'e ture. Labsii kana raawwachiisuufis Dambiin Albuudaa Mana Maree Ministeerotaa lakk.k 182/1986 bahee fi dambii lakk.k 27/1990 fi lakk.k 124/1998 tiin fooyya'e hojirra ture. Labsiin Albuudaa lakk.k 52/1986 bahe labsii hojii albuudaa lakk.k 678/2002 tiin kan haqame yoo ta'u, Dambiin Hojii Albuudaa Mana Maree Ministeerotaa lakk.k 182/1986 Dambii Hojii Albuudaa Mana Maree Ministeerotaa lakk.k 423/2010 n haqameera.

Seerri albuudaa yeroo ammaa hojirra jiru, labsii Albuudaa lakk.k 678/2002, Labsii albuudaa lakk. 678/2002 fooyyeessuuf labsii ba'e lakk. 816/2005 ba'ee fi Dambii Albuudaa Mana Maree Ministeerotaa lakk. 434/2010 dha. Akkaataa labsii Albuudaa lakk. k 678/2002 tiin albuudni uumamaa daangaa Itoophiyaa kamiyyuu keessatti argamu kan mootummaa fi uummatoota Itoophiyaa hundumaati.¹⁴⁰ Mootummaan bakka uummataa bu'ee, qabeenya kana qabuuf (hold) dirqama kan qabuu fi faayidaa fi guddina uummata biyyattiif albuuda kana hojirra oolchuu akka qabus ni tuma.¹⁴¹ Dabalataanis, mootummaan karaa qaama hayyama kennutiin albuuda uumamaa akka to'atuu fi bulchu ni akeeka.¹⁴² Labsichi kutaa hiikkoo keessatti mootummaa jechuun mootummaa Rippaabliika Dimokrataawaa Federalawaa

¹³⁹ Labsii albuudaa lakk. 52/1986, kwt 46(1).

¹⁴⁰ Labsii Albuudaa lakk. k, 678/2002, kwt 5(1).

¹⁴¹ Miil-jalee olii, kwt 5(2).

¹⁴² Miil-jalee olii, kwt 5(3), tumaan Afaan Ingilizii keewwatichaa "The Government, acting through the Licensing Authority, shall control and administer mineral resources and grant, refuse and manage licenses" jechuun ibsa.

Itoophiyaa akka ta'e akkasumas, bakka barbaachisaa ta'etti naannolee ni dabalata haala jedhuun hiikkoo itti kennee jira. Hiikkoon afaan Ingilizii keewwatichaa:

“Government” means the Government of the Federal Democratic Republic of Ethiopia and includes states where appropriate” jedha.

Labsiin kun dhimmoota hayyama hojii albuudaa fi kanneen biroo bal’inaan of keessatti kan hammatee jiru yoo ta'u, kutaan xiyyeffannoo qorannoo kanaa ta'e kutaa shanaffaa labsichaati. Kutaan kun, dhimmoota bulchiinsa albuudaa kan hoogganu yommuu ta'u, aango bulchiinsaa bakka lamatti quoduun, mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannootiif kennee jira. Labsichi aango hojii albuudaa aadaa (artisanal mining), investeroota biyya keessaaf hojii albuudaa tajaajila industiriif oolan xixiqqaa (small scale mining on industrial minerals) irratti heyyema kennuu, albuudota ijaarsaa irratti hojii albuudaa xixiqqaa fi gurguddaa (small and large scale mining on construction minerals) fi albuudota industrii fi ijaarsaa irratti hayyama barbaacha albuudaa (reconnaissance license) kennuu, hayyama qorannoo albuudaa (exploration license), hayyama albuuda qabatanii turuu (retention license) kennuu, akkasumas albuudota olitti ibsamaniin alatti jiran irratti waraqaa ragaa ykn sertifeeta argannoo (certificate of discovery) kennuuf mootummaalee naannootiif aango keennee jira.¹⁴³

Labsiin kun, aango hayyama kennuu hojiwwan albuudaa kanneen biroo mootummaalee naannoof kennamaniin ala jiran hundaa mootummaa federaalaaf kennee kan jiru yoo ta'u, aangoowwan kunneen hayyama hojii albuudaa gurguddaa (large scale mining) fi xixiqqaa (small scale mining) hedduu of keessatti kan hammatu dha.¹⁴⁴ Dabalataanis, albuudota tarsimawaa ta'an irratti aangoon sertifeeta argannoo kennuu, aangoon hojii albuudaa irratti namoota tajaajila gorsaa kennuu barbaadaniif waraqaa ragaa ga'umsaa kennuu fi aangoon saamuda albuudaa qorachiisuuf gara biyya alaatti erguu irratti hayyama kennuu mootummaa federalaaf kennamee jira.¹⁴⁵

Qaan ni gosa hojii albuudaa akka hayyama irratti kennuuf aangoon kennameef aango bulchiinsaa garagaraa akka qabaatu tumaa labsichaa keewwata 52(4) irraa ni hubatama. Hima biraatiin, mootummooleen naannoos ta'ee, mootummaan federaalaa gosa hojii albuudaa ofiif hayyama akka kennaniif aangoon kennameef irratti aango bulchiinsaa caqasaman kan qabaatan ta'a. Aangoowwan kunniin, iyyata hayyamaaf dhiyaatu keessummeessuu, hayyama

¹⁴³ Miil-jalee olii, kwt 52(1).

¹⁴⁴ Miil-jalee olii, kwt 52(2A).

¹⁴⁵ Miil-jalee olii, kwt 52(2)(b)(c)(d).

kennuu, hayyama haquu, hayyama fooyyessuu, waliigaltee raawwachuu, hordoffii taasisuu, kaffaltiwwan rooyaalitii, kira fi kanneen biroo sassaabuu fi odiitii gochuu, hojiin hojjetamu faalama naannoo kan hin uumne ta'uu mirkaneessuu fi kanneen biroo dabalata.¹⁴⁶ Kanatti dabaluunis, aangoowwaan tumaa seerichaa keewwata 54 jalatti tarreeffaman kan qabaatan ta'a. Tumaawan kanneen irraa kan hubannu, qabeenya albuudaa irratti aangoon bulchiinsaa akkatuma gosa hojii albuudaa irratti hundaa'uun motummaa federaalaa fi naannoleef kan goodame ta'uu dha.

Gama biraan, dhimma taaksii hojii albuudaa bulchuuf seerri ba'ee hojiirra oole Labsii Gibira Galii Albuudaa lakk.k 53/1985 yoo ta'u, labsiin kun labsiwwan lamaan jechuunis, labsii lakk. 23/1988 fi labsii lakk. 802/2005n kan fooyya'eedha. Labsiin gibira galii albuudaa kun raggaasifamuu heera biyyattii dura kan bahe waan ta'eef, qoqqoodiinsa aangoo heerichaan taasifame giddu galeessa kan godhate miti. Haa ta'u malee, labsiin kun hanga ammaatti kan hin haqamneef hojiirra jiruudha. Labsiin kun hojii albuuda mala aadaatiin raawwatamuu (artisanal mining) kaffaltii gibira irraa walaba (exempted) kan godhe dha.¹⁴⁷ Walumaagala, labsichi hojiwwan albuudaa irratti kaffaltiwwan gibira galii hangaa fi akkaataa kaffaltii isaa kan murteessu dha. Haaluma kanaan, akkaataa Labsii lakk. 802/2005n hangi kaffaltii gibira galii hojii albuudaa gurguddaa (large scale mining) dhibbeentaa 25 yoo ta'¹⁴⁸, bu'uura labsii lakk. 23/1988 tiin gibirri galii hojii albuudaa xiqqaa dhibbeentaa 35 dha.¹⁴⁹

Labsiin Qaamolee Hojii Raawwachiistuu Federaalaa Hundeessuu Fi Aangoo Isaanii Murteessuuf Bahe labsiin lakk. 1097/2010 keewwata 9(2) jalatti Ministeera Albuudaa fi Peetrooliyemii kan hundeesse yeroo ta'u, labsichi keewwata 24 jalatti immoo, aangoowwan ministeerri kun qabaachuudhaa malu tarreessee jira. Aangoowan kanneen keessaa misooma albuudaa, gaasii uumamaa fi petrooliyemii irratti imaammataa fi seera qopheessuun yammuu raggaasifamu raawwii isaa hordofuu¹⁵⁰ fi namoota dhuunfaa hojii misooma albuudaa irratti bobba'u barbaadaniif hayyama kennuu kanneen jedhan keessatti argamu.¹⁵¹

Gama biraan, Labsii Qoodinsa Galii Mootummaa Federaalaa fi Naannolee Murteessuuf Bahe lakk. 33/1984 heerri RDFI bahuun dura bahee hojiirra kan oole ta'us labsichi hanga ammaa kan hin haqamneef hin fooyyofne yoo ta'u, qoodinsa galii hojii albuudaa ilaalcissee aangoo

¹⁴⁶ Miil-jalee olii, kwt 52(4).

¹⁴⁷ Labsii gibira galii albuudaa 53/1985, kwt 3(2).

¹⁴⁸ Labsii lakk. 802/2005, kwt 2.

¹⁴⁹ Labsii lakk. 23/1988, kwt 2.

¹⁵⁰ Labsii qaamolee hojii raawwachiistuu Federaalaa hundeessuu fi aangoo isaanii murteessuuf bahe lakk. 1097/2010, kwt 24(1)(a).

¹⁵¹ Miil-jalee olii, kwt 24(1)(i).

qodee jira. Labsichi aangoo sassaabbii gibira galii fi kaffaltii rooyaaliitii hojii albuuda xixiqqaa naannoleef kan kenne yoo ta'u, hojii albuudaa gurguddaa irraa gibira galii, kaffaltii rooyaalitii fi kira lafaa sassaabuu aangoo waloo gochuun kaa'ee jira. Haa ta'u malee, labsichi hojiirra erga ooleen booda, heerri RDFI kan bahe yoo ta'e, qoodinsa galii irratti heericha ifaan tumee kan jiru waan ta'eef, raawwatiinsi labsichaa gaaffii jalaa kan miliqu hin ta'u.

B. Uwwisa seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Mootummaan Naannoo Oromiyaa dhimma hojii albuudaan wal qabatee seera baasee hojiirra oolche kan qabu innis labsii misooma qabeenya albuudaa lakk. 91/1997dha. Daangaa raawwii labsichaa ilaachisee labsichi daangaa bulchiinsa MNO mara keessatti hojiirra akka oolu hiikkoon Afaan Oromoo fi Afaan Amaaraa kan eeru yoo ta'u, waraabbii Afaan Ingilizii irraa labsichi hojii albuudaa naannoo Oromiyaa keessatti raawwatamu hundumaa irratti raawwii akka qabaatu akeeka.¹⁵² Labsichi haala heyyamni hojii albuudaa itti kennamu, haareffamu, haqamu, gosoota hayyama hojii albuudaa hundaa fi mirgootaa fi dirqama abbaa hayyamaa, haala kaffaltii royaalitii fi gibira galii, kaffaltii kira lafa albuudaa fi hayyama hojii albuudaa fi kanneen biroo hunda kan ilaale dha. Haa ta'u malee, labsichi kutaa dhimma bulchiinsaa irratti Abbaan Taayitaa Misooma Albuudaa hayyama hojii albuudaa aadaan oomishuu fi hayyama hojii barbaachaa, qorannoo, hayyama hojiwwan oomisha albuudaa sadarkaa xiqqaa fi albuudaalee ijaarsaa sadarkaa guddaa abbootii qabeenya lammii Itoophiyaatiif qofa akka kenu tuma.¹⁵³ Kana irraa kan hubachuun danda'amu, abbaan taayitichaa gosoota hayyamaa hojii albuudaa biroo kennuuf hin aangeeffamne. Abbaan taayitichaa hojiwwan albuudaa ofiif hayyama irratti kenu qofa irratti aangoo bulchiinsaa akka qabaatu labsicha irraa hubachuun ni danda'ama.¹⁵⁴

Gama biraan, galii hojii albuudaa irraa argamu irratti gibira kaffalamu murteessuuf labsii gibira hojii albuudaa MNO lakk. 92/1997 baasuun hojiirra oolchee jira. Akkaataa labsii kanaatti hojiwwan albuudaa ol'aanaa petrooliyamii fi gaasii irraan kan hafe hojiwwan albuudaa kamiyyuu galii gibirri itti kaffalamu irratti gibira galii dhibbeentaa 35 dha.¹⁵⁵ Labsiin kun albuuda ijaarsaa irraan kan hafe, hojii albuuda aadaan oomishamu gibira galiiirraa walaba taasisee jira.¹⁵⁶ Labsichi kira lafaa, royaalitii, kaffaltiwwan tajaajila

¹⁵² Labsii Misooma Hojii Albuudaa Oromiyaa, lakk. 91/1997, kwt 3.

¹⁵³ Miil-jalee olii, kwt 46(1).

¹⁵⁴ Miil-jalee olii.

¹⁵⁵ Labsii Gibira Hojii Albuudaa MNO lakk. 92/1997, kwt3(1).

¹⁵⁶ Miil-jalee olii, kwt 3(2).

hayyama akkaataa taarifa biiroon Bishaanii fi Albuuda Oromiyaa baasee erguun kan sassaabamu akka ta'e ibsa.¹⁵⁷

3.5. Uwwisa Seeraa Qabeenya Bishaanii Itoophiyaa

A. Uwwisa seera Mootummaa Federaalaa

Labsiin qabeenya bishaanii mootummaa federaalaa baase labsiin lakk. 197/92, labsii dhimma bulchiinsa qabeenya bishaanii irratti tumaalee seeraa yeroo jalqabaaf bal'inaan tume yoo ta'u, labsichi ulaagaalee seeraa qabeenyi bishaanii ittiin bulu kan tarreessuu yaalee dha. Akkasumas, qabeenyi bishaanii sirnaan hojiirra akka ooluuf qaamni hojii bishaanii irratti hirmaatuu fi faayidaa dhuunfaatiin ala faayidaa birootiif fayyadamu kamiyuu qaama dhimma ilaalu irraa dursa hayyama argachuu akka qabu tumee jira. Labsiin kun aangoo qabeenya bishaanii taaliguu mootummaa Federaalaatiif bal'inaan kan kenne waan ta'eef, mootummaaleen naannoo hojii kana keessatti bal'inaan akka hirmaatan haala hin mijeessine; akkasumas mootummaalee naannoo giddutti qindoominni barbaachisu maal akka ta'e hin ibsine.¹⁵⁸

Dambiin bulchiinsa qabeenya bishaanii Mana Maree Minisiteerotaatiin bahe, dambiin lakk. 115/97 tumaalee garagaraa jalatti haala qabeenyi bishaanii ittiin bulu ibsee jira. Dambiin kun qaama to'annoo bishaanii gaggeessuu ministeera qabeenya bishaanii yookaan qaama isa bakka bu'ee hojjetu kan aangesse yoo ta'u, qaamni kun qaama to'annoo qulqullina bishaanii gaggeessu, hayyama itti-fayyadama tajaajila bishaanii kennu, hayyama gahumsa kenna gorsa hojii bishaanii irratti kennu fi haqu, kaffaltii tajaajila bishaanii walitti qabuu fi hayyama hojii bishaanii kennu dha. Qaamni olitti eerame kun qaama mootummaa federaalaa yoo ta'u, qabeenya bishaan daangaa mootummaa tokkoo keessa jiruu fi daangaa tokkoo ala bahu irratti aangowan bulchiinsa qabeenya bishaanii ilaallatan hunda bif a jechuun danda'amuun akka raawwatu taasifameera. Hima biraan, aangoo heeraan mootummaalee naannootiif kennname hunda daguugee fudhateera jechuun ni dand'ama.

Labsiin Manneen Maree fi Abbootii Taayitaa Sulula Lageenii hundeessuu fi gahee hojii isaanii murteessuuf bahe, labsiin lakk 534/99, kwt 9 irratti aangoo fi gahee hojii abbootii taayitaa sululaa lageenii tumee jira. Bu'uura tumaa seeraa kanaatiin, abbootiin taayitaa sulula lageenii aangoo fi gahee hojii garaagaraa akka raawwataman aangeffamaniiru. Fakkeenyaaaf, imaammata bulchiinsa lageenii qindaa'aa wixineesuu fi imaammata gama kanaan bahu hojiirra oolchuu, bulchiinsa qabeenya bishaanii qinda'aa dhugoomsuu hojiawan

¹⁵⁷ Miil-jalee olii, kwt 4(3).

¹⁵⁸ Imiru Tamirat, Policy and Legal Framework For Water Resource Management In Ethiopia, fuula 4.

dandeessisan raawwachuu, hayyama itti-fayyadama bishaanii kenuun sirnaan hojiirra ooluu isaa ni hordofuu, bulchiinsa bishaanii mirkaneessuu keessatti hojiwwan barbaachisan raawwachuuuf odeeffannoowwan garaagaraa walitti qabuu, qindeessuu fi hiikuu, fayyadamtoota giddutti qooddii bishaanii raawwachuu fi itti-fayyadamtoota bishaanii hojii kaffaltii bishaanii raawwachiisuu hojjetu. Bulchiinsa qabeenya bishaanii ilaalchisee, gaheewwan hojii abbootii taayitaa misooma sulula lageeniitiif kennaman kanneen baay'een isaanii hojii qabeenya bishaanii taaliguu dha.

Qabeenya bishaanii lafa jalaa fi lafa irraa bulchiinsa mootummaalee naannoo keessatti argaman akka taaliguuf qaamoleen hundeeffaman kanneen qaama ministeera bishaaniiti; qaama mootummaa federaalaa jechuu dha.¹⁵⁹ Bu'uura labsiin kun tumee jirutti, mootummaan federaalaa qabeenya bishaanii biyya keessatti argamu hunda sulula sululaan adda quodouun seera ittiin bulan tumee ofuma isaanii ammoo taaliguu irratti argama jechuu dha. Labsiin lakk. 534/99 akka tumutti, bulchiinsii fi taaligi qabeenya bishaanii biyya keessatti argamu abbootii taayitaa 12 akka gaggeeffamu taasiseera. Isaanis:- Abbaa Taayitaa Misooma Abbaay, Aayishaa, Awaash, Baaroo Akooobo, Danaakil, Gannaalee Dawa, Marab, Ogaaden, Oomoo Gibee, Takkazee, Haroowwan Rifti Vaallii, fi Abbaa Taayitaa Misooma Waabii Shabalee dha. Aango Abbootiin taayitaa kanneenii bulchiinsa qabeenya bishaanii daangaa sulula lageen isaanii keessatti argamu hogganuu dha.

B. Uwwisa Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Mootummaan Naannoo Oromiyaa, qaama qabeenya bishaan Nannichaa bulchu (Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarji) hundeessun, aangoo fi gahee hojii Biiroon kun qabu, Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu MNO Irra Deebiin Gurmeessuu, Aango fi Gahee Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, labsii 213/2011 tarreessuu yaaleera.¹⁶⁰ Bu'uura tumaalee labsii kanaan, aangoo bishaan lafa irraa fi lafa keessaa adda baasuun naannicha keessatti hojiirra akka oolu taasisuu, bishaan golga tokko keessa jiru bifa haqa-qabeessa ta'een tajaajilamtootaaf akka qoodamu taasisuu, qabeenyi bishaanii akka hin faalamne hojjechuu, istandardii balfaa bishaanitti dhangala'u adda baasu tumuu, sadarkaa bishaan tajaajila garagaraatiif oolu adda baasu fi kkf akka gonfatu ta'eera.¹⁶¹ Aangowwan kanneen bishaan daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo keessatti daanga'anii hafan qofa osoo hin taane bishaan daangaa ce'an irratti raawwatiinsa kan qabu ta'uu dhangala'iinsa tumaalee

¹⁵⁹ Labsii lakk. 534/99, kwt 10.

¹⁶⁰ Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu MNO Irra Deebiin Gurmeessuu, Aango fi Gahee Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, labsii 213/2011, kwt 25 (7).

¹⁶¹ Labsii lakk. 213/2011, kwt 25(1-6).

labsichaarraa hubachuun ni danda'ama. Itti dabalees, aangoon kun aangoo itti-fayyadamaa fi kunuunsa bishaanii kan dabalatu waan ta'eef, biiroon kun bulchiinsa qabeenya bishaaniirratti bal'inaan aangeffameera. Aangoowwan kanneen, bu'uura seera mootummaa federaalaah bahee fi mootummaan naannoo baasuun hojiirra oolchuu akka qabu labsichi kwt 25(7) irratti akeekee jira. Seerri naannoos sadarkaa labsiittis ta'ee, sadarkaa dambiitti baasu, aangowwan armaan olitti caqasaman jiddu-galeessa kan godhate ta'uu kan qabu yoo ta'u, seerota kanneen baasuu keessatti shoora garagaraa gumaachuu kan qabu Biiroo kana ta'uun beekamaa dha.

BOQONNAA AFUR

Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa MNO: Xiinxala Dhimmaa

4.1. Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii

4.1.1. Aangoo Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii irratti Seera Tumuu

Bulchiinsa qabeenya uumamaa keessatti aangoo guddaa fi ifatti bahee mul'atu tokko aangoo haala itti-fayyadamaa fi kunuunsa isaa irratti seera tumuu dha. Bulchiinsa qabeenya bishaaniin wa-qabatee Heerri mootumaa DRFI qabeenya bishaanii bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo qofa keessatti argamanii fi qabeenya bishaanii bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo keessaa ala bahan jechuun bakka lamatti adda qoodeera. Boqonnaa darban keessatti akka ibsame mootummaan naannoo kamiyyuu qabeenya bishaanii daangaa isaa qofa keessatti argamu irratti aangoo seera itti-fayyadamaa fi seera kunuunsa qabeenya sanaa bulchu ilaachisee aangoo seera baasuu kan qabu mootummaa naannoo sanaati. Itti-dabalees, mootummaan naannoo kamiyyuu qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaa ala bahu qulqullinaan akka qabamu gochuuf seera kunuunsa isaa bulchu baasuu akka danda'u Heerichi aangesseera.

Daataan ogeessota dhimmi ilaallatu irraa walitti qabame akka agarsiisutti, MNO qabeenya bishaanii irratti aangoo seera baasuu qabaachuu isaa irratti hubannoon waliigalaa ogeessota bira jiru wal-fakkaataa miti. Armaan gaditti aangoo MNO qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaatii keessatti argaman kanneen daangaa bulchiinsa isaatii keessa qofatti daanga'anii argamanis ta'e kanneen daangaa bulchiinsa isaatii keessaa ala bahan irratti aangoo seera baasuu qabu haala kамиin fayyadamaa akka jiru ilaalla.

A. Aangoo Bishaan Bulchiinsa MNO qofa Keessatti argamu irratti Seera Tumuu

Qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo keessa qofatti argaman irratti aangoo seera tumuu kan qabu mootummaa isa kam akka ta'e adda baasuu irratti wal-hubanno fi yaadni tokkoo ogeessota gidduu hin jiru. Ogeessotni garii fi ejjennoon mootummaaa Federaalaa akka ibsutti qabeenya bishaanii kanneen irrattis aangoo seera tumuu kan qabu mootummaa Federaalaa dha. Gama biraan, ogeessotni gam-tokkoo fi ejjennoon MNO ammoo qabeenya bishaanii bulchiinsa MNO keessatti daanga'anii jiran irratti aangoo seera baasuu kan qabu MNO dha. Haaluma kanaan, armaan gaditti hiikkoo tumaalee heera RDFI irratti kennamanii fi ejjennoo ogeessota af-gaaffiin waliin taasifamee gabaabinaan dabaree dabareen ilaaluu yaalla.

Yaadni gam-tokkoon dhiyaatu akka ibsutti, mootummaan naannoo qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaanii keessatti daanga'anii jiran bulchuu kan isa dandeessisu seera tumachuu ni danda'a kan jedhuu dha. Heerri RDFI akka tumutti, Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa lageenii fi haroo daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo ala bahan irratti haala itti-fayyadama isaanii qofa ilaachisee aangoo seera baasuu gonfateera. Hima biraan, lageenii fi haroowwan daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo qofa keessatti daanga'anii argaman akkasumas bishaan lafa jalaa fi coorewwan ofin daangaa hin qaxxaamurre irratti seera akka tumuuf Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa aangoo hin qabu jechuu dha. Mootummaan federaalaa dhimma kana irratti aangoo seera baasuu hin arganne taanaan, bu'uura tumaa Heerichaa kwt 52(1)tti qabeenya bishaanii kanneen irratti aangoo seera tumuu kan qabu mana maree bakka bu'oota uummataa mootummaa naannoo sanaati jechuu dha: qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa hin qaxxaamurre irratti aangoo seera baasuu kan qabu Caffee mootummaa naannoo Oromiyaati jechuu dha. Hima biraan kaa'uuf, MNO lageenii fi haroowwan bulchiinsa isaa qofa keessatti daanga'anii hafanii fi bishaan lafa jalaa irratti seera itti-fayyadamaa fi kunuunsa isaa akka baasu Heerri RDFI kwt 55(2a) fi 52(1) irratti Caffee aangessee jira.

MNO qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaatti keessa qofatti daanga'ee hafu ilaachisee aangoo seera itti-fayyadamaa baasuu ni qaba yoo jedhamu, qabeenyichi faayidaa maaliif akka oolu adda baasuu, qaamolee dursa itti-fayyadamuu danda'an adda baasuu, yeroo tokkotti fayyadamtootni meeqa qabeenya bishaanii bakka tokkotti argamu fayyadamuu akka qaban adda baasuu, sadarkaa qulqullina bishaanii akka itti-fayyadama isaatti murteessuu fi haala misooma isaa adda baasuu fi murteessuu akka danda'u aangeffameera jechuu dha.

Bifuma wal-fakkaatuun, qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu ilaachisee MNO akkamitti qabeenyi sun balfa garaagaraa irraa ittifamuun hangii fi qulqullinni isaa osoo hin miidhamiin faayidaaf akka oolu taasisuu keessatti seera isa gargaaru baafachuu akka danda'u aangeffameera. Hima biraatiin, mootummaan federaalaa qabeenya bishaanii bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo qofa keessatti daanga'ee jiru ilaachisee itti-fayyadama yookaan kunuunsa bishaan sanaa irratti seera akka tumu Heeraan hin aangeffamne. Bu'uruma ibsa olitti kennameen, namootni af-gaaffii waliin taasifame baay'een isaanii MNO qabeenya bishaanii bulchiinsa MNO keessa qofatti daanga'ee jiran

irratti seera itti-fayyadamaa fi kunuunsa baasuu akka qabutti ibsu.¹⁶² MNO qabeenya bishaan daangaa bulchiinsa isaa qofa keessatti aangoo seera baasuu Heeraan kan qabu ta'uun isaa kan hubatame yoo ta'ellee, Caffeen Mootummaa Oromiyaa hanga yoonaatti itti-fayyadama bishaan daangaa bulchiinsa MNO keessatti daanga'ee jiru irratti baasee hin jiru.

MNO aangoo seera baasuu qabutti fayyadamuun seera tumuu dhabuun isaa qabeenya bishaanii naannoo Oromiyaa irratti dhiibbaa guddaa geessisaa akka jiru namootni af-gaaffii deebisan bl'inaan ibsu:¹⁶³ MNO seera rogummaa qabu baasuu dhabuun isaa sirna haroowwan ittiin bulan waan hin diriirfamneef, bishaan lafa jalaa, haroo fi burqaaleen daraan miidhamaa jiru; fknf, haroowwan akka Haroo Dambalaa, Haroo Bishooftuu fi kkf irratti miidhaan salphaatti furamuu hin dandeenye gahaa jira.¹⁶⁴

Yaadni lammaffaan akka ibsutti, qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokko qofa keessatti argamu irrattis aangoo seera itti-fayyadamaa baasuu kan danda'u mootummaa federaalaa dha. Akka yaada kanaatti, Heerri RDFI kwt 51(5) irratti mootummaan federaalaa itti-fayyadamaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa irratti seera kan tumu akka ta'e erga tumee booda, kwt 51(11) irratti lageenii fi haroowwan daangaa biyyaa qaxxaamuranii fi mootummaalee naannoo garaagaraa wal-quunnamsiisan ilaachisee mootummaan Federaalaa haala itti-fayyadamaa isaa irratti aangoo seera tumuu akka qabu ibsa. Haala wal-duraa duuba tumaa kanaatti, Heerichi kwt 51(5) jalatti qabeenya bishaanii akka waliigalaa irratti mootummaan federaalaa aangoo seera baasuu kan qabu ta'uu erga ibsee fi kwt 52(2d) irratti mootummaaleen naannoo seera mootummaan Federaalaa baasu irratti hunda'anii qabeenya bishaanii taaligu erga jedhee booda, kwt 51(11) irratti lageenii fi haroowwan daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo ala bahan ammo kan taaligu ta'uu tuma. Kanaafuu, bu'uura tumaa heerichaa sadan kanneeniin yoo ilaalamu itti-fayyadama qabeenya bishaanii bulchiinsa mootummaa naannoo tokko qofa keessatti daanga'ee jiru irratti aangoo seera baasuu kan qabu mootummaa Federaalaati jechuun ogeessotni falman jiru.

Akka ibsa ogeessota kanneeniitti, qabeenyi bishaanii bakka tokkotti argamu lafarra akkasumas lafa jala dhangala'uun gara bakka biraatti yaa'a. Qabeenyi bishaanii tokko, yeroo

¹⁶² Fakkeenyaaaf, Af-gaaffii Dr Habtaamuu Ittafaa, Hogganaa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii, Obbo Shuumii Araarsaa, Dursaa Garee dhimma Seeraa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii, waliin gaafa waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

¹⁶³ Fakkeenyaaaf, Af-gaaffii Obbo Shuumii Araarsaa, Dursaa Garee dhimma Seeraa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii, waliin gaafa waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

¹⁶⁴ Af-gaaffii Obbo Shuumii Araarsaa, Dursaa Garee dhimma Seeraa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii, waliin gaafa waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

hunda qabeenya bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo ta'ee hin hafu; bakka tokkoo gara bakka biraatti lafarra, lafa jala akkasumas qilleensaan deema. Kanaafuu, qabeenya daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo qofa keessatti hin daangofne kana irratti seera itti-fayyadamaa baasuu irratti kan aangeffame Mootummaa Federaalaati jechuun cimsanii yaada qaban dhiyeessu.¹⁶⁵ Qabatamattis, Mootummaan Federaalaas seera tumuun, caasaa akka Mana Maree Olaanaa Sulula Lagaanii fi Abbootii Taayitaa Misooma Sulula Lageenii hundeessuun qabeenya bishaanii biyyicha keessatti argaman sulula 12tti quoduun itti-fayyadamaa fi kunuunsa isaa ofiin dhuunfatee bulchuu iratti argama.¹⁶⁶

Qabatamni yeroo ammaa kana jiru akka agarsiisutti, Mootummaan Federaala seera itti-fayyadamaa fi kunuunsa qabeenya bishaanii bulchiinsa MN kamirrattiyyuu raawwatiinsa qabaatuu baasuun caasaa mootummaa hojicha hojjetus hundeessee raawwachaa kan jiru kun, olitti akka ilaalle, tumaalee Heera RDFI wajjiin kan wal-unatu miti; Mootummaan ibsame deeggaran ibsu. Akkuma ibsame, yaadni kun yaada faallaa heeraati. MNO qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaatii qofa keessatti hafu ilaachisee seera itti-fayyadamaa fi seera kunuunsa baasuu akka danda'u Heerri RDFI kwt 51(11) fi 55(2a) aangessee jira.

B. Aangoo Bishaan Daangaa Bulchiinsa MNO Qaxxaamuran Irratti Seera Tumuu

Mata-duree xiqqaa olitti ilaalle jalatti, mootummaan Federaala qabeenya bishaanii daangaa biyyaa qaxxaamuruu fi mootummaalee naannoo garagaraa wal-quunnamsiisan irratti aangoo seera baasuu gonfatee jira. Lageenii fi haroowwan baay'een daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo keessaa ala kan bahan waan ta'eef, qabeenya bishaanii keenya hedduu isaanii irratti seera itti-fayyadamaa akka baasuuf qaamni heerri aangesse Mootummaa Federaala dha. Seerri mootummaan Federaala gama kanaan baasu namootni af-gaaffii deebisan akka ibsanitti, seera waliigalaa fi kallatti kan agarsiisuu ta'uu qaba jedhu. Mootummaaleen naannoo qabeenyi bishaanii daangaa isaanii keessaa maddu yookaan keessa darbu bifaa guutuu ta'een hoogganuuf seera mootummaan federaala baasu irratti hundaa'uun, dhimmoota guyyaa guyyaan isaan quunnaman irraa ka'anii labsii yookaan dambii qaawwa seeraa mootummaan federaala baase kan suphuu/guutuu danda'uu fi seerichi bifaa guutuu fi

¹⁶⁵ Af-gaaffii Obbo Ti'izaazuu Muhammad, b/bu'aa H/Gaggeessaa fi Obbo Mohammad Hasan, Adeemsa Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii Abbaa Taayitaa Misooma Laga Awaash Damee Adaamaa, waliin gaafa 26/08/2012 taasifame.

¹⁶⁶ Labsii Mana Maree Olaanaa Sulula Lageenii Fi Abbootii Taayitaa Misooma Lageenii Hundeessuuf Bahe, labsii lakk. 534/99.

salphaatti hojiitti hiikuu dandeessisu MNO baafachuu qaba jechuun namootni af-gaaffii deebisan ibsu¹⁶⁷.

Mata-duree xiqqa kana jalatti, akka namootni af-gaaffii deebisan ibsanitti, MNO bulchiinsa qabeenya bishaanii irratti seera baasuu ni danda'a yoo jennu, bu'uura irraa aangoo seera baasuu dhimma kana irratti qaama qabu ta'ee osoo hin taane hojii qabeenya kana hoogganuu keessatti qaawwa seeraa jiranii fi rakkowwan qabatamaan mul'atan maqsuuf jecha seera qaawwa seera bahee jiru duuchu danda'u baasuu kan dandeessisu aangoo MNO akka qabu ibsu. Namootni af-gaaffi deebisan kanneen, yaada kanarra akka gahan kan isaan taasise tumaalee Heerichaa sirnaan hubachuu dhabuurraa kan madduu dha: mootummaaleen naannoo akkuma qabeenya uumamaa kan biroo qabeenya bishaan daangaa isaanii ala bahan hoogganuu akka danda'u kan aangeffame MN akka ta'etti fudhachuurra kan maddee dha.

Kunuunsa qabeenya sanaa ilaachisee garuu jalqabuma irratti aangoo seera baasuu heerri Federaalaaf kan hin kennine waan ta'eef, haala qabeenya bishaanii ittiin kunuunfamuu danda'u irratti seera baasuu kan danda'u MN dha. Hima biraan, MNO qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isatii keessatti argaman kamiinuu badiirraa tiksuf seera isa dandeessisu tumachuu akka danda'utti heerri aangoo kenneefii jira jechuu dha. MNO seera kunuunsa qabeenya bishaan daangaa isaa keessatti argaman kanneen daangaa qaxxaamuranis ta'e daanga'anii hafan ilaachisee seera tumee hin jiru.¹⁶⁸

Qaamoleen bulchiinsa qabeenya bishaanii naannoo keenyaa irratti hojjetan akka ibsanitti seerri guutuu ta'e gama kanaan bahuu dhabuun isaa gahee hojii isaanitti kennname akka hin bahanne isaan gochuutti dabalee qabeenyi bishaanii sirnaan akka hin taaligamne taasisaa akka jiru ibsu. Dhimma kana irratti af-gaaffii Waajjira Misoomaa Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Godina Gujii wajjiin taasifne irraatti ogeessotni daataa nuuf kennan haala bulchiinsi qabeenya bishaanii keessa jiru akka armaan gadiitti ibsu.

Qabeenya bishaanii Godina Keenya (Gujii) keessa jiru seera ittiin bulchinu hin qabnu. Warshaaleen albuuda baasuu irratti bobba'an kanneen akka Midrook warqii laga dambii, warshaa Tantulum Qaanxichaa fi Adola Gold Enterprise jedhaman bishaan laggeen irraa harkisanii tajaajila warshaa isaaniif kan oolchan yoo ta'u hayyama itti-fayyadama bishaanii nu biraa hin baafanne. Bishaan hedduumminaan harkisan sanatti erga fayyadamanii booda sirnaa fi hayyama tokkoo malee deebisanii gara lagaa

¹⁶⁷ Af-gaaffii Obbo Shuumii Araarsaa, Dursaa Garee Dhimma Seeraa Biirroo Misoomaa Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa, waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

¹⁶⁸ Miil-jalee olii.

sanatti gadi naqu. Waajjirri bishaanii kun hojiwwan warshaaleen sunniin qabeenya bishaanii irratti raawwatan seeraa fi tooftaa ittiin to'annu waan hin qabneef, qabeenyicha bulchaa hin jirru. Galii itti-fayyadama qabeenya bishaanii sana irraa argachuu qabnu tokkollee argachaas hin jirru jedhu.¹⁶⁹

Olitti akka ibsame, MNO qabeenya bishaan daangaa isaa keessatti argamu kamiyuu ilaalchisee seera kunuunsa tumuu fi raawwachiisuu akka danda'utti Heera RDFIn aangeffafmee jira. Aangoor kana haqabatu malee, qabeenya kana tiksuum jecha MNO seera kunuunsa qabeenya bishaanii ilaallatu baasee hin jiru. Baasuu dhabuun isaa ammoo aanga'uu qaamolee hojii kana irratti bobba'anii qixa sirriin akka hin ibsamne waan taasisaa jiruu qabeenyi kun miidhamuu irratti akka argamu ta'ee jira.

4.1.2. Aangoor Qabeenya Bishaanii Hoogganuu

Heerri RDFI kwt 52(2d) irratti mootummaan naannoo qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaa keessatti argamu bu'uura seera Mootummaan Federaalaa baasuun akka hoogganu kan aangeffame yoo ta'elnee, haala adda ta'een garuu Heerichi kwt 51(11) fi 55(2a) irratti bishaan daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo ala bahu bulchuuf jecha aangoor seera baasuu fi aangoor qabeenyicha hoogganuu kan qabu Mootummaa Federaalaa akka ta'e tumamee jira. Qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo qofa keessatti daanga'ee jiraatu ilaalchisee aangoor seera tumuu kan qabuu fi aangoor hoogganuu kan qabu mootummaa naannoo sanaa akka ta'e garagalchoon tumaa Heericha kwt 51(11) ni ibsa. Kanaafuu, aangoon qabeenya bishaanii hoogganuu mootummaalee lamaan-Mootummaa Federaalaa fi mootummaa naannoo qabeenyi sun keessa jiru- gidduutti adda qoodameera jechuu dha.

Haaluma kanaan, Mootummaan Federaalaa tumaa Heerichaa kwt 51(11) haala armaan olitti ibsameen qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo keessaa bahan kamiinuu aangoor hoogganuu qaba jechuu dha. Haala kanaan, lageenii fi haroowwan daangaa bulchiinsa MNO ala bahan fakkeenyaaaf lageen akka Awaash, Abayyaa, Gibii fi haroo Hawaasaa daangaa bulchiinsa MNO ala kan bahan waan ta'eef, haala itti-fayyadamaa fi kunuunsa isaa irratti aangoor seera tumuu qofa osoo hin ta'iin seera tumame irratti hundaa'uun haala duraa-duuba itti fayyadamaa fi kunuunsa isaa kan murteessuu fi raawwachiisuu Mootummaa Federaalaati. Bu'uuruma kanaan, qaama mootummaa Federaalaa

¹⁶⁹ Afgaaffii Obbo Hoxxeessaa Balakkoo I/Gaafatamaa, Obbo Daawwit H/Maariyaam Du/Garee Qabeenya bishaani fi Obbo Alamaayyoo Dhaabaa Ogeessa garee Bu/Iskiimii fi dhiyeessa bishaan dhugaatii Waajjira Bishaanii fi Inarjii Go/Gujii waliin gaafa 17/06/2012 taasifame.

kan ta'e Abbaan Taayitaa Misooma Sulula Laga Awaash akka ibsutti qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo kan qaxxaamuran akka taaligu kan aangefffame mootummaa federaalaati. Qaamni kun akka jedhutti laga yookaan haaroo daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo ce'an hunda aangoo bulchuu kan qabu mootummaaa federaalaati jedhu.¹⁷⁰

Gama kanaan, haalli qabatama taaliga qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa MNO keessatti argamu garuu bu'uura ibsa olitti kennameen raawwachaa kan jiru miti. Fakkeenyaaaf, qaama Mootummaa Federaalaan kan ta'e Abbaan Taayitaa Misooma Sululaa Awaash Dameen Adaamaa akka jedhutti, qabeenya bishaanii lafa jalaa fi lafa irraa jiran aangoo hoogganuu/bulchuu akka qabuu fi bu'uura aangoo kanaatiin hojjechaa akka jiru ibsa.¹⁷¹ Ogeessotni af-gaaffiin waliin taasifame akka ibsanitti Abbaan Taayitaa kun itti-fayyadama qabeenya bishaanii irratti hayyama ni kenna, faalama bishaanii ni to'ata, badiin yoo jiraate tarkaanfii ni fudhata, sadarkaa itti-fayyadama bishaanii ni baasa, kaffaltii tajaajila bishaanii garagraa ni funaana, itti-fayyadama bishaanii ni murteessa, waldaan itti-fayyadamtoota bishaanii akka gurmaa'u ni taasisa akkasumas ittisa dhiqama biyyee fi ittisa lolaa irratti ni hojjeta.¹⁷² Hojiwwan eeraman kanneen hundi, hojii qabeenya bishaanii hoogganuu keessatti kan hammataman waan ta'eef, Mootummaan federaalaan gama Abbaa Taayitaa kanaan hojii taaliga qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa MNO keessatti argaman hunda hojjechuu irratti argama.

Namootni gaaffii fi deebii wajjiin taasifne dhimma kana irratti yaada akka kennanitti, MNO qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaatii keessatti argamu hunda- bishaan daangaa bulchiinsa isaatii qaxxaamuranis ta'e kanneen hin qaxxamurre hunda irratti aangoo hoogganuu qaba jedhu. MNO qabeenya bishaanii naannoo isaa keessatti argamu hunda bu'uura seera waliigalaa jiruun hojiirra akka ooluu fi akka kunuunfamu taasisa; qaamolee bishaanitti fayyadamuu barbaadaniif hayyama itti-fayyadamuu kennuun qaamoleen sunniin sirnaan gahee hojii isaanii bahaa jiraachuu hordofuu danda'a jechuun ibsu. Haa ta'u malee, yaadni kun tumaa Heerichaa olitti ilaallee wajjiin guutummaatti kan deemu miti.

Yaada kana irratti ogeessotni waajjiraalee MNO keessaa hojjetanii fi af-gaaffiin waliin taasifame baay'een akka ibsanitti, qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa MNO keessa jiru

¹⁷⁰ Af-gaaffi Obbo Ti'izaazuu Muhammad, B/B/H/Gaggeessaa; Obbo Mohammad Hasan Adeemsa Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii, Adeemsa Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii Abbaa Taayitaa Misooma Laga Awaash Damee Adaamaa, waliin gaafa 26/08/2012 taasifame.

¹⁷¹ Miil-jalee olii.

¹⁷² Miil-jalee olii.

ilaalchisee aangoo hoogganuu kan qabu MNO dha. Ogeessotni af-gaaffiin waliin taasifame akka ibsanitti qabeenya bishaanii daangaa Oromiyaa keessaa bahan yoo ta'ellee MNO aangoo qabeenya kana hoogganuu qabu jechuun falmu. Labsiin 2013/2011 kwt 25 irratti akka tumutti MNO bishaan bulchiinsa isaatii keessatti argamu hunda aangoo hoogganuu akka qabu tumee waan jiruuf, seeraa fi qabatamaan MNO hojii qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaatii keessatti argamu hoogganuu akka danda'uu fi gahee aangoo isaatii akka ta'e amanu. Haaluma kanaan, gahee hojii qabeenya bishaanii hoogganuu keessatti hojiiwwan MNO hojjechuu qabuu fi haala raawwii isaanii akka armaan gadiitti gaggabaabsinee ilaalla.

A. Aangoo Jiraachuu Qabeenya Bishaanii Sakatta'uu

Aangoo qabeenya tokko hoogganuu keessatti gahee hojii raawwataman keessaa inni jalqabaa qabeenya taaligan sana kamii fi maal akka ta'an sirnaan sakatta'anii adda baasuu akka ta'e barrreeffamootni bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti barreeffamanii jiran ni agarsiisu.¹⁷³ Aangoo hoogganuu qabutti fayyadamee MNO qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaatii keessatti argamu bulchuu akka isa dandeessisutti, Biiroon Misooma Qabeenya Bishaanii jalqaba qo'annoo misooma sululaa gaggeessuudhaan qabeenya bishaanii lafa irraaf lafa keessaatti argamu hangaafi qulqullina isaatiin adda akka baasu aangesseera; bu'uruma kanaan Biiroon gahee hojii isaaf kennae raawwachuuf sakatta'a jiraachuu fi qulqullina bishaan jiru adda baasuu irratti akka hojjetu ta'eera. Sakatta'anii jiraachuu qabeenya bishaanii adda baasuu qofas osoo hin taane, bishaan jiru faayidaa maaliif akka ooluus adda baasuun hojii sakatta'uu kana keessatti ramadamuu dha.¹⁷⁴ Aangoo qabeenya bishaanii bulchuu keessatti gaheen hojii jalqabaa fi guddaa ta'e jiraachuu qabeenya kanaa adda baasuu fi faayidaa maaliif ooluu akka qabu murteessuu dha.¹⁷⁵ Bu'uura yaada kanaatiin, Biiroon Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa fi waajjiraaleen isaa sadarkaan jiran gaheewwan hojii isaan irratti hojjetan keessaa tokko qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaani keessatti argamu fi aangoo hogganuu qabu adda baasuu dha. Fakkeenyaaaf, Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, Hogganuu fi Dursituu garee qabeenya bishaanii Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjoo Godina Shaawaa Bahaa akka ibsanitti, hojiiwwan akka waajjiraatti isaan hojjechaa jiran keessaa tokko hojii qabeenya bishaan godinicha keessa jiru sakatta'anii adda baasuu irratti kan xiyyeffatuu dha.

B. Aangoo Hayyama Itti-Fayyadama Bishaanii Kennuu

¹⁷³ Echeme and E.C. Uban, A Correlation of Natural Resource Management and Level of Development in Developing Countries: A Case of Nigeria, fuula 28.

¹⁷⁴ Labsii Hundeeffama Qaamolee Raawwachiftuu Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, labsii lakk. 213/2011, kwt 25(1).

¹⁷⁵ Miil-jalee 173^{ffaa}.

Qaan ni aangoo qabeenya bishaanii hoogganuu qabu; qabeenya bishaanii ofii hoogganu irratti aangoo hayyama itti-fayyadamaa bishanichaa kennuu ni qabaata. Biiroon Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa waajjirri isaa sadarkaa biiroo fi godinaa irra jiru qaamolee bishaan maddisiisanii fayyadamuu barbaadaniif hayyama kennuu irratti argamu.¹⁷⁶ Namoota dhuunfaa fi waldaalee IMX bishaan boollaa baasanii dhuunfaan fayyadamuu barbaadaniif boolla qotanii baafachuu akka danda'anitti hayyama itti-fayyadamaa kennuu irratti argamu.¹⁷⁷ Daldaaltotaa fi warshaleetiif ammoo hayyama bishaanii maddisiisanii itti-fayyadamuu kan kennu waajjiira sadarkaa naannootti argamuu dha. Oromiyaa keessatti, namootni dhuunfaa, waldaaleen akkasumas dhaabbileen daldala baay'een hayyama Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii irraa argachuun bishaan boollaa baafatanii fayyadamaa kan jiran hedduu dha. Fakkeenyaaaf, Magaala Buraayyu keessa boolfi bishaanii hayyama Biirootiin qatamanii bishaan maddisiisaa jiran gara 700 tu jira.¹⁷⁸

MNO aangoo hayyama itti-fayyadama bishaanii kennuu kan gonfate ta'u fi haga tokko aangoo kanattis hojjechaa kan jiru yoo ta'ellee, namoota bishaan maddisiisanii fayyadamuu jecha gaaffii dhiyeessan keessummeessuu irratti hanqina guddatu jira. Hanqina hubannoo fi kutannoo gama waajjira kanaan jiruuf jecha qaamoleen gaaffii hayyama argachuu dhiyeessan baay'een osoo hayyama hin argatiin waan turaniif yookaan gaaffiin isaanii lafarra waan arkifamuuf, hayyamaa fi kaffaltii tokko malee bishaan qabeenya misoomaa guddaa ta'e kanatti tola fayyadamu. Fakkeenyaaaf, Ogeessotni Waajjira Misoomaa Qabeenya Bishaanii Fi Inarjii Aanaa Dugdaa taatee tokko akka fakkeenyaaatti yoo ibsan, Warshaan **Layisaa Agro Processing** jedhamu boolla qotee bishaan baay'ee fayyadamuuun wayinii oomishee biyya alaatti ergaa kan jiru yoo ta'u, warshaan kun hayyama itti-fayyadama bishaanii waajjira aanaa fi godinaa irra deddeebi'ee gaafatee deebii argachuu waan dhabeef hayyama qaama dhimmi ilaalu ala bishaani boollaa baasee fayyadamaa jira, faayidaa bishaan irraa argatu kanaaf kaffaltii raawwatu tokko hin qabu.¹⁷⁹

Itti-fayyadama bishaanii ilaachisee aangoo hayyama kennuu MNO qabu kana caasaa mootummaa kan ta'an Abbaan Taayitaa Misooma Sulula Abbaay, Abbaan Taayitaa Misooma

¹⁷⁶ Labsii Hundeeffama Qaamolee Raawwachiiftuu Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, Labsii lakk. 213/2011 kwt 25(9).

¹⁷⁷ Af-gaaffii Obbo Oliyaad Masfiin, A/Adeemsa Bulchiinsa Bishaanii fi B/B Hogganaa Waajjira Bishaanii Godiina Shawaa Lixaa, waliin gaafa 19/06/2012 taasifame.

¹⁷⁸ Af-gaaffii Dr Habtaamuu Ittafaa, Hogganaa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa fi Obbo Shuumii Araarsaa, Dursaa Garee Dhimma Seeraa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa waliin gaafa 02/09/2012 taasifame.

¹⁷⁹ Af-gaaffii Obbo Raagoo Guddataa, Ogeessa Itti-Fayyadama Qabeenya Bishaanii fi Obbo Adam Badhaadhaa, Ogeessa Qulqullina Bishaanii, Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii Fi Inarjii Aanaa Dugdaa, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

Sulula Awaash akkasumas Abbaan Taayitaa Misooma Haroo Riifti Vaalii hayyama itti-fayyadama bishaanii kennuu irratti argamu.¹⁸⁰ Abbootiin Taayitaa kanneen hayyama itti-fayyadama bishaanii lageenii fi maddeen garaagaraa irratti, haroo daangaa bulchiinsa MNO keessatti qofa argaman irratti akkasumas bishaan lafa jalaa irratti kennuu irratti argamu. Abbootiin taayitaa kanneen hayyama kennutti dabalee, qaamolee bishaanitti fayyadamani fi miidhaa geessisan irratti tarkaanfii fuhachuu irratti hojjechaa jiru.¹⁸¹ Fakkeenyaaaf, Shawaa Bahaa keessatti Waajirri misooma qabeenya bishaanii fi inarjii godinichaa, Abbaan Taayitaa Misooma Sulula Awaashii fi Abbaan Taayitaa Misooma Sulula Haroowwan Riifti Vaalii akkuma arganitti nama hayyama itti-fayyadama bishaanii gaafatuuf kennuu irratti argamu.¹⁸² Abbaan Taayitaa Misooma Sulula Abbaay bishaan boolla bishaanii Magaalaa Sulultaa, Magaalaa Amboo fi kkf keessatti qotamu irratti Magaalaa Baahir Daar ta'ee hayyama haalli itti kenu mul'ataa jira.¹⁸³

Abbootiin Taayitaa kanneenis akka ibsanitti itti-fayyadama bishaan lafa jalaa baasuu, laga jallisuu fi harootti fayyadamuu irratti aangoo hayyama kennuu akka qabani fi aangoo kanatti bal'inaan gara fuul-duraatti akka fayyadamuu qaban ibsu. Haaluma kanaan, yeroo si'anee kana qonnaan bulootni laga Awaash irraa bishaan jallifatanii ooyiruu isaanii obaasanii fi kan biroon Abbaa Taayitaa Misooma Awaash irraa hayyama baafachuun akka itti-fayyadaman ta'aa jira. Bakka tokko tokkotti ammoo MNO fi abbaan taayitaa misooma sulula laga tokkoo hojii itti-fayyadama bishaanii tokko irratti hayyama wal-faana yoo kennan jira. Fakkeenyaaaf, warshaalee bishaan saamsanii gurguruu irratti bobba'anii jiran baay'een hayyama itti-fayyadama bishaanii mootummaalee lamaan irraa baafachuun itti fayyadamaa jiru. Akka fakkeenyatti, muuxannoo warshaa saamsaa bishaanii waan (one) jedhamu akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Warshaan saamsa bishaanii Waanii jedhamuu fi Magaalaa Sabbataa keessatti argamu, hojii bishaanii boollaa baasee saamsee gurguruuf hayyama daldala federaalaa kan baafate yoo ta'u, itti-fayyadama bishaanii ilaalchisee ammoo Biiroo Bishaanii, Ijarjii fi Albuudaa

¹⁸⁰ Af-gaaffii Dr Habtaamuu Ittafaa, Hogganaa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa, waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

¹⁸¹ Afgaaffii Obbo Jamaal Huseeyinaa, Ogeessa Gamaggama, Hordoffii fi Qophii Sagantaa Sulula Lageenii Abbaa Taayitaa Misooma Haroowwan Riifti Vaalii Damee Zuwaay, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

¹⁸² Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, duraa duubaan Hogganaa fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

¹⁸³ Af-gaaffii Dr Habtaamuu Ittafaa, Hogganaa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa, waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

Oromiyaa fi Abbaa Taayitaa Misooma Sululaa Awaash irraa hayyama argateera.¹⁸⁴ Boolla bishaan keessaa baasu mooraa isaa keessatti qotatee jira. Qaamoleen itti-fayyadama bishaanii irratti hayyama kennanii jiran, warshaan sun bishaan hangam waggaatti akka fayyadamu hin beekan akkasumas tooftaa hanga itti-fayyadama bishaanii ittiin qulqulleeffatan diriirsanii hin jiran. Oromiyaan waggaatti yeroo lama yookaan yeroo sadii qofa haala hojii waliigala warshichaa qofa ilaalurraa darbee boolla bishaanii meeqa akka qotan, boollawwan sunniin hagam walirraa akka fagaatanii fi asii-gadi hagam akka dheeratan hin qulqulleeffatan akkasumas waggaatti bishaan hangam akka baasanii itti fayyadaman tooftaa ittiin adda baafatanis hin qaban.

C. Aangoo Fayyadamtoota Bishaanii To'achuu

Olitti akka ilaalle, aangoo qabeenya bishaanii hoogganuu keessaa tokko namoota qabeenya bishaanii sanatti fayyadamaa jiran qabeenya sana haala kamiin akkasumas hangam qabeenya sanatti fayyadamaa akka jiran aangoo to'achuu kan dabalatuu dha. Gahee hojii Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa keessaa tokko qaamolee qabeenya bishaan naannichaa hojiirra oolchan irratti to'annoo gaggeessuu dha.¹⁸⁵ Bu'uura tumaa labsii 213/2011 kwt 25(9)tti, Biiron kun qaamolee hayyama MNO irraa argatanii bishaan hojiirra oolchaa jiran akka to'atu haala ifa ta'een hin aangessine. Haa ta'u malee, bu'uura tumaa Heeraa armaan olitti ilaalleen, MNO aangoo qabeenya bishaanii hoogganuu waliigalaa kan qabu waan ta'eef qabeenya bishaanii Naannicha keessatti argamu hayyamni itti-fayyadamaa qaama kamiinuu yoo kennameef sirnaan hojiirra oolaa jiraachuu qaama sanaa aangoo gamaaggamuu fi to'achuu qaba jechuun ni danda'ama.

Biiron kun qabeenya bishaanii to'achuu irratti kan aangeffame yoo ta'eliee, qaamoleen hayyama itti-fayyadama bishaanii Mootummaa Federalaa irraa fudhatan tokko tokko Biiron to'annoo akka irratti gaggeessu hin barbaadan. Ogeessotni waajirichaa sadarkaan jiran akka ibsanitti, fakkeenyaaaf, warshaaleen oomisha abaaboo irratti bobba'anii jiran baay'een waajjiraaleen bishaanii to'annoo akka isaan irratti gaggeessan hin barbaadan; yeroo ogeessotni isaanii to'achuu dhaqan balbala jalaa hin banan- hin keessumeessan.¹⁸⁶ Abbaan adeemsa hojii itti-fayyadama bishaanii aanaa Baatuu akka ibsanitti, warshaaleen gurguddoon

¹⁸⁴ Af-gaffii Obbo Tageny Cebudee, Hogganee Dhiyeessii Loojistikii Warshaa Saamsaa Bishaanii Dhugaatii Waan (one water) waliin gaafa

¹⁸⁵ Labsii Hundeeffama Qaamolee Raawwachiiftuu Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, Labsii lakk. 213/2011, kwt 25(9).

¹⁸⁶ Af-gaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, duraa duubaan Hogganee fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa; Obbo Maammad Daakaa, A/Adeemsa Hojii Itti-Fayyadama Bishaanii Waajjira Misoomaa Fi Itti-Fayyadama Bishaanii A/M/Baatuu, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

akka warshaa Ethio-Share, Castle Pesticide, Soda Ash fi kkf aanaa isaanii keessatti hundeffamanii jiru. Mooraa waarshaalee kanneenii seenuun haala itti-fayyadama bishaanii fi eegumsa qulqullina naannoo to'achuuf yoo deeman hayyamamoo akka hin taane ogeessotni hojii kana hojjetan ni ibsu.¹⁸⁷ Warshaan simintoo Habashaa fi Daangotee kanneen Godina Shawaa Lixaa keessatti argaman ogeessota to'anno itti-fayyadamaa fi qulqullina bishaanii irratti hojjetan keessummeessuun raawwiin isaanii maal akka ta'e adda akka hin baasine taasisaa kan turan ta'uu ogeessotni waajjira godinichaa ni ibsu.¹⁸⁸ Gondina kana keessatti to'annoon barbaachisaa ta'ee qabeenya bishaanii irratti gaggeeffamuu dhabuunsaa, ogeessotni akka ibsanitti, mootummaan galii akka dhabu, uummatni qabeenya kanarraa akka hin fayyadamne ta'eera akkasumas faalama biyyee fi bishaaniitiif jecha beeladootni isaa akka miidhaman ta'aa jira¹⁸⁹

Bifuma walfakkaatuun, ogeessotni Godina Shawaa Bahaa hordoffii fi to'anno qabeenya bishaanii irratti akka gaggeessaniif MNOon aangeffaman akka ibsanitti, hojiwwan bishaan irratti raawwataman yeroo yerootti hordofamuu baannaan qabeenya bishaanii irratti dhiibbaa guddaa geessisu. Fakkeenyaaaf, hojii haroo Shaalaa-Abijaataa irratti ashaboo (soda ash) oomishuuf hojjetame irratti Oromiyaan hayyama hin laatne, hin hordofne waan ta'eef warshichi bishaan haroo gara oobdii ofisaatii qopheessetti paanpiin geessuun bishaan isaa keessaa urkee ashaboon (soogiddi) isaa jalatti akka ititu gochuun qabiyyee harichaa sadarkaa goguurra gahaa jira.¹⁹⁰ Qabeenyi bishaanii aanaa keenya keessa jiru baay'ee xiqlaachaa jira. Haroowwan Zuwaayii fi Dambal yeroo gara yerootti xiqlaachaa jiru. Hojiin bishaan paanpiin lafa keessaa baasuu hojjetamu duraan meetira 6 qofa gadi qotu turan, yeroo si'anee garuu meetira 12 gadi qotan malee bishaan argachaa hin jiran, water-table n gadi fagaachaa jira. Namootni to'anno tokko malee haala barbaadaniin boolla bishaanii walitti siqsanii qotuun bishaan maddisiisaa waan jiraniif, bakka baay'eetti qabeenyi bishanii haphachuu irratti argama.¹⁹¹

¹⁸⁷ Af-gaaffii Obbo Maammad Daakaa, A/Adeemsaa Hojii Itti-Fayyadama Bishaanii Waajjira Misoomaa Fi Itti-Fayyadama Bishaanii A/M/Baatuu, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

¹⁸⁸ Af-gaaffii Obbo Oliyaad Masfin A/Adeemsaa Bulchiinsa Bishaanii fi B/B Hogganaa Waajjira Bishaanii Godina Shawaa Lixaa, waliin gaafa 19/06/2012 taasifame.

¹⁸⁹ Miil-jalee olii.

¹⁹⁰ Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, duraa duubaan Hogganaa fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misoomaa Bishaanii Fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

¹⁹¹ Af-gaaffii Obbo Raagoo Guddataa, Ogeessa Itti-Fayyadama Qabeenya Bishaanii A/Dugdaa fi Obbo Habiib Nugusee, ogeessa ji'ooloojii Waajjira Misoomaa Bishaanii Fi Inarjii A/A/Tulluu, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

Waajjirri misooma qabeenya bishaanii fi inarjii sadarkaa aanaa irratti argaman tokko akka ibsanitti, hayyamni itti fayyadama bishaanii waajjira sadarkaa aanaarra jiruun kan hin kennamne waan ta'eef, ofii isaaniitii to'annoo itti-fayyadama bishaanii aanaa isaanii keessatti taasifamu gamaaggamuurraa of-quasatu. Waajjiraaleen kanneen akka ibsanitti itti-fayyadamaa fi qulqullina bishaanii irratti to'annoo qaamni gaggeessu, qaama hayyama kenne sana qofa. Fakkeenyaaaf, Waajjirri Misoomaa Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaa Sabbataa Hawaas akka ibsutti warshaaleen bishaan saamsanii gurguran kan akka warshaa "best" fi "care" jedhaman aanaa isaanii keessatti kan argaman yoo ta'eliee itti-fayyadamaa bishaanii warshaalee kanneenii irratti to'annoo gaaf-tokkollee hin gaggesine: Birootu gaggeessa jedhanii amanu.¹⁹²

Ogeessotni af-gaaffiin waliin taasifame kanneen akka ibsanitti, qaamolee bishaanitti fayyadamanii fi to'annoo fi hordofin itti akka hin taasifamne gochaa jiran seerri ittiin dirqisiisanii fi tarkaanfii irratti ittiin fudhatan hin jiru.¹⁹³ Jiraachuu dhabuun seera rogummaa qabuu, qaamoleen itti-gaafatatummaa to'annoo gaggeessuu qaban hojii isaanii sirnaan akka hin baane gochuu keessatti gahee guddaa raawwachuu irratti argama. Qaamoleen tokko tokko ammoo qaama kamirraayyuu hayyama osoo hin baafataniin bishaanitti kan fayyadaman yoo ta'an, to'annoo MNO taasisu fudhachuu diduutti dabalee tarkaanfii isaan fudhatanillee tufachuun itti-fayyadama bishaanitti kan fufan jiru. Fakkeenyaaaf, Waajjirri Misoomaa Bishaanii fi Inarjii Godina Shawaa Bahaa akka ibsutti, Warshaan Hiris Agony jedhamu hayyama tokko malee bishaan boollaa baasee gurguraa kan ture yoo ta'u, sirreeffama barbaachisu gochuu waan dideef ni saamsine. Qaama Federaalaa hin beekamneen akka banamu taasifamee hojii itti-fufee hojjechaa erga turee booda, haala ifa hin taaneen warshicha gurguree deeme.¹⁹⁴ Diddaan kun yeroo dheeraaf bal'inaan gaggeeffamaa kan ture yoo ta'eliee dhiyeenya keessa to'annoo itti-fayyadamaa fi qulqullina bishaanii irratti MNO gaggeessuu irratti gara hayyamamoo ta'uutti deemaa akka jiran ogeessonti af-gaaffii waliin taasifne ibsu.

D. Aangoo Eegumsa Naannoo Kabachiisuu

Aangoo qabeenya bishaanii hoogganuu keessaa tokko itti-fayyadama bishaaniin wal-qabatee miidhaa eegumsa naannoo irratti gahuu danda'u qulqulleessuun sirreeffamni barbaachisu fudhatamaa akka deeman taasisuu dha. Haa ta'u malee, haala tumaa Heerichaa kwt 51(11)tti

¹⁹² Af-gaaffii Obbo Isheetuu Warquu, Itti-Gaafatamaa Waajjira Misoomaa Qabeenya Bishaanii Fi Inarjii Aanaa Sabbataa, waliin gaafa 08/07/2012 taasifame.

¹⁹³ Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, duraa duubaan Hogganaa fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misoomaa Bishaanii fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

¹⁹⁴ Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, Hoggantuu fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misoomaa Bishaanii Fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

MNO qabeenyi bishaanii Naannoo Oromiyaa keessatti argamu kameyyuu kunfamee akka turuu fi bifa eegumsa naannoo wajjiin wal-simuu danda'uun eegamee akka turu taasisuu keessatti aangoo dursaa akka qabu tumeera.

Qabeenyi bishaanii Naannoo Oromiyaa keessa jiru kumuunfamee eegamuu irratti hanqina bal'aatu jira. Fakkeenyaaaf, daangaa fi sululli Laga Awaash sirnaan kumuunfamaa fi to'atamaa waan hin jirreef ganna 2011 fi 20112 lagni kun guutee jiraattota naannoo irratti miidhaa guddaa akka geessisaa tura namootni af-gaaffii deebisanii fi dhimma kanarratti hojjetan ni ibsu.¹⁹⁵ Waajjirri Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaa Baatuu akka ibsutti, qabeenyi bishaanii Aanicha keessatti argamu yeroo gara yerootti xiqaachaa akka jiru ibsa; fakkeenyaaaf, Haroon Baatuu wagga shaniin dura meetira 8 kan fagaatu yeroo ammaa kana meetira 3 qofa gadi fagaata: baay'ee xiqaateera jechuu dha.¹⁹⁶

MNO kumuunsa qabeenya bishaanii irratti aangoo seera baasuu fi hoogganuu kan qabu yoo ta'elée, dhimma kana irratti seera baase hin qabu; eegumsaa fi kumuunsa bishaanii hoogganaa hin jiru. Hoogganuu dhabuunsaa kun ammoo olitti akka ibsame, miidhaa guddaa qabeenya bishaanii irratti geessisaa jira. Rakkoo kana furuuf hojni fuulleffatamee itti-deemamaa jiru hin jiru. Haa ta'u malee, Mootummaan Federaalaa dhimma kana irratti aangoo kallattiin kennameef kan hin qabne yoo ta'elée, Abbaan Taayitaa Misooma Sululaa Rifti Vaalii akka ibsutti, hojii eegumsa qulqullina bishaanii fi misoomsa isaa bal'inaan gaggeessaa akka jiru ibsa. Itti-dabaluuunis, Abbaan Taayitaa kun qaama qabeenya bishaanii irratti miidhaa geessisu seeratti dhiyeessuun tarkaanfiin seeraa akka irratti fudhatamu taasisuu irratti akka hojjechaa jiru akeeka.¹⁹⁷

4.1.3. Galii fi Qoodinsa Galii Qabeenya Bishaanii

Hojjirra ooluu qabeenya bishaanii irraa galii MNO argatu inni jalqabaa galii kaffaltii hayyama itti-fayyadama bishaanii irraa argamuu dha. Namootni hayyama itti-fayyadama bishaanii MNO irraa baafatan waggaatti kaffaltii hayyama itti-fayyadama bishaanii ni raawwatu; yeroo baay'ee yeroodhuma hayyama sana haaromsan akka kaffaltii hayyama haaromsaatti kaffalu.¹⁹⁸ Haaluma kanaan, warshaalee fi hoteelotni hayyama itti-fayyadama bishaanii MNO irraa baafatan waggaatti yeroo hayyamicha haaromsan maallaqa baay'ee

¹⁹⁵ Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, Hoggantuu fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii Fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2102 taasifame.

¹⁹⁶ Af-gaaffii Obbo Mohammad Daakaa, A/Adeemsa Hojii Itti-Fayyadama Bishaanii Waajjira Misoomaa Fi Itti-Fayyadama Bishaanii A/M/Baatuu, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

¹⁹⁷ Af-gaaffii Obbo Jamaal Huseeyinaa, Ogeessa Gamaggama, Hordoffii Fi Qophii Sagantaa Sulula Lageenii Abbaa Taayitaa Misooma Haroowwan Rifti Vaalii Damee Zuwaay, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

¹⁹⁸ Heera RDFI, kwt 97(9).

muraasa ta'e kaffalu. Fakkeenyaaaf, Warshaan Saamsaa Bishaan Dhugaatii Waanii jedhamu Magaalaa Sabbataa keessaa bishaan boollaa baasee saamsee gurguruun walakkaa waggaa bara kanaa keessatti galii qarshii biliyoona tokkoo ol argateera. MNO hayyama boolla bishaanii qotachuu ilaalchisee kenne haaromsuun wal-qabatee galii qarshii 250 qofa waggaatti argata. Abbaan Taayitaa Misooma Sulula Awaash ammoo hayyama itti-fayyadama bishaanii yeroo haaromsu waggaatti qarshii 2520 walitti qabachuu irratti argama. Dhimma tokko irratti hayyama wal-fakkaatu MNO fi Abbaan Taayitaa Misooma Sulula Awaash kan kennan yoo ta'u, xiqqaa yoo ta'el ee garaagarummaan kaffaltii qaamolee kanaaf kaffalamu garuu guddaa dha jechuun ni danda'ama. Warshaan sun bishaan dachii Oromiyaa keessaa baasuuf MNOtiif waggaatti qarshii 250 yoo kaffalu, ofii isaatii ammoo bisaan baase sana waggaatti gara qarshii biliyoona lamaatti akka garuguraa jiru ibsa

Warshaan kun bishaan Oromiyaa keessaa baasee gurguree sababa fayyadamuuf, kallattiin MNOtiif galii galchu hin qabu; warshaan sun haga bishaan fayyadamu tilmaamamee akkasumas gurgurtaa raawwatu keessaa shallagamee MNOtiif galii galu tokkoyyu hin jiru. Aanga'an warshaa kanaa akka ibsanitti, MNO galii mootummaa federaalaatiif galu akka isaaq kaffalamuu qabu darbanii darbanii afaaniin kan gaafatan yoo ta'el ee, akka waajjiraatti xalayaan ejjennoo isaanii kana ibsuun kan hin gaafanne akka ta'ee fi itti-gaafatamummaa fudhatanii kan itti hin deemne ta'uu ibsu.¹⁹⁹

Waajjirri Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaa Baatuu akka ibsutti, waajjirri misooma qabeenya bishaanii fi inarjii olaanaa naannichaa (Biiroon) ajaja afaanii kennuu qofaan warshaalee fi qote-bultoota laga yookaan boolla keessaa bishaan baasanii itti fayyadaman irraa galii akka walitti qaban ibsuu alatti, sirna diriirsuun mootummaan galii qabeenya kana irraa akka argatu taasisu hin diriirsine.²⁰⁰ Angawoonti af-gaaffii waliin taasifne tokko tokko ammoo akka ibsanitti, MNO namootni dhuunfaa bishaan boollaa baafatanii akka itti fayyadamanii fi ittiin qonnaa gaggeeffatan ni jjabeessina malee gatii isaan hin kaffalchiifuun barbaachisaadha jedhanii akka hin amannee fi kaffalchiisufis akka itti hin deemne ibsu.²⁰¹ Kanaafuu, bakka baay'eetti, ogeessotni waajjira misooma qabeenya bishaanii fi inarjii akka ibsanitti, warshaalee fi hoteelotni hayyamaa fi to'anno tokko malee bishaan

¹⁹⁹ Af-gaaffii Obbo Tageny Cebudee, Hogganah Dhiyeessii Loojistikii Warshaa Saamsaa Bishaanii Dhugaatii Waan (one water), waliin gaafa 08/07/2012 taasifame.

²⁰⁰ Af-gaaffii Obbo Raagoo Guddataa, Ogeessa Itti-Fayyadama Qabeenya Bishaanii fi Obbo Adam Badhaadhaa Ogeessa Qulqullina Bishaanii Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii Fi Inarjii Aanaa Dugdaa, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

²⁰¹ Af-gaaffii Obbo Isheetuu Warquu, Itti-Gaafatamaa Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii Fi Inarjii Aanaa Sabbataa, waliin gaafa 08/07/2012 taasifame.

boollaa baafatanii itti fayyadamaa jiru; qaamoleen muraasni ammoo bishaan boollaa baasuun ifatti gurguruu irratti argamu. Bifuma wal-fakkaatuun, Go/Gujii/ A/shakkisoo keessa warshaan warqii baasu kan Midrok jedhamu Laga Awaaxee jedhamu harkisuun Dam irratti hojjechuun, Adola Gold enterprise jedhamus akkasuma laga biraa harkisuu qabeenya bishaaniitti ni fayyadamu garuu hayyama qaama MNO irraa fudhatan hin qabani, seerri waan kana nu qajeechus hin jiru, kaffaltiin kaffalamus hin jiru jedhu.²⁰² Qaamoleen bishaanitti fayyadaman kanneen kaffaltii tokkollee Mootummaa Noonnoo Oromiyaatifis ta'e Mootummaa Federaalaatiif kaffalaa hin jiran.

Heerri RDFI kwt 97(2)tti mootummaaleen naannoo warshaalee hayyama itti-fayyadama lafaa baafachuun dachii naannoo isaanii irratti qubatanii hojii isaanii raawwitatatan irraa kaffaltii hayyama itti-fayyadama lafaa akka walitti qabatan aangessee jira. Haaluma kanaan, warshaaleen naannoo Oromiyaa keessatti hundeffamanii lafa liiziin argachuun hojii invastimantii raawwatan dachii itti-fayyadamanifi jecha waggatti kaffaltii itti-fayyadama lafaa- kaffalltii liizii raawwatu. Galii MNO hojiirra oolmaa qabeenya bishaanii irraa argachaa jiru kan biraan bu'uura Heerichaa kwt 97(1) tti, gibira galii hojjettoota warshaa bishaan maddisiisanii gurguran irraa argamu dha.

Akka naannoo Oromiyaatti namoota bishaan boolla dhuunfaatti baafatanii mana jirenyaaif yookaan hoteelaaf fayyadamuu barbaadan ilaalchisee haalli kenniinsa hayyamaa fi kaffaltii isaan raawwachuu qaban irratti hojmaatni diriire hin jiru. Hima biraan, biiroon misooma qabeenya bishaanii fi inarjii namoota sarara bishaan dhugaatiitti fayyadaman sirna ittiin kaffalchiisu diriirsun alatti namoota bishaan boollaa fi bishaan lagaa qonnaa fi qulqullinaaf fayyadaman sirna ittiin kaffaltii raawwachiisu hin diriirsine. Galii itti-fayyadama bishaanii sassaabuu ilaalchisee iftoominni seeraa fi yaadaa waan hin jiiree mootummaan Federaala bishaan kamirraa akka fayyadamuu akkasumas nuyi bishaan kami irraa akka fayyadamu adda baafachuu qabna turre.²⁰³

Abbootiin Taayitaa misooma sululaa itti-fayyadama bishaan lafa jalaa fi lafa irraa akka haroo fi lageenii irratti hayyama kennuun, gatii itti-fayyadamaa kaffalchiisuun galii walitti qabachuu irratti argamu. Bal'inaan qonnaan bultoota jallisii laga Awaash irraa jallisanii itti-fayyadamaa jiran dhuunfaatti waggaatti kaffalchiisuun galii guddaa walitti qabachuu irratti

²⁰² Afgaaffii Obbo Dessaaleny Alamu B/Bu'aa Waajjiraa, Obbo Takkaa Yaadaa Ogeessa Qulqullina Bishaanii fi Obbo Saamsoon Tseggaayee Ogeessa Hirmaanna Hawaasaa Wa/Bishaanii fi Inarjii A/Shakkisoo, waliin gaafa 19/06 taasifame.

²⁰³ Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, duraa duubaan Hogganah fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii Fi Albuuddaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

argamu.²⁰⁴ Naannoo sulula laga Awaash keessatti namoota bishaan maddisiisanii yookaan laga irraa jallisanii itti fayyadaman kaffalchiisuu irratti kan argaman yoo ta'u bakka birootti, fakkeenyaaf, sulula haroowwan riifti vaalii keessatti ammo kaffalchiisaa hin jiran.²⁰⁵ Sirni kaffaltii itti-fayyadama bishaan sararaa fi boolla bishaanii mootummaan diriirsuu/maddisiisu ala jiran akka abbootii taayitaattis diriiree waan hin jirreef, gama kanaan bulchiinsi qabeenya bishaanii sirna hin arganne jechuun ni danda'ama.

Ogeessotni abbootii taayitaa misooma sulula lageenii af-gaaffiin walii wajjiin taasifame akka ibsanitti, qaamni qabeenya bishaanitti fayyadamuu fi qaamni biraan akka itti fayyadamu taasisu kaffaltii itti-fayyadama bishaanii isaaniif kaffaluu akka qabuu fi isaanis yaada kana lafa qabsiisuu irratti hojjechaa akka jiran ibsu. Fakkeenyaaf, ogeessa Abbaa Taayitaa sululua Laga Awaash akka ibsanitti, Bulchiinsi Magaalaa Adaamaa bishaan dhugaatii jiraattota magaalichaatiif dhiyeessaa jiru laga Awaash irraa jallisaan waan jiruuf, kaffaltii Abbaa Taayitaa Misooma Sulula Laga Awaashii akka kaffalu haala mijessaa jiru. Abbootiin Taayitaa Misooma Sululaa itti-fayyadama qabeenya bishaan lafa irraa fi lafa jalaa irraa galii walitti qabaa jiran irraa kallattiin MNOtiif kan qoodan hin qaban.²⁰⁶

4.1.5. Caasaa Biroo Bishaanii

Biiroon Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii sadarkaa godinaa fi aanaatti argamu caasaa/adeemsa misooma bishaanii irratti hojjetu qofa qaba; hojii ijaarsa bishaan dhugaatii magaalaa fi baadiyyaa irratti xiyyeffata.²⁰⁷ Waajjiraaleen qabeenya bishaanitti itti-siqeenya jiran kanneen bishaan akka qabeenya uumaamaa miidhamuu danda'utti fudhachuun kunuunsaa fi tika isaarratti hojjechaa hin jiran jechuun ni danda'ama. Hojin bulchiinsa qabeenya haala waliigala yaad-rimee isaatiin hooggansa bulchiinsa bishaanii gubbaa haga gadiitiin hojjetamaa hin jiru.²⁰⁸ Haa ta'u malee, dhiyeenya kana keessa waajjirri aanaa ogeessi tokko gahee hojiisaa idileetti dabalee hojii kunuunsa qabeenya bishaanii akka hojjetu taasisuu irratti argamu; ogeessi akka *focal person* tti hojjetu kun hojii bulchiinsa qabeenya bishaanii

²⁰⁴ Miil-jalee olii.

²⁰⁵ Af-gaaffii Jamaal Huseeyinaa, Ogeessa Gamaggama, Hordoffii Fi Qophii Sagantaa Sulula Lageenii Abbaa Taayitaa Misooma Haroowwan Rifti Vaalii Damee Zuwaay, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

²⁰⁶ Af-gaaffii Obbo Shuumii Araarsaa, Dursaa Garee dhimma Seeraa Biirroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii, waliin gaafa waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

²⁰⁷ Af-gaaffii Obbo Yaasin Abbaa-Duraa, B/B Hogganaa Waajjira Bishaanii fi Inarjii Godina Jimmaa, waliin gaafa 25/06/2012 taasifame.

²⁰⁸ Af-gaaffii Dr Habtaamuu Ittafaa, Hogganaa Biirroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa, waliin gaafa waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

keessatti maal raawwachuu akka qabu hin beeku- tarreen gahee hojii ogeessa kanaa akka hojmaataatti diriiree hin jiru.²⁰⁹

4.2. Hooggansa Qabeenya Albuudaa

4.2.1. Aangoo Seera baasuu fi Qabatama Jiru

Boqonnaa lammaffaa barruu kanaa keessatti heerri RDFI mootummaan federaalaa itti-fayyadama, misoomaa fi eegumsa qabeenya uumamaa irratti aangoo seera baasuu akka qabaatu kan aangesse akka ta'ee²¹⁰ fi mootummaaleen naannoo qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu seera mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuun kan bulchan akka ta'e²¹¹ kan akeeke ta'uu ilaallee jirra. Qabeenyi albuudaa qabeenya uumamaa keewwata heeraa kana keessatti ibsame keessaa tokko dha. Kana jechuun bu'uura heera RDFI tiin, qabeenya albuudaa irratti aangoo seera baasuu kan qabu mootummaa federaalaa yoo ta'u, naannoleen qabeenya kana seera mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuun kan bulchan ta'a.

Aangoo seera baasuu heera RDFI tiin kennameef bu'uura godhachuun mootummaan federaalaa yeroo garagaraa labsiwwanii fi dambiiwwan adda addaa baasaa kan ture yoo ta'u, seerri albuudaa hojiirra jiru labsii albuudaa lakk. 678/2002, labsii albuudaa lakk. 678/2002 fooyessuuf labsii bahe lakk. 816/2005 fi dambii albuudaa mana maree ministeerotaa lakk. 434/2010 dha. Labsiwwan kunneen kan bahan aangoo heerri RDFI mana maree bakka bu'oota uummataaf kenne bu'uura godhachuun ta'uu akeeku.²¹² Labsii kana raawwachiisuuf mootummaan federaalaa karaa mana maree ministeerotaa dambii hojii albuudaa lakk. 423/2010 baasuun hojiirra oolchee jira. Qabeenya albuudaa ilaachisee, aangoo seera baasuun wal-qabatee mootummaa federaalaa irratti gaaffiin aangoo ka'uu danda'u hin jiru, falmiin gama kanaan mul'atus hin jiru.

Gama Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin, Caffeen Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii Bulchiinsa Hojiirra Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe, lakk.223/2012 baasuun hojiirra oolchee jira. Labsiin kun akkaataa Heera MNO

²⁰⁹ Af-gaaffii Obbo Raagoo Guddataa, Ogeessa Itti-Fayyadama Qabeenya Bishaanii fi Obbo Adam Badhaadhaa Ogeessa Qulqullina Bishaanii Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii Fi Inarjii Aanaa Dugdaa, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

²¹⁰ Heera RDFI kwt 51(5), fi kwt 55(2)(a).

²¹¹ Miil-jalee olii, kwt 52(2)(d).

²¹² Labsii Albuudaa lakk. 678/2002, seensa keeyyata 4^{ffaa}.

fooyya'ee bahe lakk. 46/1994 keewwata 49 (3)(a) tiin kan labsame ta'uu akeeka.²¹³ Qabiyyeen labsii kanaa yammuu ilaalamu, irra jireessaan labsii hojiwwan misooma albuudaa lakk. 678/2002 mootummaan federaalaa baase waliin wal-fakkii kan qabu yoo ta'u, dhimmoota muraasa irratti immoo garaagarummaa kan qabuu fi dhimmoota haaraas kan qabatee bahe dha jechuun ni danda'ama.

Haa ta'u malee, MNO qabeenya albuudaa irratti seera tumuuf aangoo inni qabu irratti gaaffiin ka'uu mala. Dhimma kana ilaachisee hirmaataan qorannoo tokko heerri RDFI aangoo bulchiinsa qabeenya albuudaa naannooleef kan kennee jiru waan ta'eef, aangoon bulchiinsaa immoo aangoo seera baasuu waan hammachuu danda'uuf akkasumas, seera osoo hin baasin qabeenya kana bulchuun waan hin danda'amneef, MNO labsii hojiwwan misooma albuudaa akka baasee fi labsii kana baasuun isaas sirrii akka ta'e kaasu.²¹⁴ Bu'uruma irraa dhimmi kun yammuu ilaalamu heerri RDFI qabeenya albuudaa ilaachisee aangoo seera baasuu mootummaa federaalaaf kennuun, naannoleen immoo seera mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuun qabeenya kana kan bulchan akka ta'e akeeka. Heerri RDFI ifatti mootummaaleen naannoo qabeenya albuudaa daangaa naannoo isaanii keessatti argamu ilaachisee seera baasuu akka danda'aniif ifatti waan aangesse hin qabu.²¹⁵ Labsii Bulchiinsa Hojiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee bahe lakk. 223/2012 kun Heera MNO fooyya'ee bahe lakk. 46/1994 keewwata 49 (3)(a) bu'uura godhatee kan labsame ta'uu kan akeeku yoo ta'u; keewwatni heeraa eerame kun Caffeen Bulchiinsa MNO akka Heera MNO tti seerota adda addaa heeraa fi seerota Federaalichaa hin fallessine ni tuma jechuun kaa'a. Gama biraan, heerichi aangoo fi hojiileen Heera RDFI keessatti addaan baafamanii mootummaa federaalaatiif yookiin mootummaa federaalaa fi mootummaa naannootiif waloon kennamaniin ala jiran kamiyyuu kan mootummaa naannoo akka ta'u akeeka.²¹⁶ Dabalees, mootummaan naannoo Seera mootummaan federaalaa baasurratti hundaa'uudhaan lafaa fi qabeenya uumamaa kan bulchu akka ta'e heerichi tumee jira. Heerri Naannichaa kun dhimmoota adda addaa irratti Caffeen MNO seera baasuu akka danda'u ifaan tarreessee kan jiru yoo ta'u, qabeenya uumamaa ilaachisee garuu caffichi seera akka baasuuf hin aangeessine.

²¹³ Labsii Bulchiinsa Hojiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe Lakk. 223/2012, seensa keeyyata 4^{ffaa}.

²¹⁴ Af-gaaffii Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayirekteera Daayiroktereetii Kennaa Hayyamaa Fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

²¹⁵ Heera RDFI, kwt 52(2).

²¹⁶ Miil-jalee olii, kwt 52(1).

Labsiin bulchiinsa hojiiwwan albuudaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe Lakk. 223/2012 kun akkaataa Heera MNO fooyya'ee bahe lakk. 46/1994 keewwata 49 (3)(a) kan bahe ta'u akeekus, heerichi caffen naannichaa dhimmoota aangoo heera RDFI tiin Mootummaa Federaalaatiif ykn waloon irratti hin kennamne qofa irratti seera akka baasuuf seeronni bahan heera RDFI waliin kan walitti hin buune ta'u akka qabu kan kaa'uuf aangoon qabeenya albuudaa irratti seera tumuu kan mootummaa federaalaa ta'u heerri RDFI kan tumee jiru waan ta'eef, seerichi akkaataa Heera Naannichaatiin kan bahedha jechuuf nama dhiba. Labsiin caffee naannichaatiin bahe kun dhimmoota tokko tokko irratti tumaalee labsii albuudaa mootummaan federalaa baase waliin kan wal-faallessu, dhimmoota biroo muraasa irratti immoo kanneen labsii albuudaa mootummaan Federaalaa keessatti hin ilaalamne kan ilaale dha. Fakkeenyaaaf hiikkoo hayyama albuuda sadarkaa xiqqa fi guddaa, gosa hayyamaa, bara hayyamaa fi k.k.f irratti garaagarummaa qaba. Kun immoo bulchiinsa qabeenya albuudaa irratti aangoo seera baasuu heerri RDFI Mootummaa Federaalaaf kenne kan faallessu dha.

Gama biraatiinis, labsiin hojiiwwan misooma albuudaa Oromiyaa kun dhimmoota hedduu ta'an irratti labsii misooma albuuda federaalaa waliin tumaalee wal-fakkaataa qabeenya albuudaa bulchuuf bahan kan qabu yoo ta'u, seera wal-fakkaataa ta'e irra deebiin tumuun qisaasama qabeenya fi yeroo mootummaa kan qaqqabsiisu yoo ta'e malee barbaachisummaa hin qabu. Heerri RDFI, aangoo bulchiinsa qabeenya albuudaa irratti seera tumuu mootummaa federaalaaf qofa kan kennee jiru waan ta'eef, dhimmootuma seeronni albuudaa Mootummaa Federaalaan bahan hin haguugin hafan irrattillee seera baasuuf Mootummaan Naannoo Oromiyaa aangoo hin qabu. Dhimmootni seerotaan haguuggii argachuu qaban yoo jiraataniif hojiiwwan misooma albuudaa keessatti qorumsa ta'e yoo mudate illee, qaamni dhimmicha irratti seera baasuuf aangoo qabu seerota bahan akka fooyyessu ykn jijiiruuf yaada dhiheessuu ykn dhiibbaa gochuu malee ofiif seera baasuu bu'urri heeraa isa dandeessisu hin jiru.

Heerri RDFI naannoleen qabeenya albuudaa daangaa naannoo isaanii keessatti argamu kan bulchan ta'u kan tumee jiru ta'u isaa irraan kan ka'e namoonni tokko aangoon qabeenya bulchuun kun seerota baasuu ni dabalata falmii jedhu yeroo itti dhageessisantu mul'ata. Ta'us, Heerri RDFI naannoleen qabeenya uumamaa seerota mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuun kan bulchan ta'u akeekee jira. Kana jechuun naannoleen haala kamiin qabeenyicha akka bulchan seera kan baasu mootummaa federaalaa waan ta'eef akkaataa seera mootummaan federaalaa baasuun qabeenyicha bulchu malee seera ofiif baasaniin ta'u

hin danda'u. Muuxannoo biyyootaa boqonnaa 2^{ffaa} qorannoo kanaa keessatti ilaalle irraas kan hubannu, biyyoota qabeenya uumamaa irratti aangoo seera baasuu mootummaa federaalaaf qofa (exclusive) kenuun aangoo qabeenyicha bulchuu naannoleef kennan keessatti naannoleen seera mootummaan federaalaa baasuun alatti seera hojiiwwan misooma albuudaa baasuu hin danda'ani.²¹⁷ Haa ta'u malee, aangoon seera bulchiinsa qabeenya albuudaa mootummaa federaalaaf qofaatti (exclusively) kan kenname ta'us, naannoleen qabeenya kana bulchuuf heerichaan aangeffamanii kan jiran waan ta'eef, dirqama seera raawwachiisuu isaanitti kenname sirnaan bahuuf caaseffama bulchiinsaa qabeenya kana bulchuuf isaan dandeessisu seeraan diriirsuu kan isaan dhorku hin jiraatu. Seerri naannoleen baafatan sadarkaa naannootti qaama mootummaa qabeenya albuudaa bulchu hundeessuu fi aangessuu, caasaa qaama kanaa sadarkaa sadarkaan ijaaruu fi dhaabuu, akkaataa raawwii hojii bulchiinsaa fi hojimaata isaa seeraan diriirsuu fi k.k.f irra kan darbe ta'uu hin qabu.

Walumaagala, labsiin bulchiinsa hojiiwwan albuudaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe lakk. 223/2012 dhimmoota aangoo bulchiinsa qabeenya albuudaa heera RDFI tiin naannoleef kenname qofa bu'uura godhatee kan bahe dha jechuun hin danda'amu. Labsichi dhimmoota bulchiinsa hojiiwwan misooma albuudaa irratti tumaalee hedduu kan of keessatti hammate, bakka hedduutti dhimmoota labsii misooma albuudaa Federaalaa lakk. 678/2002 keessatti haguuggii argatan irra deebiin kan tumee fi dhimmoota muraasa irratti immoo labsii albuuda Federaalaa waliin kan wal hin simne, akkasumas dhimmoota haaraa labsii federaalaan haguuggii hin arganneef haguggii kan kenne dha. Kun immoo Caffeen MNO daangaa aangoo heera RDFI tiin kennameefiin ala bahuun dhimma seera irratti baasuuf aangoo hin qabne irratti seera baase jechuuf nama dandeessisa.

4.2.2. Aangoo Qabeenya Albuudaa Taaliguu MNO fi Qabatama

Itoophiyaa keessatti Mootummaaleen naannoo qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu bulchuuf aangoo qabu.²¹⁸ Naannoleen seerota mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuun itti-gaafatatummaa bulchiinsaa isaanii akka bahatan heerri RDFI ni akeeka. Qabeenya uumamaa naannoleen aangoo bulchiinsaa irratti qaban keessaa tokko qabeenya albuudaa ti. Naanno Oromiyaa qabeenya albuudaatiin badhaatuu yoo taatu, akka biyyaatti naannolee hojiiwwan misooma albuudaa keessatti babal'atan keessaa sadarkaa

²¹⁷ Bulchiinsa Qabeenya albuudaa irratti fakkeenyaaaf muuxannoo biyya Indiyaa.

²¹⁸ Heera RDFI, kwt 52(2)(d).

jalqabaa irratti argamti.²¹⁹ Mootummaan Naannoo Oromiyaa qabeenya albuudaa naannoo isaa keessatti argamu taaliguuf (bulchuuf) aangoo heera RDFI tiin kennameef qaba.

Haa ta'u malee, Heerri RDFI kwt 52(2d) irratti mootummaaleen naannoo aangoo qabeenya uumamaa bu'uura seera mootummaan federaalaa baasuun hogganuu akka danda'an ibsuu alatti aangoon kun hojiiwan akkamii of keessatti akka qabatu hin ibsu. Barreeffamootni garagaraa akka ibsanitti, qaamni qabeenya uumamaa taaligu ykn bulchu qabeenya kana ilaachisee seerota qaama seera baasuuf aangoo qabuun bahan raawwachiisuu (executive power) akka ta'e akeeku. Muuxannoon biyyoota sirna federaalizimiitiin bulnii akka agarsiisutti,²²⁰ qaamni aangoo qabeenya albuudaa akka bulchuu fi to'atuuf aangeffame aangoo qabeenya sana irratti hayyama albuudaa gosa adda addaa kennuu, haareessuu, haquu; qabeenya albuuda liiziin kennuu, bakka hojiin misooma albuudaa gaggeeffamutti to'annaaf fi hordoffii eegumsa naannoo taasisuu, lafa hojiin misooma albuudaa irratti gaggeeffamu irraa kiraalafaa sassaabuu, royaalitii sassaabuu fi k.k.f ni qabaata.

Aangoon qabeenya albuudaa bulchuu ykn taaliguu hojiiwan akkamii of keessatti akka qabatu heerichaan ibsamuu baatus, akkuma barruuwan garagaraa fi muuxannoob biyyootaa irraa hubannutti, aangoo seera bahe raawwachiisuu ti. Labsiin hojiiwan albuuda federaalaa lakk.. 678/2002 ifatti qabeenya albuudaa bulchuun maal akka ta'e hiikkoodhaan kaa'uu baatus, kutaan shanaaffaa labsichaa mata duree guddaa "bulchiinsa (administration)" jedhuun kan taa'e yoo ta'u, dhimmootni kutaa kana jalatti ilaalamani hundi, hojiiwan aangoo qabeenya albuudaa bulchuu ykn taaliguu ilaalan waan ta'eef, aangoon qabeenya albuudaa taaliguu ykn bulchuu maal akka ta'e sirriitti kan akeeku dha. Haaluma kanaan, qaamni gosa hojii albuudaa akka hayyama irratti kennuuf aangoon kennameef aangoo bulchiinsaa garagaraa akka qabaatu tumaa labsichaa keewwata 52(4) irraa ni hubatama. Hima biraatiin, mootummooleen naannoos ta'e, mootummaan federaalaa gosa hojii albuudaa ofiif hayyama akka kennaniif aangoon kennameef irratti aangoo bulchiinsaa keewwattoota kutaa 5^{ffa} labsichaa keessattuu kanneen keewwattoota 52(4) fi 54 jalatti caqasaman kan qabaatan ta'a. Aangoowwan kunniin iyyata hayyamaaf dhiyaatu keessummeessuu, hayyama kennuu, hayyama haquu, hayyama fooyyessuu, waliigaltee raawwachuu, hordoffii taasisuu, qaamni hayyama hojii albuudaa fudhatu dirqamoota heyyamni albuudaa kaa'u bahachuudhaaf qabeenya maallaqaa gahaa fi gahumsa teknikaa gahaa ta'e qabaachuu isaa mirkaneessuu,

²¹⁹ Af-gaaffii Obbo Yirdaw Nagaash, D/Olaanaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa waliin gaafa 24/03/2012 taasifame.

²²⁰ Fakkeenyaaaf Muuxannoob bulchiinsa qabeenya albuudaa biyya Indiyaa fi Maaleezyi'aa.

kaffaltiiwan rooyaalitii, kira fi kanneen biroo sassaabuu fi odiitii gochuu, hojiin hojjetamu faalama naannoo kan hin uumne ta'uu mirkaneessuu fi hojiiwan albuudaa akkaataa labsii, dambii fi qajeelfama bahee fi waliigaltee jiruun hojjetamaa jiraachuu isaa hordofuu fi mirkaneessuu, odeeffannoo fi rikordii herregaa abbaa hayyamaa gaafachuun fuudhuu fi kanneen biroo dabalata.²²¹ Kanatti dabaluunis, aangoowwaan tumaa seerichaa keewwata 54 jalatti tarreffaman kan qabaatan ta'a. Walumaagala, aangoon qabeenya albuudaa bulchuu seerota hojiiwan albuudaa bulchuuf bahan raawwachiisuu yoo ta'u, aangoowwan fi dirqamootni hojii kutaa 5^{ffa} labsii hojiiwan albuudaa lakk. 678/2002 keessatti ibsaman maalummaa aangoo qabeenya albuudaa bulchuu sirriitti kan agarsiisani dha.

MNO qabeenya albuudaa daangaa naannoo isaa keessatti argamu bulchuuf aangoo heeraan kennameef kan qabu ta'us, qabatamni seeraa fi hojimaataa jiru mootummaan naannichaa aangoo heeraan isaaf kennam hojiirra oolchaa akka hin jirre kan agarsiisuu dha. Labsiin Bulchiinsa Albuudaa Federaala lakk. 678/2002 dhimmoota hayyama hojii albuudaa fi kanneen biroo bal'inaan of keessatti kan hammatee jiru yeroo ta'u, kutaan xiyyeffannoo qorannoo kanaa ta'e kutaa shanaffaa labsichaa yoo ta'u, kutaan kun dhimmoota bulchiinsa albuudaa kan hoogganuu fi aangoo bulchiinsaa bakka lamatti quodun mootummaa federaala fi mootummaalee naannootiif kennee jira. Labsichi aangoo hojii albuudaa aadaa (artisanal mining), investeroota biyya keessaaf hojii albuuda tajaajila industiriif oolan xiqqaa (small scale mining on industrial minerals) irratti hayyama kennuu, albuudota ijaarsaa irratti hojii albuudaa xixiqqa fi gurguddaa (small and large scale mining on construction minerals) fi albuudota industiriif fi ijaarsaa irratti hayyama barbaacha albuudaa (reconnaissance license) kennuu, hayyama qorannoo albuudaa (exploration license), hayyama albuuda qabatanii turuu (retention license) kennuu, akkasumas, albuudota olitti ibsamaniin alatti jiran irratti waraqaa ragaa argannoo (certificate of discovery) kennuuf mootummaalee naannootiif aangoo kennee jira.²²² Aangoo hayyama kennuu hojiiwan albuudaa kanneen biroo mootummaalee naannoof kennamaniin ala jiran hundaa mootummaa federaalaaf kennee kan jiru yoo ta'u, aangoowwan kenneen hayyama hojii albuudaa gurguddaa (large scale mining) fi xixiqqa (small scale mining) hedduu of keessatti kan hammatu dha.²²³ Dabalataanis, albuudota tarsiimowaa ta'an irratti aangoon waraqaa ragaa argannoo kennuu, aangoon hojii albuudaa irratti namoota tajaajila gorsaa kennuu barbaadaniif waraqaa ragaa ga'umsaa kennuu fi aangoon saamuda albuudaa qorachiisuuf gara biyya alaatti erguu irratti hayyama kennuu

²²¹ Labsii Albuudaa lakk. 678/2002, kwt 52(4).

²²² Miil-jalee olii, kwt52(1).

²²³ Miil-jalee olii, kwt 52(2A).

mootummaa federaalaaf kennamee jira.²²⁴ Tumaawwan labsichaa kanneen irraa kan hubannu qabeenya albuudaa irratti aangoon bulchiinsaa akkatuma goса hojii albuudaa irratti hundaa'uun mootummaa federaalaa fi naannoleef kan qoodame ta'uu dha.

Dabalataanis, labsiin qaamolee hojii raawwachiistuu mootummaa federaalaa hundeessuu fi aangoo isaanii murteessuuf bahe labsiin lakk. 1097/2010 keewwata 9(2) jalatti, Ministeera Albuudaa fi Peetrooliyeemii kan hundeesse yoo ta'u, labsichi keewwata 24 jalatti immoo aangoowwan ministeerri kun qabaachuudhaa malu tarreessee jira. Aangoowwan kanneen keessaa misooma albuudaa, gaasii uumamaa fi petrooliyemii irratti imaammataa fi seera qopheessuun yammuu raggaasifamu raawwii isaa hordofuu²²⁵ fi namoota dhuunfaa hojii misooma albuudaa irratti bobba'uu barbaadaniif hayyama kennuu kanneen jedhan keessatti argamu.²²⁶ Kun immoo, qoodiinsa aangoo heerri RDFI qabeenya uumamaa irratti taasise kan faallessu dha. Heerichi mootummaan federaalaa bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti seera akka tumuuf aangesse malee, aangoon bulchiinsaa hin kennine. Qaanii qabeenya albuudaa akka bulchuuf aangoon kennameef mootummaalee naannoo ta'ee osoo jiruu, mootummaan federaalaa aangoo seera tumuu qabutti gargaaramee aangoo mootummaalee naannoo irraa mulquun isaa sirrii miti, heerichas kan cabsu dha.

Gama biraan, labsiin qaamolee hojii raawwachiiftuu MNO irra deebiin hundeessuuf bahe lakk. 213/2010 A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa seera irratti hundaa'uun qabeenya albuudaa naannichaa ni bulcha jedha.²²⁷ Dabalataanis, A/Taayitichaa Qabeenya albuuda naannichaa qo'noonnoon adda baasee hojiirra akka oolu taasisuu; raawwii isaas hordofuu; ragaalee albuudaan walqabatan qabuu, xiinxaluu, maxxansuu fi raabsuu; ragaalee qabeenya albuudaa naannichaa sassaabuu, eeguu; qaama dhimmi ilaaluuf akka dhaqqabu akka taasisu; abbootii qabeenya misoomaa fi barbaacha albuudaa irratti bobba'an akka jajjabeessu; kanneen hayyama barbaachaa yookiin qorannoo yookiin oomisha yookiin naannessa albuudaa akka kennamuuf gaaffii dhiyeessan akka keessummeessu, hayyama akka kenu, haaromsu, raawwii isaa akka hordofu, to'atu, dhorkuu fi haqu aangeffamee jira.²²⁸ Labsiin kun A/Taayitichaaf aangoo bulchiinsa albuuda naannichaa hunda akka bulchuuf haala guutuu ta'een kan aangesse dha. Labsichi aangoo bulchiinsa albuudaa mootummaan federaalaa labsii

²²⁴ Miil-jalee olii, kwt 52(2)(b)(c)(d).

²²⁵ Labsii Qaamolee Hojii Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa Hundeessuu Fi Aangoo Isaanii Murteessuuf Ba'e lakk. 1097/2010, kwt 24(1)(a).

²²⁶ Miil-jalee olii, kwt 24(1)(i).

²²⁷ Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu MNO Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf bahe, Labsii Lakk. 213/2011, kwt 39 (4).

²²⁸ Miil-jalee olii, kwt 39.

678/2002'n qooddateef beekamtii kan kenne hin fakkaatu. Sababni isaas labsichi A/Taayitichaaf aangoo qabeenya albuudaa naannichaa hunda akka bulchuuf aangoo kan kennee dha. Labsiin kun dhimma bulchiinsa albuudaa irratti quodiinsa aangoo heera RDFI waliin kan wal-simu dha.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa Labsii Bulchiinsa Hojiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe lakk. 223/2012 baasuun hojiirra kan oolche yoo ta'u, labsichi hojiwwan oomisha albuudaa fi albuudaan walqabatanii Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeeffaman hunda irratti raawwatiinsa kan qabaatu akka ta'e akeek ee jira.²²⁹ Haa ta'u malee, labsichi kutaa 4^{ffaa} isaa dhimma bulchiinsa hojiwwan albuudaa ilaallatu jalatti, A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa hayyama hojiwwan albuudaa aadaan oomishamu, hayyama oomisha albuudaa sadarkaa xiqqaa addaa (special small scale mining), abbaa qabeenya biyyaa keessaatiif yoo ta'e hayyama qorannoo fi qabatanii turuu albuudaalee ijaarsaa fi industirii, albuudaalee industirii irratti hayyama oomisha albuuda sadarkaa xiqqaa fi sadarkaa guddaa qofa akka kennuu; haaromsuu; dhorkuu yookiin haquuf aangeffamee jira. Labsichi keessatti hayyamoota hojiwwan albuudaa kanneen biroo araan olitti eeramaniin ala jiran irratti A/Taayitichaaf aangoon hayyama kennuu, haareessuu, dhorkuu fi haquu hin kennamne. Kutaa 3^{ffaa} labsichaa dhimma hayyama albuudaa haguugu jalattis, gosootni hayyamaa ilaalamaniif fi bal'inni isaanii teechifamee jiru kanuma A/Taayitichaaf akka kennu, haareessu, dhorkuu fi haquuf aangeffamee dha.

Dabalataanis, labsiin kun hayyamni albuudaa sadarkaa Mootummaa RDFI tti bu'uura seera rogummaa qabuun kennamu akkuma eeggameetti ta'ee, hayyamni albuudaa naannicha keessatti kan kennamu, haaromfamu, haqamu yookiin addaan kutamu Abbaa Taayitichaatiin qofa akka ta'ee fi isaan alatti, qaamni kamiyyuu hayyama albuudaa kennuu, haaromsuu, haquu yookiin addaan kutuun akka hin dandeenye tumee jira.²³⁰ Labsiin hojiwwan misooma albuudaa federalaa aangoo hojii albuudaa aadaa fi investeroota biyya keessaaf immoo hojii albuudaa tajaajila industiriif oolan xixiqqa irratti hayyama kennuu, albuudota ijaarsaa irratti hojii albuudaa xixiqqa fi gurguddaa fi albuudota industirii fi ijaarsaa irratti hayyama barbaacha albuudaa kennuu, hayyama qorannoo albuudaa, hayyama albuuda qabatanii turuu kennuu akkasumas, albuudota olitti ibsamaniin alatti jiran irratti wraqaa ragaa argannoo kennuu mootummaalee naannootiif kennuun aangoo hayyama kennuu hojiwwan albuudaa kanneen biroo mootummaalee naannoof kennamaniin ala jiran hundaa mootummaa

²²⁹ Labsii Bulchiinsa Hojiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Lakk. 223/2012, kwt 4.

²³⁰ Miil-jalee olii, kwt 17(1)(2).

federaalaaf kennee kan jiru yoo ta'u, aangoowwan kunneen hayyama hojii albuudaa gurguddaa (large scale mining) fi xixiqqaa (small scale mining) hedduu of keessatti kan hammatuu fi hayyama hojii albuudaa investeroota lammii biyya alaaf kennaman hunda kan dabalatu dha.²³¹ Kun kan agarsiisu, labsiin hojiwwan misooma albuudaa Oromiyaa kutaa waliigalaa labsichaa dhimma daangaa raawwatiinsaa ibsu jalatti daangaa raawwatiinsa labsichaa hojiwwan oomisha albuudaa fi albuuda waliin wal-qabatanii Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeeffaman hunda irratti raawwatiinsa qabaachuu isaa kan akeku ta'us, kutaa addaa labsichaa guutuu keessatti garuu raawwatiinsi labsichaa hayyama hojiwwan misooma albuudaa labsii hojiwwan albuudaa federaalaan naannooleen akka kennaniif aangeffaman qofa irratti kan daanga'u akka ta'ee dha. Hima biraan, labsiin hojiwwan misooma albuudaa Oromiyaa aangoo bulchiinsa albuudaa heeraan isaaf kennamee mootummaan federaalaas labsii hojiwwan albuuda baaseen qooddatee jiruuf beekamtii kan kenneedha jechuuun ni danda'ama. Kun immoo, qoodiinsa aangoo heera RDFI keessatti dhimma bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti taa'ee jiru kan faallessu dha.

Bulchiinsa hojiwwan misooma albuudaa ilaalchisee qabatamni jiru maal akka fakkaatu qaamolee Mootummaa Naannoo Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiranii fi albuuda naannichaa keessa jiru akka bulchaniif aangoon seeraan kennameef irraa daataan sassaabne bal'ina rakkoo kanaa kan agarsiisu dha. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa jedhanitti:

"Mootummaan Naannoo Oromiyaa heeraan qabeenya albuudaa naannichaa akka bulchuuf kan aangeffamee jiru ta'us, yeroo ammaa Abbaan Taayitaa Albuuda Oromiyaa keessa jiru hunda irratti hayyama hin kenu, irra jireessaan hayyamoota sadarkaa guddaa fi hayyamoota albuuda kabajamoo irratti hayyama kennaa kan jiru mootummaa Federaalaati.²³² Hayyamoota hojii albuudaa gara garaa sadarkaa gurguddaa fi xixiqqaa Oromiyaa keessa jiru keessaa hayyama 76 (torbaatamii jaha) kan tahu irratti hayyama kan kennee jiruu fi bulchaa jiru mootummaa Federaalaati.²³³ Hayyamota mootummaan Federaala kennu irratti immoo A/Taayitaa Misooma Albuuda Oromiyaa hojii bulchiinsaa hojjetu kan hin qabnee fi darbee darbee hojii

²³¹ Miil-jalee olii, kwt 52(2A).

²³² Af-gaaffii Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayireekteraa Daayiroktareetii Kennaa Hayyamaa Fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

²³³ Daataa istaatiksii mana galmei A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa irraa argame.

degersaa taasisuu fi rakkoon yoo jiraate qaama mootummaa federaalaa dhimmichi ilaallatuuf odeeffannoo kennuu qofa irratti kan hojjetudha. ²³⁴

Daataan godinoota Oromiyaa hojiin albuudaa keessatti babal'atu irraa sassaabne akka agarsiisuttis, waajjiraaleen albuuda akka bulchaniif sadarkaa godinaa fi aanaatti gurma'aanii jiran dhaabbilee gurguddoон hojii albuudaa naannoo isaanii keessatti bobba'an hayyama hojii albuudaa Ministeera Albuudaa fi Petrooliyemi irraa baafatan qabachuun gara isaanii akka dhaqanii fi waajjiraaleen gara gadii jiran qaamolee bulchiinsaa naannoo waliin ta'uun bakka isaan hayyama irratti fudhatan itti agarsiisuu fi qaama lafa bulchu waliin ta'uun kaartaa isaa hojjetanii kennuufii malee hirmaanna bulchiinsaa tokkollee kan hin qabne ta'uu dha.²³⁵

Kana malees, qaamoleen mootummaa naannichaa qabeenya albuuda naannichaa akka bulchaniif aangeffamanii fi sadarkaa sadarkaan gurma'aanii jiran hojiwwan albuudaa hayyamni isaa mootummaa federalaa irra kenname irratti hojii to'annaa fi hordoffii gaggeessuu akka hin dandeenye, to'annaa fi hordoffii taasisuuf yoo deemanis, dhaabbileen kun gonkumaa isaan waliin akka hin dubbanne, mooraa isaaniis akka hin seensisfnee fi hariiroon isaanii mootummaa federaalaa waliin malee naannoo waliin akka hin taane ibsuun naannoo hin beeknu kan jedhan akka ta'e hirmaattonni qorannoo kanaa bal'inaan kaasu.²³⁶

Qabeenya albuudaa mootummaan federaalaa akka bulchu, hayyama akka kenu maaliif taasifame jedhamee yeroo garagaraa karaa qaama mootummaa naannichaa albuuda bulchuuf aangoon kennameetiin mootummaan federaalaa yammuu gaafatamu; deebiin kennamu naannoleen qabeenya albuudaa kana hunda bulchuuf humna akka hin qabne hanqina humna nاما fi kan baajataa waan qabaniif kan jedhuu dha.²³⁷

Aangoon hayyama kennuu fi hayyama kennuun wal-qabatee jiru sadarkaa hayyamaa bu'uura godhatee bakka mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoo gidduutti goodamee

²³⁴ Af-gaaffii Obbo Zewduu Taddasaa, Daayirekteraa Daayiroktereetii Kennaa Hayyamaa Fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

²³⁵ Af-gaaffii Obbo Sintaayyoo Barreettoo, A/Ad/Bulchiinsa Albuudaa fi Kenna Hayyamaa fi Obbo Nageessa Luxee, Ogeessa Hordoffii Fi Gamaggama Pirojektii Hawaasaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii waliin gaafa 17/06/2012; Af-gaaffii Aadde Asnaaqech Laggasaa, I/Gaafatamtuu A/Taayitaa Misooma Albuudaa Go/Shaa/Bahaa fi Obbo Boggaalee Tufaa, A/Ad/Bu/Ke/Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Go/Shawaa Bahaa waliin gaafa 16/07/2012; Af-gaaffii Aadde Ayyalech Teshoomee, hoggantuu A/Ta/Misooma Albuudaa Go/A/N/Finfinnee fi Obbo Lammeessaa Bayyanaa, Ogeessa Kenna Hayyamaa A/Ta/Misooma Albuudaa Go/A/N/Finfinnee waliin gaafa 09/07/2012; Af-gaaffii Obbo Biraanuu Qixxaataa, B/Bu'aa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Go/Shaa/Lixaa waliin gaafa 19/06/2012; Af-gaaffii Obbo Magarsaa Taaddasaa, Ogeessa Ji'olojistii fi Adeemsa Kenna Hayyamaa A/Ta/Mi/Albuudaa Go/Jimmaa waliin gaafa 25/06/2012; Af-gaaffii Obbo Alii Huseen I/Gaafatamaa Deeskii Misooma Albuuda A/Dedoo duraanii waliin gaafa 24/06/2012 fi Af-gaaffii Obbo Baqqalaa Badhaasoo I/Gaafatamaa A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

²³⁶ Miil-jalee olii.

²³⁷ Af-gaaffii Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayerekteraa Daayeroktereetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

jirutti, hanga oomishaa durfamee kan beekamu waan hin ta'iniif, gumee (proposal) ykn iyyata abbaan hayyamaa dhiyeeffatu irratti hanga oomishaa taa'e bu'uura kan godhatu waan ta'eef, rakkoo iftoominaa qabaata. Abbootiin qabeenyaa A/Taayitaa Albuuda Oromiyaa irraa hayyama fudhatan baankiiwanii (dhimma liqaa fi sharafa biyyaa alaa argachuu irratti) fi Ministeera Galiiwanii fi Gumurukaa (dhimma al-ergii fi biyyatti galchuu [impoortii] irratti) deeggarsa akka taasisaniif xalayaay yeroo barreessuufitti qaamoleen kun gadi buusanii akka barbaachisutti deeggarsa waan hin taasifneef xalayaan barra'u kan federaalaa akka ta'u barbaadu. Kanarraa kan ka'e, abbootiin qabeenyaa sodaa deeggarsa dhabuu dandeenya jedhuun hayyama fudhatan sadarkaan isaa maaluu haa ta'u, maal hayyama hojii albuudaa mootummaa federaalaa biraa fudhachuu barbaadu.²³⁸ Kana irraan kan ka'e, hayyamootumti sadarkaa guddaa jedhamee mootummaa federaalaatiin kennamu irratti qabatamaadhaan (practically) hojiin lafa irratti hojetamu garuu kan sadarkaa xiqqaa ta'ee, oomishni oomishamus, sadarkaa xiqqaa ta'ee yeroo argamtu jira.²³⁹ Kana jechuun, MNO kanuma seeraanuu hojiawan albuudaa irratti aangoon bulchiinsaa qoodamtee kennamteef kana bakka tokko tokkotti harkaa hin qabu jechuu dha. Kun immoo, bulchiinsi hojiawan albuudaa babal'aan naannicha keessa jiru irra jireessi isaa harka mootummaa federaalaa kan jiru ta'uu isaatiif agarsiistuu dha.

4.2.3. Galii fi Qoodiinsa Galii Hojiawan Albuudaa

Heerri RDFI dhimma galii hojiawan albuudaa irraa argamu ilaachisee, mootummaa federaalaa fi mootummoolee naannoo gidduutti addatti aangoo quodee jira. Haaluma kanaan, heerichi hojiawan albuudaa sadarkaa guddaa irraa, taaksiawanii fi rooyalitii argamu mootummaan federaalaa fi mootummooleen naannoo waloon kan murteessanii fi sassaaban akka ta'ee²⁴⁰ fi hojiawan albuudaa kanaan ala jiran irratti aangoon taaksii fi royalitii murteessuu fi sassaabuu kan mootummoolee naannoo akka ta'e akeeka.²⁴¹ Kana jechuun, mootummooleen naannoo hojiawan albuudaa sadarkaa guddaan ala jiran hunda irraa galii argamu murteessuu fi sassaabuuf aangoo qabu. Tumaaleen heeraa akkuma jiranitti ta'ee, qabatamni seeraa fi hojimataa jiru maal akka fakkaatu beekuuf seerota garagaraa kan ilaalliee fi qaamolee dhimmi isaa ilaallatu kan dubbisnee jirru yoo ta'u, haala armaan gadiin xiinxalameera.

²³⁸ Miil-jalee Olii.

²³⁹ Miil-jalee olii.

²⁴⁰ Heera RDFI. kwt 98(3).

²⁴¹ Heera RDFI, kwt 97(8).

Royaalitii hojiiwwan albuudaa ilaalchisee, labsiin hojiiwwan albuudaa lakk. 678/2002 keewwata 52(4)(i) jalatti aangoo Abbaa Taayitaa hayyama kennuu yammuu tarreessu, akkaataa goodiinsa aangoo hayyama kennuu labsicha keessa taa'een Abbaan Taayitaa hayyama kenne hojii albuudaa hayyama kennname irraa royaalitii, kira fi kaffaltiwwan biroo kaffalamu hunda akka sassaabuu fi oodiitii godhu aangeffamee jira. Kana jechuun, Ministeerri Albuudaa fi Petirooliyemii hayyamoota hojii albuudaa ofiif kenne irraa kaffaltiwwan akka royaalitii, kira fi kanneen biroo ofiif ni sassaaba. A/Taayitaa misooma albuudaas, akkaataa labsii albuudaa federaalaa kana keessa teechifameen hayyama hojii albuudaa ofiif kenne irraa galiiwwan olitti eeraman kan sassaabuu fi oodiitii taasisu ta'uun tumaa seeraa kana irraa ni hubatama.

Haa ta'u malee, labsichi akkaataa kaffaltii fi hanga royaalitii kaffalamuu kutaa ibsu jalatti, kaffaltii royaalitii fi hanga kaffaltii hayyama hojii albuudaa kan sadarkaa guddaa kan murteesee kaa'e yoo ta'u, hayyamoota hojii albuudaa aadaa fi sadarkaa xiqqaa irraa royaalitii sassaabamu akkaataa fi hanga isaa seerota naannooleen baafataniin kan murtaa'u akka ta'e tumeet jira.²⁴² Dambii hojii albuudaa lakk. 423/2010 keessatti akkaataan kaffaltii royaalitii haguuggii argate kan hojii albuudaa sadarkaa guddaa qofaa dha.²⁴³ Kana jechuun, hojiiwwan albuudaa sadarkaa xiqqaa albuudota kabajamoo fi gariin kabajamoo, albuudota industirii mootummaan federaalaa hayyama irratti kennuuf bu'uura keewwata 52 tiin kennameef ilaalchisee, akkaataa kaffaltii fi hanga kaffaltii royaalitii isaa qaama kamtu (Mootummaa Federaalaa moo Mootummaa naannooti) murteessa? Qaama kamtu sassaaba kan jedhu irratti iftoominni hin jiru. Labsiin Albuudaa Federaalaa lakk. 678/2002 jalatti, hangaa fi akkaataa kaffaltii royaalitii hayyamoota hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa kan murtaa'e seera naannoletiin ta'uu kan tumu yoo ta'u, labsichi keewwata 52(4)(i) irratti, royaalitii fi kaffaltiwwan biroon kan funaanamu qaama hayyama kenneen akka ta'e agarsiisa. Kun immoo, Ministeerri Albuudaa fi Petirooliyamii seera naannooleen baafatu bu'uura godhatee royaalitii hayyama hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa ofii kenne irraa sassaabaa? gaaffii jedhu kaasisa.

Bu'uuruma irraa heerri RDFI keewwata 97(8) jalatti, royaalitii fi kaffaltiwwan biroo hayyama hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa kan murteessuu fi sassaabu mootummaa naannoo ta'uu waan ibsuuf labsiin albuudaa Federaalaa Ministeerii Albuudaa fi Petrooliyemii royaalitii hayyama hojii albuudaa xiqqaa akka sassaabuuf aangessuun isaa heericha waliin

²⁴² Labsii hojiiwwan albuudaa lakk. 678/2002 kwt 63(1),(2) fi (3).

²⁴³ Dambii Hojii Albuudaa lakk. 423/2010, kwt 44(1).

kan wal-faallessu dha. Dhimma kana irratti hirmaataan qorannoo tokko yaada nuuf kennaniin, “Mootummaan Federaalaa hayyamoota hojiwwan albuudaa sadarkaa xiqqaa albuudota kabajamoo fi albuudota indastirii irratti invastaroota lammilee alaaf kennamu irratti A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa royaalitii ofiif akka funaanu qajeelchanis, Abbaan Taayitichaa hayyamichi ofiif waan hin kenniniif hayyamicha kan hin bulchine waan ta’eef, ragaa isaa of harkaa waan hin qabneef royaalitii funaanuu kan hin dandeenye ta’uu dha”.²⁴⁴

Gibira galiin wal-qabatee labsiin hojiwwan albuudaa lakk. 678/2002 gibirri galii hojii albuudaa sadarkaa guddaa bu’ura labsii gibira galii lakk. 53/1985 tiin kan kaffalamu ta’uu fi gibirri galii hojii albuuda sadarkaa xiqqaa, xiqqaa addaa fi aadaa kan sassaabamu bu’ura seerota naannoleen baasaniin akka ta’e akeeka.²⁴⁵ Dhimma taaksii hojii albuudaa bulchuuf seerri bahee hojiirra oole, labsii gibira galii albuudaa lakk. 53/1985 labsiwwan lamaan jechunis, labsii lakk. 23/1988 fi labsii lakk. 802/2005n kan fooyya’ee dha. Labsiin gibira galii albuudaa kun raggaasifamuu heera biyyattii dura kan bahe waan ta’eef, qoqqoodiinsa aangoo heerichaaan taasifame giddu galeessa kan godhate miti. Labsiin kun hojii albuuda sadarkaa xiqqaa fi hojii albuudaa mala aadaatiin raawwatamuu (artisanal mining) kan hammatee jiru ta’us, labsiin hojiwwan albuudaa lakk. 678/2002 dhimmi gibira galii hojii albuuda sadarkaa xiqqaa fi aadaa seerota naannoleen baasaniin kan hogganamu ta’uu akeeka. Kana waan ta’eef, hayyama hojii albuuda sadarkaa xiqqaa, xiqqaa addaa fi aadaa irratti labsiin kun raawwatiinsa kan qabaatu hin ta’u.

Labsiin hojiwwan albuudaa federaalaa dhimmi gibira galii hojii albuuda sadarkaa xiqqaa seerota naannoleen baasaniin kan hogganamu ta’uu akeekus, hirmaattoota qorannoo af-gaaffii dubbifnerraan kan hubachuun danda’ame; mootummaan federaalaa hayyama hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa ofiif kennu irraa akkasumas, hayyama hojii albuudaa xiqqaa naannichaa irraa fudhataman ta’anii warreen hayyama daldalaa isaanii Finfinneeetti galmeessisan irraa gibira galii kan sassaabaa jiru mootummaa federaalaa akka ta’e kaasu.²⁴⁶ Kun immoo, ifaan aangoo mootummaan naannichaa galii gibira hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa murteessuu fi sassaabuuf heera RDFI tiin qabu kan cabsuu dha.

²⁴⁴ Af-gaaffii Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayireektara Daayiroktoreetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

²⁴⁵ Labsii Hojiwwan Albuudaa lakk. 678/2002, kwt 65(1) fi (2).

²⁴⁶ Af-gaaffii Obbo Taarraqany Qana’aa, Daayireekteraa Karoora fi Hordoffii A/T/Galiwwan Oromiyaa waliin gaafa 16/08/2012 taasifame.

Hayyamoota hojii albuudaa sadarkaa guddaa irraa galii gibiraa fi royaalitii argamu ilaachisee heerri RDFI mootummaan federaalaa fi mootummaan naannoolee waloodhaan kan murteessanii fi sassaaban ta'uu kan akeeku yoo ta'u, qabatamni jiru mootummaan federaalaa seera ofii baasuun kan murteessuu fi kan sassaabu ta'uu agarsiisa. Akkaataa taaksii qaamoleen lamaan waloon murteessuu fi sassaabuu qaban raawwatamu irratti barsiifatni lama akka addunyaatti kan beekamuudha. Isaanis: madda galii bu'uura godhachuun waliif qooduu (tax base mechanism) fi qoodiinsa galii (revenue sharing mechanism) dha.²⁴⁷ Qoodiinsi galii taaksiwwan mootummaalee lamaan murteessuu fi sassaabuuf qaban aangoo irratti qaban kan raawwatamu qabu waliigalteedhaan ta'uu qaba. Qabatamni jiru kan agarsiisu, MNO taaksiwwan kana murteessuu fi sasssaabuu keessatti hirmaanna homaatuu hin qabu.²⁴⁸ Galiiwwan hojii albuuda sadarkaa guddaa irraa sassaabamu mootummaan federaalaa murteessuun sassaabee akkaataa foormulaa Manni Maree Federeshinii bara 2004 baaseen qoodaa kan turee fi jiru²⁴⁹ yoo ta'u, foormulaa haaraan mana maree kanaan bahe bara baajataa 2013 kaasee hojiirra kan oolu ta'a.²⁵⁰

MNO murteessaa fi sassaabbii galii kanneenii keessatti hirmaanna waan hin qabneef, hangi royaalitii fi galii gibiraa hojii albuuda sadarkaa guddaa irraa mootummaa federaalaan sassabamee meeqa akka ta'e quba waan hin qabneef (hin beekneef) qoodiinsa isaa irratti gaheen isaa meeqa akka ta'e beekuu hin danda'u.²⁵¹ Kanarraan kan ka'e, galiidhuma qaama mootummaa federaalaan hanganatu sassaabame jedhamee qoodamuuf fudhachuu malee naannichi carraa biraa hin qabu.²⁵² Kun immoo, akkaataan sassaabbii galii hojii kana irraa argamuu fi qoodiinsa isaa rakkoo iftoominaaf saaxilee jira. Kana malees, adeemsi kun

²⁴⁷ Anwar Shah, introduction: principle of fiscal federalism available at http://www.forumfed.org/libdocs/_Global_Dialogue/Book_4/BK4-en-int-Shah.pdf.

²⁴⁸ Af-gaaffii Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayireektaa Daayiroktereetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

²⁴⁹ Hojii albuuda sadarkaa guddaa irratti gibira galii irraa dhibbeentaa 50 kan federalaa dhibbeentaan 50 immoo kan naannolee, royaalitii dhibbeentaa 60 kan mootummaa Federaalaa dhibbeentaan 40 immoo kan naannolee ta'ee kan qoodamu dha. Bal'inaaf, xalayaa Ministeerri galii lakk. xalayaa /2032/9 ta'een gaafa 21/12/95 barreesse ilalaunu ni danda'ama.

²⁵⁰ Hojii albuuda sadarkaa guddaa irraa gibira galii sassaabamu keessaa dhibbeentaan 50 naannoo hojiin albuudaa sun keessatti argamuuf kan hafe dhibbeentaan 50 immoo mootummaa federaalaaf, royaalitii sassaabamu keessaa immoo dhibbeentaan 50 naannoo hojiin albuudaa sun keessatti argamuuf (kana keessaa dhibbeentaan 10 kunuunsa naannoof kan oolu), dhibbeentaan 25 immoo mootummaa federaalaaf dhibbeentaan 25 naannolee qabeenya uumamaa hin qabne gidduutti akkaataa foormulaa qophaa'uun kan qoodamu ta'a. Bal'ina isaaf xalayaa Ministeerri Galii lakk. xalayaa 3.4/1/11 ta'een gaafa 05/11/2011 barreesse ilalaunu ni danda'ama.

²⁵¹ Af-gaaffii Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayireektaa Daayiroktereetii Kennaa Hayyamaa Fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame., Afgaaffii Obbo Taarreqeny Qana'aa, Daayirekteraa karooraa fi hordoffii A/T/Galiiwwan Oromiyaa waliin gaafa 16/08/2012 taasifame,

²⁵² Miil-jalee olii.

abbummaa uummanni naannichaa qabeenya uumama isaa irratti qabu beekamtii kan dhorkatu akka ta'etti ilaaluun ni danda'ama.

4.2.4. Miidhaa Qabatamni Seeraa fi hojimaataa jiru Dantaa Uummataa fi Mootummaa Naannichaa irratti Dhaqqabsiisu

Akkuma boqonnaa 2^{ffaa} qorannoo kanaa keessatti ilaalu yaalle, bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti quodiinsi aangoo kan taasifamu bu'a qabeessummaa fi dandeettii, itti gaafatamummaa, marartoo fi dantaa biyyolessaa giddu galeessa godhatee akka ta'e hog-barruuleen gara garaa ni agarsiisu. Dhimmoota bu'a qabeessummaa fi dandeettii madaaluuf hojiirra oolfaman keessaa tokko dhaqqabummaa fi itti dhiheenya qabeenya albuudaa waliin jiru ta'uu seenaan guddina qoodinsa aangoo federaalizimii qabeenya uumamaa ni agarsiisa. Heerri RDFIs, haalota kanneen tilmama keessa galchuun qabeenya uumamaa irratti mootummaan federaalaa seera akka baasu mootummooleen naannoo immoo seera mootummaan federalaa baasu bu'uura godhachuun qabeenya kana akka bulchaniif aangoo qoodee jira. Haa ta'u malee, akkuma kutaa olii keessatti ilaalle, qabeenya albuudaa irratti qabatamni seeraa fi hojimaataa jiru hedduun adeemsa heeraa kan eeggate akka hin taanee fi bakka tokko tokkotti MNO aangoo seera baasuu hin qabneen akka hojjetu, mootummaan federaalaa immoo aangoo bulchiinsa qabeenya albuudaa heeraan MNO tiif kennname fudhachuun bal'inaan hojjetaa akka jiru kan agarsiisu dha. Qabatamni seeraa fi hojimaataa jiru kun akkaataa heera biyyattii keessa taa'e faallessuu isaatiin dantaa uummataa fi mootummaa naannichaa irra miidhaa qaqqabe haala armaan gadiin tokko tokkoon ilaaluuf yaalla.

4.2.5. Mirga Ofiin of Bulchuu (The Right to Self Administration)

Maalummaa ibsituu sabootaa, sab-lammoottaa fi uummatootaa wantoota ta'an keessaa tokko quubsuma walitti hidhatee jiruu fi qofatti adda bahee dhaabbachuu kan danda'u qabaachuu akka ta'e heera biyyattii keessatti ibsameera.²⁵³ Sabootni, sab-lammoontii fi uummatootni Itoophiyaa dachii dhuunfaan irra jiraatan qabaachaa kan turan, ammas yoo ta'e, dachii daangaan isaa adda bahee beekamu kan qabanii fi mirgi dantaa dachii isaaniirraa qaban kabajamuu kan qabu ta'uu seensa heerichaa irratti ibsamee jira. Heerri kun kwt 39(3) irratti sabootni, sab-lammoontii fi uummatootni Itoophiyaa dachii irra qubatanii jiran irratti mirga ofiin of bulchuu akka qaban ifatti tumuun mirga kanas, dachii irra qubatanii jiran irratti mootummaa mataa isaanii hundeffatanii ittiin buluu fi ofii isaanii keessaa namoota bakka isaan bu'an filatanii mootummaa federaalaa keessatti hirmaachuun birmaddummaa isaanii

²⁵³ Heera RDFI, kwt 39(5).

kan ibsamu danda'u jechuu dha. Hima biraatiin, sabootni yookaan sab-lammoontni yookaan uummatootni dachii irra jiraatan irratti birmaddummaa guutuu kan qaban, dachiin sun kan isaaniin ilaallatu ta'uu fi lafa isaanii irratti hiree isaanii ofin murteeffachuu ni danda'u jechuu dha.²⁵⁴ Gama biraan, Heerri RDFI kwt 40(3) irratti mirgi abbaa qabeenyummaa qabeenya uumamaa kan uummataa fi mootummaa qofa akka ta'e tuma. Jechi uummata jedhu kun hiikkoof saaxilamuun barreessitoota gargaraa biratti falmii kan kaasu ta'us, jechi kun tumaa heerichaa keewwata 39(5) jalatti hiikamee kan jiru waan ta'eef, hiikkoon fudhatamuu qabus kanuma heericha keessa taa'e dha. Kanaaf, qabeenyi albuudaa naannoo Oromiyaa keessatti argamu kan uummata Oromoo ti guduunfaa jedhu irra ga'uun ni danda'ama.

Uummanni Oromoo qabeenya uumamaa qe'ee isaa irra jiru irratti abbaa erga ta'ee, bulchiinsa qabeenya kanaa keessatti hirmaanna qabaachuun agarsiistuu birmadummaa isaa keessaa tokkoo dha. Heerri RDFIs, naannooleen qabeenya uumamaa naannoo isaanii keessa jiru akka bulchaniif aangessuuun isaa mirga hiree ofin of bulchuu uummattoonni heerichaan qaban milkeessuu keessatti ga'ee olaanaa qaba. Naannoon Oromiyaa qabeenya albuudaa badhaatuu ta'uu ishii irraan kan ka'e, hojiwwan misooma albuudaa naannicha keessatti gaggeeffaman bal'ina kan qabani dha. Qabatama amma jiruun, hojiwwan albuudaa sadarkaa guddaadhaan kennamanii fi bal'inaan albuudota dinagdee naannichaa fi uummata naannichaaf bu'aa guddaa argamsiisuu danda'an kanneen akka Warqii ykn Sookoo, Pootashii, Taantalamii, Cilee Gurraachaa fi kan kana fakkaatan irratti hayyama kennuu dabalatee hojii bulchiinsaa mara ofiif dugugee kan hojjetaa jiru mootummaa Federaalaati. Qaamoleen mootummaa naannichaa albuuda naannicha keessa jiru akka bulchaniif seera Caffeen Oromiyaa baaseen aangeffamanii sadarkaa sadarkaadhaan gurma'anii jiran hojiwwan albuudaa kanneen irratti hirmaanna bulchiinsaa kan hin qabne ta'uu fi inumaattu hojii kana keessatti akka ormaatti ilaalamuuun isaanii²⁵⁵ mirga uummatichi hiree ofin of bulchuu ofin murteeffachuu heerichaan qabu kan sarbu dha jechuun ni danda'ama.²⁵⁶

4.2.6. Bu'a Qabeessummaa Bulchiinsa Qabeenya Albuudaa

Qabeenya uumamaa irratti barbaachisummaa aangoo al-waaltesuun qabu (decentralization of power) keessaa tokko hojiin bulchiinsaa qaama mootummaa dhimma sanatti dhihoo jiruun

²⁵⁴ Heera RDFI kwt 39(1 fi 2) fi seensa heerichaa.

²⁵⁵ Af-gaaffii Obbo Sintaayyoo Barreettoo A/Ad/Bulchiinsa Albuudaa fi Kenna Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii waliin gaafa 17/06/2012; Obbo Boggaalee Tufaa A/Ad/Bu/Ke/Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Go/Shawaa Bahaa waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

²⁵⁶ Af-gaaffii Obbo Baqqalaa Badhaasoo I/Gaafatamaa A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa fi Obbo Wandimmuu Kushuu Ogeessa Bulchiinsaa fi Hojii Albuuda A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

raawwatamuun isaa karaa hedduu bu'a qabeessa waan taasisuufi.²⁵⁷ Bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaachisee heerri RDFI sirna aangoo al-waaltawaa diriirsee jira jechuun ni danda'ama. Heerri biyyattii, aangoo qabeenya albuudaa bulchuu naannooleef yammuu kennu sababoota mataa isaa qaba jedhamee tilmaamama. Bulchiinsa qabeenya uumamaa dhimmootni bu'a qabeessa danda'an keessaa tokko qabeenyichatti itti siqeenya dhihoo (close proximity) qabaachuu dha.

Hojiiwwan albuudaa Naannoo Oromiyaa keessa jiran mootummaan federaalaa hayyama kenuun bulchuun isaa fi qaamoleen Mootummaa Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiran bulchiinsa isaa keessaa hirmaanna dhabuun isaanii bu'a qabeessummaa hojiiwwan misooma albuudaa kan miidhaa jiru ta'uu daataan qorannoo arganne ni mul'isa. Mootummaan Federaalaa hayyama hojii albuudaa yammuu kennuu fi haareessu hawaasa naannoo fi caasaalee mootummaa naannichaa gara gadii jiran kan hin mariisifnee fi hin hirmaachisne ta'uu isaarraa kan ka'e, akkasumas qaamni hojii kana itti siqeenyaan hordofuun hawaasni naannoo fayyadamaa akka ta'u ta'uuf hojjetu waan hin jireef, uummanni dhaabbilee hojii kana irratti bobba'an akka diinaatti ilaaluu fi inumaatuu al tokko tokko akka irratti fincilu kan taasisu ta'uu af-gaaffii hirmaattota qorannoo waliin goone irraa hubachuu ni danda'ama.²⁵⁸ Kana irraan kan ka'e uummatichatti miirri abbummaa qabeenya uumamaa kanaa waan itti hin dhaga'aminif qabeenyicha mancaatiif kan saaxiluu dha.²⁵⁹

Qaamoleen mootummaa naannichaa aangoo albuuda bulchuu seeraan qaban ragaan guutuu oomishtoota hayyama mootummaa federaala irraa fudhatan kanneen akka; bal'inni lafaa daangaa hayyama isaanii, qabiyyee waliigaltee fi k.k.f beekuu dhabuu isaanii irraan kan ka'e hordoffii gochuu waan hin dandeenyeef babal'ifannaan lafa albuudaa seeraan alaa akka mul'atu hirmaattonni qorannoo ni ibsu.²⁶⁰ Mootummaan federaalaas, hojiiwwan albuudaa ofiif hayyama irratti kenne kana yeroo yeroodhaan itti siqeenyaan waan hin hordofneef oomishtootni to'annaa fi hordoffii malee waan socho'aniif, qabeenya kana seeraan ala

²⁵⁷ Julie Davidson , Allan Curtis , Elaine Stratford & Rod Griffith, Governance Principles for Natural Resource Management, society & Natural Resources, p.993, availbale at <http://dx.doi.org> , accessed on 21/11/2019.

²⁵⁸ Af-gaaffii Obbo Olkoo Adoolaa, B/Bu'aa Deeski Misooma Albuudaa Aanaa Shakkisoo waliin gaafa 19/06/2012; Obbo Sintaayyoo Barreettoo A/Ad/Bulchiinsa Albuudaa fi Kenna Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii waliin gaafa 17/06/2012 taasifame.

²⁵⁹ Af-gaaffii Obbo Baqqalaa Badhaasoo, I/Gaafatamaa A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa waliin gaafa 07/07/2012; Afgaaffii Aadde Ayyalech Teshoomee, hoggantuu A/Ta/Misooma Albuudaa Go/A/N/Finfinnee waliin waliin gaafa 09/07/2012; Afgaaffii Obbo Sintaayyoo Barreettoo A/Ad/Bulchiinsa Albuudaa fi Kenna Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii waliin gaafa 17/06/2012 taasifame.

²⁶⁰ Miil-jalee olii.

babal’ifannaadhaan itti gargaaramuutu mul’ata.²⁶¹ Kana malees, sababa dhabamuu hordoffii fi to’annaa irraan kan ka’e hangi oomishaa guyya guyyaa kan hin beekamne, akkasumas eessaa akka oomishame waan hin beekamneef sochiin albuuda seeraan alaa akka babal’atu taasiseera.²⁶² Inumaayyuu, qaamoleen motummaa naannichaa sadarkaa gadii irra jiran naannoo isaanii keessatti abbummaa dhaabbilee hojii albuudaa irratti bobba’anii, hojii hojjetamuu fi albuuda oomishamaa jiru maal akka ta’e, hangi oomishaaakkam akka ta’ee fi odeeffannoowwan biroo waan hin qabneef sochiiwwan hojii albuudaa seeraan alaa hedduuf naannicha akka saaxile hirmaattonni qorannoo bal’inaan kaasu.²⁶³ Kun immoo, bulchiinsi qabeenyaalbuudaa fi hojiwwan misooma albuuda naannichaa bu’a qabeessa akka hin taane kan taasisu ta’urra darbee itti fayyadamummaa fi faayidaa uummataa fi mootummaan naannichaa qabeenya kana irraa argachuu qabuu kan dhabsiisu dha.

4.2.7. Galii Qabeenya Albuudaa

Mata duree xiqqaalii olii keessatti, dhimma sassaabbi galii fi qoodinsa galii hojiwwan misooma albuudaa irratti rakkowwan gama seeraa fi qabatamatii jiran ilaallee jirra. Qabatama jiruun, hojiwwan albuudaa sadarkaa guddaa mootummaan federaalaa hayyama irratti kenne irraa galii gibira, royaalitii fi kaffaltiiwwan biroo murteessuun sassaabaa kan jiru mootummaa federaalaa yoo ta’u, qoodiinsi isaa foormulaa Manni Maree Federeeshinii baaseen qoodamaa kan jiru dha. Haa ta’u malee, MNO hayyamoota kanneen irraa hanga oomisha albuudaa fi galii sassaabame waan hin beekneef, sassaabbi isaa keessattis hirmaannaa waan hin qabneef; galii isaf qoodamuu qabu sirriitti beekee gaafachuu hin danda’u. Dabalataanis, qaama qoodinsa galii hojiwwan albuudaa irraa argamu raawwatu keessatti hirmaannaa kan hin qabne waan ta’ef, adeemsichi iftoomina kan qabu miti jechuun ni danda’ama.²⁶⁴ Kana irraan kan ka’e, mootummaan naannichaa galii qabeenya kanarraa argachuu malu sirnaan beekee gaafachuu hin danda’u.²⁶⁵

²⁶¹ Af-gaaffii Obbo Baqqalaa Badhaasoo I/Gaafatamaa A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa fi Obbo Wandimmuu Kushuu Ogeessa Bulchiinsaa fi Hojii Albuudaa A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

²⁶² Af-gaaffii Obbo Zewduu Taddasaa, Daayerekteraa Daayeroktereeti Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame; Obbo Nageessaa Luxee Ogeessa Hordoffii Fi Gamaggama Pirojektii Hawaasaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Guji, waliin gaafa 17/06/2012 taasifame.

²⁶³ Af-gaaffii Obbo Olkoo Adoolaa, B/Bu’aa Deeskii Misooma Albuuda Aanaa Shakkisoo waliin gaafa 19/06/2012 taasifame, Obbo Boggaalee Tufaa A/Ad/Bu/Ke/Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Go/Shaa/Bahaa waliin gaafa 16/07/2012 taasifame; Afgaaffii Obbo Baqqalaa Badhaasoo I/Gaafatamaa A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

²⁶⁴ Af-gaaffii Obbo Zewduu Taddasaa, Daayerekteraa Daayeroktereeti Kennaa Hayyamaa Fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifamee fi Dame Chali, Mesfin Debebe, Teferi Bekele, Abdi Aseffa and Jemal Beriso; *Challenges of Taxation Power in Oromia National Regional State: Analysis of Constitution, Law and Practice*; A Research Conducted in Collaboration with

Gama biraan, hordoffii fi to'annoq qaan ni mootummaa Federaalaa hojji albuudaa kana irratti taasisu baay'ee laafaa ta'uu isaa irraan kan ka'e, hayyamoota hojiiwwan albuudaa ofii kenne irratti rooyaaliitii funaanuuf qaan ni Federaalaa bakka oomishaa taa'ee hanga oomishaa hordofu waan hin jirreef, waanuma oomishtoonni gabaasan bu'uura godhatee royaalitii sassaaba. Dhimma kana irratti, dambiin hojji albuudaa 423/2010 keewwata 44(1) jalatti royaalitiin kan sassaabamu bakka oomishaatti ta'uu kan akeku yoo ta'u, sababa mootummaan federaalaa bakkeewwan oomishaatti hin sassaabneef kaffaltiin royalitii sirnaan karaa ifa ta'een sassaabamaa hin jiru.²⁶⁶ Kun immoo oomishtoonni kaffaltii royaalitii kaffaluu qaban dhoksuu (tax evasion) akka danda'aniif karaa banuun galii naanichi argachuu qabu miidhaa akka jiru hirmaataan qorannoo tokko ni kaasu.²⁶⁷

Hayyama hojiiwwan albuudaa sadarkaa xiqqaa mootummaa federaalaan kennaman irraa galii irraa kaffaltii royaalitii sassaabuun wal-qabatee tumaa labsii hojiiwwan albuudaa lakk. 678/2002 kwt 52(4)(i) irraa kan hubatamu kaffaltiin royaalitii, gibira galii fi kanneen biroo kan sassaabu qaama hayyama kenne yoo ta'u, tumaan labsichaa keewwatni 63(3) immoo kaffaltiin royaalitii kan sassaabamu bu'uura seera naannoleen baafatanii ta'uu agarsiisa.

Hayyama hojji albuudaa xiqqaa irraa aangoon royaalitii murtessuu fi sassaabuu heera biyyattiitiin kan mootummaalee naannoo waan ta'eef, Ministeerri Albuudaa fi Petrooliyemii afaanumaan naannoleen akka sassaabbatan qaamolee albuuda bulchaniif kan ibse ta'us, A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa ragaa abbootii hayyamaa kana of harkaa kan hin qabnee fi hayyama kana waan hin bulchineef, royaalitii hojiiwwan albuudaa kana irraa argamu sassaabuu kan hin dandeenye.²⁶⁸ Kanarraa galii mootummaan naannichaa hojiiwwan albuudaa kanarraa argachuu qabu kan hambisaa jiru ta'uutu hubatama. Gibira galii hayyama hojji albuuda sadarkaa xiqqaa mootummaan federaalaan kenu irraa argamu ilaachisee mootummaa federaalaa bakka galmeessa daldalaa bu'uura godhachuun ofiif sassaabaa kan jiru waan ta'ee,²⁶⁹ gama kanaan MNO galii ofii silaa sasssaabbatu dhabaa jira.

Oromia State Leadership Academy and Oromia Justice Sector Professionals Training and Legal Research Institute, 2011, fuula 60.

²⁶⁵ Miil-jalee olii.

²⁶⁶ Af-gaaffii Obbo Zewduu Taddasaa, Dayerekter Daayeroktereeti Kennaa Hayyamaa Fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

²⁶⁷ Miil-jalee olii.

²⁶⁸ Miil-jalee olii.

²⁶⁹ Afgaaffii Obbo Ramadaan, ogeessa seeraa A/Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa waliin gaafa 09/10/2012 taasifame.

4.2.8. Kunuunsa fi Eegumsaa Naannoo

Kununsa fi eegumsaa naannoo ilaachisee heerri RDFI qoodiinsa aangoo keessatti, aangoo seera baasuu fi seera raawwachiisuu mootummaa federaalaatiifis ta'e mootummaa naannoof ifatti hin kennine. Haa ta'u malee, heerichi aangoon ifaan mootummaa federaalaaf hin kennamne kamiyyuu kan mootummaa naannoo akka ta'e kan akeeku waan ta'eef dhimma eegumsaa fi kunuunsa naannoo irratti naannolee aangoo seera baasuu fi seericha raawwachiisuu qabu.²⁷⁰ Bu'uruma kanaan MNO hojiiwwan albuudaa naannicha keessatti gaggeeffaman naannoo irratti dhiibbaa geessiisaa kan hin jirre ta'uu isaanii hordofuuf hojichi bu'uura seera eegumsa naannoo hin faallessine waliin gaggeeffamaa jiraachuu irratti to'annoo gaggeessuuf, akkasumas bakka badiin jirutti tarkaanfii fudhachuuf aangoo heera irraa madde qaba.

Akkaataa labsii hojiiwwaan albuudaa lakk. 678/2002 kwt 52(4)(j) tiin qaamni hayyamaa albuudaa kenu hojiin albuudaa gaggeeffamu naannoo (environment) irratti miidhaa akka hin qaqqabiisiisnee fi hojiin hojjetamu hawaasa naannoo kan fayyadu ta'uu isaa mirkaneessuuf dirqamaa fi aangoo akka qabu akeeka. Qaamni hayyama hojii albuudaa argachuuf iyyata hayyamaa (hayyama albuuda muraasa irraan kan hafe) kamiyyuu hojichi naannoo irratti dhiibbaa maalii akka qaqqabiisu gamaggamsiisee (environmental impact assessment) qaama aangoo qabuun mirkaneessiisee dhiheessuu akka qabuu fi fandii dhiibbaa naannoo irratti qaqqabu deebisuuf (rehabilitate) oolu ramaduun galii gochuu akka qabu labsicha keessatti tumamee jira.²⁷¹ Hojii eegumsa nannoon wal-qabatee jiru irratti dambiin hojiiwwan albuudaa lakk. 423/2010 tumaalee hojirra oolmaa labsii kanaaf ta'an kan qabatee jiru yoo ta'u, akkaataa dambii kanaatti hojiin eeegumsa naannoo kan to'atamu qaama hayyama hojii albuudaa kennee fi Komiishinii Eegumsa naannoo, Bosonaa fi Jijiirama Qilleensaa akka ta'e agarsiisa.²⁷²

Akka kutaawan olii keessatti ilaalletti immoo, MNO hojiiwwan albuudaa sadarkaa guddaa naannicha keessatti gaggeeffaman hedduu isaanii kan bulchaa hin jirree fi hojiiwwan albuudaa kanneen irratti hayyama kennaa kan jiru mootummaa federaalaati. Akkaataa labsii fi dambii hojiiwwan albuudaa lakk. 678/2001 fi 423/2002, duraa duubaan, tti immoo hojii to'anna fi hordoffii eegumsa naannoo kan hojjetamu qaama hayyama kenneen akka ta'e

²⁷⁰ Heera RDFI, Kew 52(1).

²⁷¹ Labsii hojii albuudaa lakk. 678/2002, kwt 60(1) fi (2).

²⁷² Dambii hojiiwwan albuudaa lakk. 423/2010, kwt 39(2).

hubachuun ni danda'ama. Haalli kun immoo mootummaan federaalaa hojicha itti dhiheenyaan kan hordofuu fi to'atu waan hin ta'iniif, naannoowaan hojiin kun itti gaggeeffamutti faalama naannoof karaa saaqueera. Hirmaattonni qorannoo kanaa hojiwwan albuuda sookoo (warqii) laga dambii, hojii albuudaa taantalam Qaanxichaa, hojii albuudaa pootaashii haroo Abijaataa, hojiwwan albuudaa puumisii Warshaa Siimmintoo Darbaan fi k.k.f irratti dhiibbaa eegumsa naannoo irratti qaqqabsiise akka fakkeenyatti kaasuun faalama naannoo irratti qaqqabeef to'anna fi hordoffiin itti dhiyeyaa dhabamuu akka ta'e dubbatu.²⁷³ Qaamni hayyama kennu bakka hojiin albuudaa itti argamu irraa fagoo ta'u isaa irraan kan ka'e bakkeewwan eegumsa naannoo irratti dhiibbaa qaqqabe deebisanii misoomsisuu irratti hojjetaa kan hin jirre ta'uutu hubatama.²⁷⁴ Dabalataanis, fandiin naannoo deebisanii misoomsuuf kaffalamuu qabu sirnaan hordofamuu akka kaffalamuu fi kan kaffalamus sirnaan hojiirra akka oolu taasisuu irratti qaamni mootummaa naannoo hordofuuf kan hin dandeenye waan ta'eef, kunis hanga ammaa sirnaan hojjetamaa hin turre.²⁷⁵

Qaamoleen MNO qabeenya albuudaa bulchuuf aangeffamanii fi eegumsa naannoo naannichaa to'achuuf aangeffaman hojiwwan albuuda hayyama Mootummaa Federaalaa irraa kennname irratti hordoffii fi to'annoo eegumsa naannoo taasisuuf kan rakkatan ta'u hirmaattotni qorannoo Af-gaaffiin dubbisne ni kaasu. Uummatni dhiibbaa naannoo isaa irratti qaqqabuu fi miidhaan yammuu irra gahu, komii kaasuu yoo eegal u qaaqmooleen mootummaa to'anna fi hordoffiif gara bakkeewwan hojiwwan albuudaa gaggeeffamanii deemanis; dhaabbileen oomisha albuudaa irratti bobba'an "hariiroon keenya mootummaa federaalaa waliini; nuti isin hin beeknu; federaala irra xalayaa fidaa kottaa" jechuun of irraa kan isaan deebisan ta'u ogeeyyiin af-gaaffiin dubbisne ni dubbatu.²⁷⁶ Gama biraan, hordoffii fi

²⁷³ Af-gaaffii Obbo Sintaayyoo Barreettoo A/Ad/Bulchiinsa Albuudaa fi Kenna Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii waliin gaafa 17/06/2012; Obbo Boggaalee Tufaa A/Ad/Bu/Ke/Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Go/Sh/Bahaa waliin gaafa 16/07/2012; Obbo Bashir Bariisoo Ogeessa A/T/M/Albuudaa A/A/Tulluu waliin gaafa 07/07/2012; Aadde Qiddist Bantaa D/Garee E/Naannoo fi Jijiirama Qilleensaa Go/A/O/Shakkisoo waliin gaafa 19/06/2012; Obbo Kumaa Dirribaa D/Garee E/Naannoo A/T/E/N/Bosonaa fi Ji/Qilleensaa Go/Gujii waliin gaafa 17/06/2012 taasifame; Obbo Olkoo Adoolaa B/Bu'aa Deeskii Misooma Albuuda Aanaa Shakkisoo fi Obbo Alamaayyoo Biraanuu ogeessa albuudaa Deeskii Misooma Albuuda Aanaa Shakkisoo waliin gaafa 19/06/2012 taasifame.

²⁷⁴ Daawwannaa qorattootni bakka hojii albuudaa puumisii warshaa simmintoo Darbaaniin A/Dugdaa keessatti hojjetamaa ture amma cufame irratti argamuun gaafa 07/07/2012 taasifame. Bakka kanatti kan hubanne, warshaan kun naannoo maasii qonnaa qonnaan bulootaa cinaatti lafa argamu keessaa boollawwan gurguddaa gadi fageenya qaban qotun albuuda Puumisii jedhamu oomishaa kan turee fi yeroo ammaa kan cufame, boollu inni qotee jiru hanga ammaa afaan bane kan jiruu fi kan hin duudne ta'u irraan kan ka'e hawaasa naannoo irraa miidhaa qaqqabsiisaan kan jiru ta'u dha.

²⁷⁵ Af-gaaffii Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayirekteera Daayiroktareetii Kenna Hayyamaa Fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

²⁷⁶ Af-gaaffii Obbo Bashir Bariisoo Ogeessa A/T/M/Albuudaa A/A/Tulluu waliin gaafa 07/07/2012, Aadde Asnaaqech Laggasaa I/Gaafatamtuu A/Taayitaa misooma Albuudaa Go/Shawaa fi Obbo Boggaalee Tufaa A/Ad/Bu/Ke/Hayyamaa A/Taayitaa misooma Albuudaa Go/Shawaa waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

to'annaa akkasumas ooditiin eegumsa naannoo irratti gama qaamolee mootummaa federaalaan gaggeeffamu keessatti qaamoleen MNO dhageettii hin qabani. Akka fakkeenyatti, Ministeerri Albuudaa fi Petrooliyemii odiitii eegumsa naannoo Midrok Warqii laga dambii irratti gaggessee ture yaada akka itti kennuuf A/Ta/E/N/B/Ji/Qilleensaa Oromiyaatif yoo ergu abbaan taayitichaa odiitii gaggeefamu kuffisus; ministeerichi odiitii dhiyaate mirkaneessuun hayyama hojii albuudaa kan haaresse yoo ta'u, fincila uummatni kaaseen hojichi dhaabbachuu danda'ee jira.²⁷⁷ Haalli kun immoo hojiin to'annaa fi hordoffii eegumsa naannoo jiru laafaa akka ta'uu fi naannicha faalamaaf kan saaxile ta'uu hubachuun ni danda'ama.

4.3. Hooggansa Qabeenya Bosonaa

4.3.1. Aangoo Seera Qabeenya Tumuu

Akkuma irra deddeebiin barruu kan keessatti ibsame heerri RDFI Mootummaan Federaalaan itti-fayyadama, misoomaa fi eegumsa qabeenya uumamaa irratti aangoo seera baasuu akka qabaatu kan aangesse akka ta'ee²⁷⁸ fi mootummaaleen naannoo qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu seera mootummaan Federaalaan baasu bu'uura godhachuun kan bulchan akka ta'e²⁷⁹ kan akeeke ta'uu ilaalle jirra. Qabeenyi bosonaa qabeenya uumamaa keewwata heeraa kana keessatti ibsame keessatti kan hammatamu dha. Kana jechuun bu'uura heera RDFI tiin qabeenya albuudaa irratti aangoo seera baasuu kan qabu mootummaa Federaalaan yoo ta'u, naannoleen qabeenya kana seera mootummaan federaalaan baasu bu'uura godhachuun bulchu jechuudha.

Muuxannoo biyyootaa yoo ilaalle, Maaleeyiyaa keessatti heerri biyyattii aangoo imaammataa fi seerota bosonaa baasuu mootummaa federaalaaf kan kenee yoo ta'u, heerichi mootummaaleen naannoo qabeenya bosonaa naannoo isaanii akka bulchanii fi haala qabatama naannoo isaanitti imaammataa fi seerota bosonaa akka baasanif aangessuun naannoleen imaammataa fi seera bosonaa wayita baasan imaammataa fi seera bosonaa waliigalaa mootummaa federaalaan baase bu'uura godhachuun akka qaban kaa'a. Muuxannoob biyya Indiyaas kanumaan kan wal-fakkaatu yoo ta'u, mootummaan federaalaan qabeenya bosonaa biyyattii hunda irratti aangoo imaammataa fi seera baasuu heeraan kennameef qaba. Naannoleenis aangoon imaammataa fi seera bosonaa baasuu heerichaan kan kennameef yoo

²⁷⁷ Af-gaaffii Obbo Boonaa Yaaddessaa I/A/I/Gaafatamaa D/Olaanaa fi I/G/Damee E/Naannoo A/Ta/E/N/B/Ji/Qilleensaa Oromiyaa waliin gaafa 16/08/2012 taasifame.

²⁷⁸ Heera RDFI, kwt 51(5) fi kwt 55(2)(a).

²⁷⁹ Miil-jalee olii, kwt 52(2)(d).

ta'es, imaammataa fi seerri isaan baasan haala qabatamaa naannoo isaanii giddu galeessa godhachuun imaammataa fi seera mootummaan federaalaa baase hordofuudhaan ta'uu qaba. Gama kanaan, seerrii fi imaammatni mootummaan federaalaa baasu kan naannolee irra olaantummaa qaba. Indiyaatti, heerri biyyattii aangoo qabeenya bulchuu mootummaalee naannoof kennee jira. Biraaziil keessatti immoo qabeenya bosonaa irratti aangoon seera baasuu fi qabeenyicha bulchuu kan mootummaa federaalaa yammuu ta'u, mootummaan federaalaa naannoleen qabeenyicha akka bulchaniif bakka bu'iinsa kennuufii danda'a. Biyyoota akka USA, Kanaadaa fi Awustiraaliyaa keessatti immoo heerri isaanii abbummaa qabeenya bosonaa kan mootummaa federaalaa fi naannoleetti qooduun mootummaan federaalaa qabeenya bosonaa kan isaa irratti naannoleen isaanis qabeenya bosonaa kan dhuunfaa isaanii ta'e irratti aangoo seera baasuu fi bulchiinsaa kennee jira. Muuxannoon biyya keenya muuxannoowwan biyyoota kanaa irraa adda yoo ta'u, heerichi akka heerota biyya Indiyaa fi Maaleeyiyaa naannoleen aangoo bulchiinsaa qaban irratti hundaa'un seerota mataa isaanii baafachuu akka danda'an hin aangessine.

Mootummaan federaalaa karaa Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa imaammata eegumsa naannoo²⁸⁰ baasuun hojiirra oolchee jira. Dhimmi bosonaa imaammata Eegumsaa Naannoo²⁸¹ biyyattii keessatti dhimmoota xiyyeffannoo argatan keessaa isa tokkodha. Imaammatichi eegumsaa fi kunuunsa bosona biyyattiif godhamuu qabuu fi hojiwwan gama kanaan hojjetamuu malan ifatti akeekuun kaa'ee jira.²⁸² Akkasumas, imaammatichi seerotni ba'an dhimmoota akkamii haguuguu akka qabanii fi bulchiinsi bosonaa maal akka fakkaachuu qabu kan agarsiisu dha.²⁸³ Imaammata kanaa fi Aangoo seera baasuu heera RDFI tiin kennameef bu'uura godhachuun mootummaan federaalaa yeroo garagaraa seerota bosonaa adda addaa baasaa kan ture yoo ta'u, seerri bosonaa yeroo ammaa hojiirra jiru Labsii Eegumsa, Misoomaa Fi Itti Fayyadama Bosonaa lakk.k 1065/2010 dha. Labsiin kan kan tumame aangoo heerri RDFI keewwata 51(5) fi 55(1) jalatti mana maree bakka bu'oota uummataaf kennee jiru bu'uura godhachuun ta'uu isaa ni akeeka.²⁸⁴ Heerichi, aaangoo bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti seera tumuu mootummaa federaalaaf ifatti kennee waan jiruuf, bulchiinsa qabeenya bosonaa irratti aangoo seera baasuun wal-qabatee mootummaa federaalaa irratti gaaffiin aangoo ka'uu danda'u hin jiru.

²⁸⁰ Imaammata Eegumsa fi Kunuunsa Naannoo Itoophiyaa, bara 1989.

²⁸¹ Miil-jalee olii.

²⁸² Miil-jalee olii, kwt 3.

²⁸³ Miil-jalee olii, kwt 5.

²⁸⁴ Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti-fayyadama Bosonaa lakk. 1065/2010, seensa, keeyyata 8^{ffaa}.

Gama biraan, aangoon bulchiinsa qabeenya bosonaa mootummoolee naannoof kan kennname ta'uu tumaa heera biyyattii keewwata 52(2)(d) irraa ni hubatama. Akka keewwata kanaatti mootummooleen naannoo qabeenya bosonaa kan bulchan seera mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuuni dha. Qabeenya bosonaa irratti MNO labsii mataa isaa baafachuun hojii irra oolchee jiru yoo ta'u, labsiin kun Labsii Bosona Naannoo Oromiyaa lakk.k 72/1995 jedhamee kan beekamu dha. Labsiin kun kan tumame heera MNO kwt 49(1)(a) bu'uura godhachuun akka ta'e akeeka.²⁸⁵ Labsiin Bosona Naannoo Oromiyaa kun dhimmoota misoomaa fi eegumsa bosonaa, itti fayyadama bosonaa, to'annoo sochii callaa qabeenya bosonaa fi gochaawwan dhorkaman hunda kan of keessatti hammatee jiru yeroo ta'u, gosoota bosonaa sadanuuf akkaataa galumsa isaaniitti tumaalee garagagaraatiin tuttuqee jira. Xumura irrattis, labsichi gochaawwan yakkaa addaa baasuun adabbii isaan hordofsiisan waliin tumee jira.

Labsiwwan kun lamaan qabiyyeedhan yammuu ilaalaman, dhimmoota bulchiinsa qabeenya bosonaa irra jireessa isaa haguugan yoo ta'u, dhimmoota hedduu irratti wal-fakkii kan qaban ta'us dhimmoota muraasa, adabbii yakkaa dabalatee, irratti adda addummaa kan qabu dha. Kana irraan kan ka'e, qaamolee haqaa biratti hojiirra oolmaan seerota kanaa irratti falmii garaa garaaf saaxilamee jira. Ijoon falmii dubbichaa MNO bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti aangoo seera baasuu qaba moo hin qabu kan jedhu ka'umsa kan godhate yoo ta'u, walitti bu'iinsi seerota kana lamaanii yammuu jiraatu seera isa kamtu raawwatamummaa qaba kan jedhu dha. Kanarraa ka'uun, MNO qabeenya bosona naannichaa irratti aangoo seera baasuu ni qabaa? aangoo ni qaba yoo ta'e daangaan aangichaa hanga eessaatti? qabxii jedhu haala armaan gadiin xiinxalla.

Dhimma kana irratti yaadanni gurguddoon ogeessota seeraa biratti kan calaqisan yoo ta'u, yaadni jalqabaa, mootummaan naannichaa bu'uura heera RDFI kwt 52(2)(d) tiin aangoo qabeenya bosonaa bulchuu waan qabuuf aangoon bulchiinsaa immoo seera baasuu kan dabalatu waan ta'eef, labsii bosonaa kana baasuun isaa sirriidha; raawwatiinsas ni qaba jedhu.²⁸⁶ Akka yaada garee kanaatti, mootummaan naannichaa seera osoo hin baasin qabeenyicha bulchuu hin danda'u waan ta'eef, mootummaan naannicha seera rogummaa qabu kan bulchiinsa qabeenya bosonaa hogganu baasuun isaa sirrii dha.

²⁸⁵ Labsii Bosona Naannoo Oromiyaa lakk. 72/1995, seensa keeyyata 4^{ffaa}.

²⁸⁶ Fakkeenyaaaf, falmii A/Alangaa M/M/H/A/A/W/Gala Oromiyaa dhagaha falmii yakkaa M/Murtii W/Gala Oromiyaa dhaddacha Ijibbaataa lakk. galmee 303547 irratti ture.

Yaadni lammafaan, bu'uura irraa aangoon qabeenya bosonaa irratti seera baasuu kan mootummaa federaalaati; aangoon qabeenya kana seera mootummaan federaala baasu bu'uura godhachuun bulchuu immoo kan mootummooleen naannoo ti kan jedhu dha. Ogeeyyiin yaada kana tarkaanfachiisan akka qajeeltootti, aangoon bulchiinsa bosonaa irratti seera baasuu kan mootummaa federaala ta'us, haalli kun mootummoolee naannoo aangoo seera baasuu kan dhorkatu miti. Mootummooleen naannoo bakka seerri mootummaa federaalaan bahe gahaa hin taanetti ykn seera mootummaan federaala baase bulchiinsaaf akka tolutti balballoomsuun barbaachisaa ta'ee yoo argame seera baasuu danda'u jechuun falmu.²⁸⁷

Yaadni sadaffaan, deggarsa qorattoota qorannoo kanaa qabu immoo akkaataa Heera RDFI tiin qabeenya uumamaa addatti immoo bulchiinsa qabeenya bosonaa irratti mootummaan federaala aangoo seera baasuu kan isaa qofa ta'e (exclusive jurisdiction), qaba jechuun amana. Mootummaan federalaa dhimmoota bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaallatan mara irratti seera baasuuf aangoo isa qofaaf kenname kan qabu yoo ta'u, mootummaan naannoo seera mootummaa federaalaatiin bahu bu'uura godhachuun qabeenya kana bulchan ta'a. Seeronni mootummaa federaala qaawwa kan qabu ykn gahumsa kan hin qabne yoo ta'e, seeronni kun akka fooyya'aniif gaafachuu malee aangoo seera baasuu qaama isa tokko qofaaf kenname fudhachuun seera baasuun qaawwa seeraa qaama biraan ba'e duuchuun ykn gahumsa akka qabaatu gochuun heerawaa hin ta'u. Dabalataanis, seerotq sadarkaa labsiitiin bahan raawwachiisuuf yeroo hedduu dambii fi qajeelfama bahuun kan balballoofaman yoo ta'u, bu'uura Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti Fayyadama Bosonaa lakk.k 1065/2010 kwt 27 tiin Mana Maree Ministeerotaa, Ministeera Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijiirama Qilleensaa tiif duraa duubaan bakka bu'iinsaan aangoo dambii fi qajeelfama baasuu kennee (delegate) jira. Dablataanis labsichi keewwatuma kana jalattii barbaachisaa ta'ee yoo argame naannooleen dambii fi qajeelfama labsii kan raawwachiisu danda'u baasuu akka danda'aniif aangessee jira. Mootummaan Federaala aangoo seera baasuu qabu kan bu'uura Heera RDFI kwt 50(9) tiin Mootummaalee naannoof aangoo isaa dabarsee bakka bu'iinsaan hanga hin kennineefitti (delegate)²⁸⁸ seerri qabeenya bosonaaf bahe qaawwa yoo qabaate ykn gahumsa kan hin qabne yoo ta'e, mootummaan naannichaa seera baasuu danda'a jechuun bu'uura heeraa hin qabu. Muuxannoon biyyootaas kan agarsiisu²⁸⁹ naannooleen aangoo

²⁸⁷ Yaada Murtii Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii W/Gala Oromiyaa lakk. galme 303547 ta'e irratti calaqqisiise.

²⁸⁸ Fakkeenyaaaf, haala labsii Bulchiinsa fi Itti-fayyadama Lafa Baadiyyaa lakk. 456/1997 kwt 17(1) irratti aangoo seera baasuu Mootummaa Nannooleef kenname.

²⁸⁹ Fakkeenyaaaf, Maalezyiyaa fi Indiyaa.

qabeenyicha bulchuu irratti dabalataan seerotaa fi imaammattoota imaammataa fi seerota mootummaan federaalaan baasu bu'uura godhachuun baasuu akka danda'an heerichaan ifatti kan ibsamu yoo ta'u, kan biyya keenyaa garuu kanarraa adda naannoleen seerotaa fi imaammata mataa isaanii akka baafatiinf hin aangessine.

Aangoon seera bulchiinsa qabeenya bosonaa mootummaa federaalaaf qofaatti (exclusively) kan kennname ta'us, naannoleen qabeenya kana bulchuuf heerichaan aangeffamanii kan jiran waan ta'eef, dirqama seera raawwachiisuuu isaanitti kennname sirnaan bahuuf caaseffama bulchiinsaa qabeenya kana bulchuuf isaan dandeessisu seeraan diriirsuu kan isaan dhorku hin jiraatu. Seerri naannoleen baafatan kun sadarkaa naannootti qaama mootummaa qabeenya bosonaa bulchu hundeessuu fi aangessuu, caasaa qaama kanaa sadarkaa sadarkaan ijaaruu fi dhaabuu, akkaataa raawwii hojii bulchiinsaa fi hojimaata isaa seeraan diriirsuu fi k.k.f irra kan darbe ta'uu hin qabu. Labsiin Bosona Naannoo Oromiyaa qajeeltoowwan bulchiinsa bosonaa fi dhimmoota bulchiinsa isaa hunda haguuguun kan wixineeffame waan ta'eef, seerri kun haala olitti ibsameen dhimma bulchiinsaaf qofa kan bahee dha jechuun hin danda'amu. Inumaayyuu, labsiin kun dhimmoota hedduu irratti dhimma bulchiinsa qabeenya bosonaa irratti tumaalee labsii bosonaa federaalaan wal-faallessan ykn wal hin simne kan of keessatti hammatee kan jiru dha.

Haalli kun raawwii seerota kanaa irratti hojiwwan bulchiinsa qabeenyichaa fi manneen murtii keessatti wal-fakkiin akka hin jiraanne taasisaa tureera.²⁹⁰ Manneen Murtii tokko tokko dhimmoonni bosonaan wal-qabatan falmiif ka'umsa ta'anii yammuu dhihaatan, seera bosona MNO cinaatti dhiisuun labsii bosonaa mootummaa federaalaan bahe hiikaa kan turan²⁹¹ yoo ta'u, gariin isaanii immoo labsiidhuma bosona Oromiyaa kan hiikaa turanii dha.²⁹² Yeroo ammaa kana dhaddachi ijibbataa MMWO dhimma kana irratti murtii dirqisiisaa kennee kan jiru ta'uu isaa irraan kan ka'e falmiin kun hanga tokko kallattii akka qabaatu taasisus murtiin kun rakkolee biroo gama seerota kanaan jiru kan hiiku ta'uu hin danda'u.

²⁹⁰ Af-gaaffii Obbo Leencoo Gammadaa, B/Bu'aa waajjiraa, Obbo Huseen Bantaa Ogeessa Gamaggama Dhiibbaa Hawaasa Naannoo fi Kenna Hayyamaa fi Aadde Qiddist Kabbadaa D/G/E/Nannoo fi Ji/Qilleensaa A/T/E/N/B/J/Qilleensaa A/O/Shakkisoo waliin gaafa 19/06/2012 taasifame.

²⁹¹ Falmii yakkaa A/Alangaa fi himatamtoota Goobanaa Uddoofaa N-2, M/M/Olaanaa Go/Gujii lakk. galmee 14974.

²⁹² Falmii ol-iyyannoo Asmaraaw Inniyew faa N-2 fi A/A/W/Oromiyaa giddutti Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha yakkaa giddu galeessaa irratti taasifame.

4.3.2. Qabeenya Bosonaa Taaliguu

Heera RDFI keessatti, mootummaaleen naannoo qabeenya bosonaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu bulchuuf aangoo qabu.²⁹³ Naannoleen seerota mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuun itti-gaafatamummaa bulchiinsa qabeenya bosonaa akka ba'atan heerri RDFI ni akeeka. Naannoorn Oromiyaa qabeenya bosonatiin badhaatuu yoo taatu uwvisa bosonaa biyyaattiin qabdu keessaa quodni ishiin qabdu bal'aadha.²⁹⁴ MNO qabeenya bosonaa naannoo isaa keessatti argamu taaliguuf (bulchuuf) aangoo heera RDFI tiin kennameef qaba.

Qabatama seeraa jiru yoo ilaalle, Labsiin Eegumsa, Misoomaa fi Itti-fayyadama Bosonaa lakk.k 1065/2010 kutaa 6^{ffaa} dhimma bulchiinsa qabeenya bosonaa ilaallatu irratti mootummaaleen naannoo qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa naannoo isaanii keessatti argamu kan bulchan ta'uu kan ibsu²⁹⁵ yoo ta'u, haalota addaa irratti aangoo bulchiinsaa naannoleen qaban kana mootummaan federaalaa ofii fudhachuun qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa kana bulchuu akka danda'u ibsa.²⁹⁶ Haalonni kunis, qabeenyi bosonichaa daangaa naannolee lamaa fi lamaa olii irratti kan argamu fi mootummaaleen naannoorn waliin ta'uu qabeenya kana sirnaan kununsuu fi bulchuu kan hin dandeenye yoo ta'e,²⁹⁷ ykn faayidaa fi dantaa qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa akka biyyolessaa, ardii fi addunyaatti qabu olaanaa yoo ta'e akka ta'e tumee jira.²⁹⁸ Keewwattonni labsichaa aangoo bulchiinsaa naannoleen qabeenya bosonaa irratti heeraan qaban kan cabsuu fi sirna ofiin of bulchuu (self rule) sirna federaalizimii keessa jiruun wal-faallaa kan deemu dha. Bulchiinsa qabeenya bosonaa ilaachisee, heerichi guutummaa guutuutti aangoo bulchiinsaa mootummaalee naannoof bakka kennee jirutti mootummaan federaalaa aangoo seera baasuu qabutti gargaaramee sababoota tarreessuun aangoo bulchiinsaa naannoleen qaban mulquun isaa al-heerawaa dha.

Daataan godinoota Oromiyaa garagaraa irraa sassaabne akka agarsiisutti, qabatamaan mootummaan federaalaa bosonaa fi lafa bosonaa daangaa Oromiyaa keessa jiru kan mootummaan federaalaa bulchaa jiru kan hin jirre ta'uu dha.²⁹⁹ Bosonaa fi qabeenya bosonaa

²⁹³ Heera RDFI, kwt 52(2)(d).

²⁹⁴ Af-gaaffii Obbo Yirdaw Nagaash, D/Olaanaa A/Taayitaa Misoomaa Albuudaa Oromiyaa waliin gaafa 24/03/2012 taasifame.

²⁹⁵ Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti-fayyadama Bosonaa lakk. 1065/2010, kwt 17(1).

²⁹⁶ Miil-jalee olii, kwt 16(13).

²⁹⁷ Miil-jalee olii, kwt 16(13)(a).

²⁹⁸ Miil-jalee olii, kew 16(13b).

²⁹⁹ Af-gaaffii Obbo Boonaa Yaaddessaa, I/A/G/Daarekteraa Olaanaa fi I/G/Damee E/Naannoo A/Ta/E/Na/Bo/Ji/Qilleensaa Oromiyaa waliin gaafa 17/08/2012, taasifame.

naannicha keessatti argamu qabatamaan bulchaa kan jiru qaamolee bosona bulchuuf akka naannichaatti seeraan hunda'aan ta'uun ni hubatama. Ta'us, garuu paarkiiwwan biyyooleessa gurguddoo kanneen akka Paarkii Gaarreewan Baalee, Paarkii Biyyooleessa Sanqallee fi Paarkii Biyyooleessa Awaash argamni isaanii naannoo naannoo Oromiyaa keessa ta'e dambiidhaan hundeessuun kan bulchaa jiru qaama mootummaa federaalaa ti.³⁰⁰ Paarkiiwwan kunneen keessumaa Paarkiin Biyyooleessa Gaarreewan Baalee qabeenya bosonaa fi bineensa bosonaatii badhaadhoo yoo ta'an qabeenya bosonaas ta'e bineensa bosonaa paarkicha keessatti argamu mara kan abbummaan bulchu bulchiinsa paarkichaa fi qaama paarkii kan hogganu dha.³⁰¹ Qabeenyi bosonaa fi bineensa bosonaa walitti hidhataa fi walirraa adda baasanii ilaaluun kan hin danda'amne yoo ta'u paarkiiwwan kunneen qabeenya kana lameen akkuma hammatanitti bulchiinsa mootummaa federaalaa jala jiru.³⁰² Waliigalaan qabeenya uumamaa, bosonaa fi bineensa bosonaa dabalatee, naannoon Oromiyaa aangoo bulchiinsaa mormiin itti ka'uu hin dandeenye qabaatus, gama bulchiinsa paarkiiwwan kanneeniin aangoon bulchiinsaa kun mootummaa naannicha irraa fudhatameera.

4.3.3. Galii fi Qoodiinsa Galii Qabeenya Bosonaa

Akkaataa Heera RDFI keewwata 97(10) tiin aangoon kaffaltii royaalitii itti-fayyadama qabeenya bosonaa irraa argamu murteessuu fi funaanuu kan kan mootummaalee naannooti. Labsiin Eegumsa, Misoomaa Fi Itti Fayyadama Bosonaa lakk.k 1065/2010 keewwata 17(6)irratti mootummooleen naannoo aangoo fi itti-gaafatamummaa royaalitii bu'aa qabeenya bosonaa irraa argamu murteessuuf sassaabuu kan qaban ta'u ifatti kaa'ee jira. Kanaaf, gama kanaan rakkoon seeraa jira jechuun hin danda'amu. Haa ta'u malee, labsichi mootummaan federaalaa barbaachisaa ta'ee yoo argame, qabeeya bosonaa daangaa naannoolee lamaa fi isaa ol irratti argamu ykn qabeenya bosonaa faayidaan isaa akka biyyaa, ardi fi addunyaatti qabu guddaa ta'e ofiif bulchuu kan danda'u ta'uu akeekaa waan jiruuf, mootummaan federaalaa tumaa labsii kanaa hojiirra oolchuun qabeenya bosonaa kanneen bulchuu kan eegaluu yoo ta'e, aangoo murtii fi sassaabbii royaalitii irratti mootummaaleen naannoo qaban illee kan miidhu ta'uu mala.

³⁰⁰ Dambii Paarkii Biyyoolessa Gaarreewan Baalee hundeessuuf M/M/Ministeerotaatiin bahe lakk.k 338/2007, Dambii Paarkii Biyyoolessa Sanqallee hundeessuuf M/M/Ministeerotaatiin bahe lakk.k 334/2007, Dambii Paarkii Biyyoolessa Awaash hundeessuuf M/M/Ministeerotaatiin bahe lakk.k 329/2007, Af-gaaffii Obbo Boonaa Yaaddessaa, I/A/G/Daarekteraa Olaanaa fi I/G/Damee E/Naannoo A/Ta/E/Na/Bo/Ji/Qilleensaa Oromiyaa, waliin gaafa 16/08/2012 taasifame; Af-gaaffii Obbo Dirribaa Ayyaanaa, Daarekteera olaanaa Dha/Bo/Bineensa Oromiyaa, waliin gaafa 18/08/2012 taasifame.

³⁰¹ Miil-jalee olii.

³⁰² Miil-jalee olii.

BOQONNAA SHAN

YAADOTA GUDUNFAA FI FURMAATAA

5.1. Yaadota Gudunfaa

Biyyoota sirna federaalizimiin bulan keessatti bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaachisee aangoon bulchiinsa qabeenya uumamaa mootummaalee sadarkaan jiran gidduutti qoodama: bal'inaan mootummaa giddu-galeessaa fi mootummaa naannoo gidduutti hirama jechuu dha. Haalli qoddii aangoo kun biyyaa gara biyyaatti gargar ta'us, dhimmoonni goodiinsa aangoo qabeenya uumaamaa keessatti ilaalam an aangoo seera baasuu, aangoo hooggansaa fi aangoo galii qabeenya uumamaa irraa argamu murteessuu fi sassaabuu dha.

Seena fi kaayyoo hundeffama federeeshinii irratti hundaa'ee qoodnis bulchiinsa qabeenya uumamaa bal'inaan mootummaa giddu-galeessaaf yookaan bal'inaan mootummaalee naannoof kennamu ni mala. Federeeshiniin biyyoota of-danda'oo turan irraa walitti dhufamee ijaaramu keessatti, aangoo bulchiinsa qabeenya uumamaa bal'inaan kan qabu mootummaalee naannoo dha. Fakkeenyaaaf, federeeshinii Ameerikaa fi Kanaadaa keessatti bulchiinsa qabeenya uumamaa jechuunis aangoo seera baasuu fi hoogganuu keessatti mootummaaleen naannoo aangoo bal'aa argataniiru. Gama biraan, federeshninoonti sirna bulchiinsa mootummaa biyya tokko bakka bu'uun hundeffame keessatti ammoo aangoo bulchiinsa qabeenya uumamaa bal'aa kan qabu mootummaa giddu-galeessaa (federaalaa) dha. Fakkeenyaaaf biyya akka Naayijeeriyya fi Biraazil keessatti aangoo bulchiinsa qabeenya uumamaa bal'aa kan qabu mootummaa federaalaa dha. Haa ta'u malee, qabeenya uumamaa akka bosonaa garuu kan bal'inaan bulchu mootummaa naannoo dha. Federeeshinii Itoophiyaa keessatti ammoo aangoo bulchiinsa qabeenya uumamaa caalmaatti akka murteessu aangoo kan argate Mootummaa Federaalaa yoo ta'u, qabeenya bishaanii ala qabeenya uumamaa jiran mootummaaleen naannoo seera Mootummaan Federaalaa baasu bu'ureffatanii hoogganu.

Haaluma kanaan, yaada gudunfaa fi argannoo qorannoo kana salphaatti hubachuun akka danda'amutti, qofa qofatti bulchiinsa qabeenya bishaanii, albuudaa fi bosonaa gaggabaabsinee akka armaan gaditti adda addaan ilaalla.

A. Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii

Bulchiinsa qabeenya bishaanii addatti yoo ilaallu, Biyya Kanaadaa keessatti mootummaaleen naannoo aangoo seera bulchiinsa bishaanii tumuu fi raawwachiisuu gonfataniii kan jiran yoo ta'eliee, yeroo si'anee kana qabeenya bishaanii kallattii dhargala'iinsa bishaanii (sulula

lageenii) giddu-galeessa godhachuun mootummaan giddu-galeessaa, mootummaan naannoo bishaani sun keessatti argamu fi biyyootni bishaanni sun itti yaa'u waliin qinda'anii bulchu. Bifuma wal-fakkaatuun, Biyya Ameerikaa keessatti qabeenya bishaanii irratti aangoo seeraa baasuu fi raawwachiisuu harka caalaa akka qabaatu kan ta'e mootummaa naannoo yoo ta'u yeroo si'anaa kana garuu qabeenyi bishaanii sulula lageenii irratti hundaa'ee akka hogganamu kallattiin waan ta'eef, mootummaa giddu-galeessaa fi naannooleen waliin qindaa'uun akka bulu taasisuurratti xiyyeffachaa jira.

Qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo qofa keessatti argamu ilaachisee, aangoo bulchiinsaa harka-caalaa kan qabu mootummaa naannoo qabeenyi bishaanii keessatti argamu dha. Fakeenyaaf, Biyya Biraazil keessatti, mootummaan federaalaa dhimma biraatiif barbaadee adda kan baase yoo ta'e malee, qabeenya bishaanii bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo keessatti qofa daanga'ee argamu akka bulchu kan aangeffame mootummaa naannoo dha.

Sirna bulchiinsa qabeenya bishaanii Biyya Keenya keessatti Heerri RDFI akka tumutti mootummaan Federaalaa lageenii fi haroowwan daangaa biyyaa qaxxaamuranii fi mootummaalee naannoo wal-qunamsiisan ilaachisee seera tumuu akka danda'u aangesseera. Lageenii fi haroowwan daangaa bulchiinsa isaanii keessaa ala bahan irratti seera itti-fayyadamaa baasuu kan hin dandeenye yoo ta'ellee, seera kunuunsa lageenii sana hogganu garuu mootummaaleen naannoo baasuu akka danda'an tumaan heerichaa carraa ni kenna. Mootummaaleen lamaan kanneen dhimma aangoo seera tumuu irratti qaban kanneen irratti aangoo hooggansaas akka qabatan ta'anii kan aangeffaman waan ta'eef, itti-fayyadama bishaan daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo ala buhu ilaachisee aangoo hooggansaa akka qabaatu kan ta'e Mootummaa Federaalaa dha. Haaluma kanaan, Mootummaan Federaalaa qabeenya seera itti-fayyadamaa baasuun akkasumas qaamolee qabeenya bishaanii hogganan caasessuun aangoo isaa kana guutummaatti raawwachuu irratti argama.

Gama biraan, mootummaaleen naannoo burqituu, haroo fi bishaan lafa jalaa daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo qofa keessatti daanga'an bulchuuf jecha aangoo seera tumuu fi hogganuu akka qabaatu ta'ee aangeffameera. Hata'u malee, MNO seera kunuusa qabeenya bishaan daangaa qaxxaamuran bulchu akkasumas itti-fayyadamaa fi kunuunsa qabeenya bishaan daanga'anii jiran bulchuu kan isa dandeessisu seeraa haga yoonaatti hin tumatiin jira. MNO seera rogummaa qabu baasuu dhabuunsaa qaamoleen bulchiinsa qabeenya bishaaniirratti hoijetan qabeenya bishaanii sirnaan akka hin bulchine,

mootummaa fi uummatni naannichaa galii argachuu qabu akka hin arganne akkasumas qabeenyichi sirnaan akka hin kunuunfamne taasiseera.

Bulchiinsa waliigalaa qabeenya bishaanii ilaalcissee labsiin yeroo jalqabaaf akka biyyaatti bahe labsii lak 197/92 yoo ta'u, labsiin kun hojii qabeenya bishaanii hoogganuu bal'inaan mootummaa Federaalaatiif kenneera; bulchiinsa qabeenya kanaa keessatti gaheen mootummaa naannoo maal akka ta'ee fi qindoominni mootummaalee naannoo gidduu gama kanaan jiraachuu malu hin ibsine. Dambiin labsii kana bu'uureffatee bahe, dambiin lak 115/97 qaama to'anno bishaanii gaggeessuu ministeera qabeenya bishaanii yookaan qaama isa bakka bu'ee hojjetu kan aangesse yoo ta'u, qaamni kun qaama to'anno qulqullina bishaanii gaggeessu, hayyama itti-fayyadama tajaajila bishaanii kennu, hayyama gahumsa kenna gorsa hojii bishaanii irratti kennu fi haqu, kaffaltii tajaajila bishaanii walitti qabuu fi hayyama hojii bishaanii kennu dha. Dambiin kunis aangoo qabeenya bishaanii hoogganuu irratti mootummaaleen naannoo qaban daran kan gadi buusedha.

Qabeenyi bishaanii naannicha keessatti argamu yeroo si'anaa kana mootummaa Federaala fi mootummaa naannoon hoogganamaa jira. Haaluma kanaan, qabeenya bishaanii lafa irraa fi lafa jalaa irratti akkasumas bishaan Oromiyaa keessaa bahanii fi daanga'anii hafan hunda irratti mootummaan Federaala bakka baay'eetti hayyama itti-fayyadamaa kennuun to'anno qamolee hayyama argatan irratti gaggeessaa jira. Mootummaan Oromiyaas haluma wal-fakkaatuun hayyama kennuun hordoffii taasisuuf yaalii gochaa jira. Mootummaan Naannoo Oromiyaa qamolee qabeenya bishaanii maddisiisanii fayyadamuu barbaadaniif duukaa bu'ee hayyama itti-fayyadamaa kennu fi hanga bishaan isaan fayyadaman safaruu sirna dandeessisu hundeessuun galii qabeenya kana irraa madduu qabu maddisuu irratti Mootummaan Naannichaa hojjechaa hin jiru jechuun ni danda'ama.

B. Bulchiinsa Qabeenya Albuudaa

Bulchiinsa qabeenya albuudaa ilaalcissee muuxannoowwan biyyoota sirna federaalizimiitiin bulan garagaraa keessa jiru adda addumma kan qabu yoo ta'u; Meeksiikoo fi Naayijeeriyaatti aangoon qabeenya albuudaa irratti seera baasuu fi qabeenyicha bulchuu kan mootummaa Federaala yoo ta'u, naannoleen bulchiinsa qabeenya albuudaa irratti hirmaannaa seera baasuus ta'e bulchiinsa isaa keessatti hirmaannaa hin qabani. Mootummaan Federaala aangoo bulchiinsa albuudaa qofaa isaa sassaabee fudhachuun kun Naayijeeriya kutaa biyya Deeltaa keessatti walitti bu'iinsa yeroo dheeraa turee fi jiruuf sababa dha. Faallaa kanaa immoo muuxannoon biyya Kanaadaa kan agarsiisu qabeenya albuuda ilaalcissee naannoleen

aangoo seera baasuu fi kan bulchiinsaa kan qaban yoo ta'u naannoleen aangoo kaffaltiiwan royaalitii dabalatee taaksiwwan biroo seektericha irraa argaman murteessuu fi sassaabuuf aangoo qabu. Muuxannoon biyya Indiyaa immoo kan agarsiisu, bulchiinsa qabeenya albuudaa irratti aangoon seera baasuu kan mootummaa Federaalaa yoo ta'u, naannoleen immoo qabeenya kan seera mootummaan Federaalaa baasu bu'uura godhachuun bulchuuf aangoo qabu. Dabalataanis, naannoleen royaalitii, kira lafaa, taaksii gurgurtaa, kaffaltiiwan eegumsa naannoo, kaffaltii liizii albuudaa fi qorannoo albuudaa fi kaffaltiiwan taaksii ala jiran biroo kan sassaaban yoo ta'u, hanga kaffaltii royaalitii (royalty rates) kan seeraan murteessu mootummaa federaalaati. Mootummaan federaalaa gama isaatiin kaffaltiiwan taaksii kanneen akka eksaayiz taaksii, taaksii dhaabbataa (corporate tax), kaffaltii kununsa bosonaa fi k.k.f sassaaba.

Biyya keenya keessatti heerri RDFI qabeenya albuuda irratti aangoo seera baasuu Mootummaa Federaalaaf kan kenne yoo ta'u, naannoleen immoo seera Mootummaan Federaalaa baasu bu'uura godhachuun qabeenya akka bulchaniif aangeffamani. Dabalataanis, galiiwwan hojii albuudaa irraa argamu irratti hojii albuuda sadarkaa guddaa irraa galiiwwanii fi kaffaltii royaalitii waliin akka sassaaban, hojii albuuda sadarkaa xiqqaa irraa galii fi kaffaltii royaalitii argamu immoo naannoleen akka murteessanii fi sassaabaniif aangeffamaniiru. Akkaataan taaksiwwan mootummooleen lamaan murteessuu fi sassaabuuf waloon aangeffaman itti murtaa'uu fi sassaabamu heericha keessatti bal'inaan ibsamuu baatus, heerichi taaksiwwan mootummaaleen lamaan aangoo waloo irratti qaban bu'uura foormulaa manni maree federeeshinii baasuun kan qoodamu ta'uu kaa'ee jira. Kana yammuu ilaallu heerichi sirna bulchiinsa qabeenya albuuda al-waaltawaa (decentralized governance) kan hordofe dha jechuu ni dandeenya.

Haata'umalee, qabatamni gama aangoo seera tumuu, qabeenya albuudaa bulchuu, galii hojii albuuda irraa argamu murteessuu fi sassaabuu fi qoodinsi galii bulchiinsa qabeenya albuudaa keessa jiru sirna caaya heeraatiin diriiree jiruun kan wal-hin simne dha. Bulchiinsa qabeenya albuudaa ilaachisee aangoon seera tumuu Mootummaa Federaalaaf qofaaf ifatti aangoon kennamee bakka jirutti Mootummaan Naannoo Oromiyaa aangoo isaa malee seera albuudaa dhimmoota bulchiinsa albuudaa hunda of keessatti hammate baasuun hojiirra oolchee jira. Adeemsi kun dhimma bulchiinsa albuudaa irratti seerotni gara garaa lama qaamolee mootummaa adda addaa lamaan ba'an naannicha keessa akka jiraatu taasisee jira. Seeri albuudaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin ba'ee hojiirra oole kun dhimmoota aangoo bulchiinsaa naannichaaf heeraan kennamee hojiitti hiikuu qofa irratti kan daanga'e osoo hin

taane dhimma hojiiwwan oomisha albuudaa fi albuuda waliin wal-qabatanii Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeeffaman hunda irratti raawwatiinsa qabaachuu isaa kan akeeku waan ta'eef heerawummaa isaa irratti gaaffii kan kaasisu dha.

Heera RDFI keessatti mootummaaleen naannoo qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu bulchuuf kan aangeffaman ta'us, mootummaan federaalaa aangoo seera baasuu heeraan isaaf kenname jala dhokachuun aangoo mootummaaleen naannoo qabeenya albuudaa bulchuuf qaban kan irraa qooddatu ta'uu qoranna kana keessatti hubatameera. Mootummaan Federaalaa labsii hojiiwwan albuudaa ofii baaseen aangoo fi itti-gaafatamummaa aangoon bulchiinsaa kenu kanneen akka hayyama hojii albuudaa kennuu fi galmeessuu, hayyama dhorkuu, hayyama haquu, hojiiwwan misooma albuudaa to'achuu fi hordofuu fi k.k.f irra jireessaan hayyama sadarkaa guddaa, hayyama sadarkaa xiqqaa albuudota kabajamoo fi hayyama albuudaa investeroota biyya alaaf kennamu irratti jiru ofiif fudhatee itti hojjechaa jira. Naannoo Oromiyaa keessatti gosoota hayyamaa Mootummaan Federaalaa aangoo bulchiinsaa fudhate irratti hundaa'uun kenne ilaachisee Mootummaan Naannoo Oromiyaa hirmaanna bulchiinsaa takkayyuu kan hin qabnee fi inumaatuu hojiiwwan misooma albuudaa kanneeniif orma ta'ee kan jiru dha.

Qoranno kana keessatti akkaataan murteessaa fi sassaabbii galii fi royaalitii qabatamaan jiru kan caaya heerichaatiin diriire waliin kan wal hin simne ta'uun hubatameera. Royaalitii fi kaffaltiwwan biroo hojiiwwan albuudaa ilaachisee labsiin hojiiwwan albuudaa lakk.k 678/2002 keessatti Mootummaan Federaalaa hayyama hojiiwwan albuudaa ofiif kennerraan royaalitii, kira fi kaffaltiwwan biroo argamu hunda akka sassaabuu fi odiitii godhu aangeffamee jira. Mootummaan Federaalaa labsichaan gosoota hayyamaa sadarkaa guddaa (albuudota ijaarsaa irraan kan hafe), hayyamoota sadarkaa xiqqaa albuudota kabajamoo fi hayyamoota hojiiwwan albuudaa investeroota alaaf kennaman hunda irratti aangoo hayyama kennuu kan qabu waan ta'eef hojiiwwan albuudaa kanneen irraa royaalitii fi kaffaltiwwan biroo argamu kan murteessuu fi sasssaabu mootummaa federaalaa yoo ta'u, adeemsi kun immoo caaya heeraa jiru waliin kan wal faallessu dha. Gibira galin wal-qabatees, labsiin hojiiwwan albuudaa Federaalaa dhimmi gibira galii hojii albuuda sadarkaa xiqqaa seerota naannoleen baasaniin kan hogganamu ta'uun akeekus, mootummaan federalaa hayyama hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa ofiif kenu irraa akkasumas hayyama hojii albuudaa xiqqaa naannichaa irraa fudhataman ta'anii warreen hayyama daldalaa isaanii Finfinneetti galmeessisan irraa gibira galii kan sassaabu mootummaa federaalaati. Kun immoo ifaan

aangoo Mootummaan Naannoo Oromiyaa galii gibira hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa murteessuu fi sassaabuuf heera RDFI tiin qabu kan cabsu dha.

Hayyamoota hojii albuudaa sadarkaa guddaa irraa galii gibiraa fi royaalitii argamu ilaachisee heerri RDFI mootummaan federaalaa fi mootummaan naannolee waloodhaan kan murteessanii fi sassaaban ta'uu kan akeku yoo ta'u, qabatamni jiru mootummaan federalaa qofaa isaa seera ofii baasuun kan murteessuu fi kan sassaabu ta'uu agarsiisa. Qoodiinsi galii taaksiwwan mootummaalee lamaan murteessuu fi sassaabuuf aangoo irratti qaban kan raawwatamuu qabu waliigalteedhaan ta'uu kan qabu yoo ta'u, qabatamni jiru kan agarsiisu Mootummaan Naannoo Oromiyaa taaksiwwan kana murteessuu fi sasssaabuu keessatti hirmaanna homaatuu hin qabu. Galiiwwan hojii albuuda sadarkaa guddaa irraa sassaabamu mootummaan federaalaa murteessuun sassaabee akkaataa foormulaa Manni Maree Federeshinii baasuun kan raawwatamu dha. Mootummaan Naannoo Oromiyaa murteessaa fi sassaabbii galii kanneenii keessatti hirmaanna waan hin qabneef hangi royaalitii fi galii gibiraa hojii albuuda sadarkaa guddaa irraa mootummaa federaalan sassabame meeqa akka ta'e quba waan hin qabneef, qoodiinsa isaa irratti gaheen isaa meeqa akka ta'e beekuu hin danda'u. Kun immoo, akkaataan sassaabbii galii hojii kana irraa argamu fi qoodiinsa isaa iftoomina akka hin qabaanne taasisee jira.

Bulchiinsa qabeenya albuudaa irratti qabatamni seeraa fi hojimaataa jiru hedduun adeemsa heeraa kan eeggate akka hin taanee fi bakka tokko tokkotti Mootummaan Nannoo Oromiyaa aangoo seera baasuun hin qabneen akka hojjetu, mootummaan federaalaa immoo aangoo bulchiinsa qabeenya albuudaa heeraan Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif kennname fudhachuun bal'inaan hojjetaa akka jiru kan agarsiisu dha. Qabatamni seeraa fi hojimaataa jiru kun sirna heera biyyattii keessa taa'e faallessuu isaatiin dantaa uummataa fi mootummaa naannichaa irratti miidhaa inni qaqqabiisaa jiru bal'aa dha. Adeemsi faallaa heeraa ta'e kun mirga hiree ofii ofii murteeffachuu uummatichaa kan sarbu, bu'a qabeessummaa bulchiinsa qabeenya albuudaa kan kan miidhe (jeopardizing the efficiency of mining sector governance), galii mootummaan Naannoo Oromiyaa seektera hojiiwwan albuudaa irra argachuu malu kan hambise, sababa haqina hordoffiif to'annaa dhihoo irraan kan ka'e bakkeewwan naannichaa hojiin misooma albuudaa keessatti argamu faalama naannoof kan saaxilsiisee fi hojiin eegumsaa fi kunuunsa naannoo irratti hojjetamuu qabu laafaa akka ta'u kan taasise dha.

C. Bulchiinsa Qabeenya Bosonaa

Bulchiinsa qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa ilaachisee Heera RDFI tiin aangoon seera tumuu Mootummaa Federaalaaf qofaatti (exclusively) kan kenname ta'us, naannoleen qabeenya kana bulchuuf heerichaan aangeffamanii kan jiran waan ta'eef, dirqama seera raawwachiisuu isaanitti kenname sirnaan ba'uuf caaseffama bulchiinsaa qabeenya kana bulchuuf isaan dandeessisu seeraan diriirsuu kan isaan dhorku hin jiraatu. Seerri naannoleen baafatan kun sadarkaa naannootti qaama mootummaa qabeenya albuudaa bulchu hundeessuu fi aangessuu, caasaa qaama kanaa sadarkaa sadarkaan ijaaruu fi dhaabuu, akkaataa raawwii hojii bulchiinsaa fi hojimaata isaa seeraan diriirsuu fi k.k.f irra kan darbe ta'uu hin qabu. Labsiin Bosona Mootummaa Naannoo Oromiyaa qajeeltoowwan bulchiinsa bosonaa fi dhimmoota bulchiinsa isaa hunda haguuguun kan wixineeffame waan ta'eef seerri kun haala olitti ibsameen dhimma bulchiinsaaf qofa kan ba'e dha jechuun hin danda'amu. Inumaayyuu labsiin kun dhimmoota hedduu irratti dhimma bulchiinsa qabeenya bosonaa irratti tumaalee labsii bosonaa Federaalaan wal-faallessan ykn wal hin simne kan of keessatti hammatee jiru dha. Kun immoo bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti tumaalee Heera RDFI quodiinsa aangoo hoogganan waliin kan wal faallessu dha. Haalli kun raawwii seerota bosonaa irratti hojiwwan bulchiinsa qabeenyichaa irratti fi Manneen murtii keessatti wal-fakkiin akka hin jiraanne taasisaa tureera.

Heera RDFI keessatti, mootummaaleen naannoo qabeenya bosonaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu bulchuuf aangoo qabu. Mootummaan Naannoo Oromiyaa qabeenya bosonaa naannoo isaa keessatti argamu taaliguuf (bulchuuf) aangoo heera RDFI tiin kennameef qaba. Labsiin eegumsa, misoomaa fi itti fayyadama bosonaa Federaala lakk.k 1065/2010 mootummaaleen naannoo qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa naannoo isaanii keessatti argamu kan bulchan ta'uu kan ibsu ta'us haalota addaa tiin aangoo bulchiinsaa naannoleen qaban kana mootummaan federaala ofii fudhachuun qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa kana bulchuu akka danda'u ibsa. Dhimma kana irratti labsichi aangoo bulchiinsaa naannoleen qabeenya bosonaa irratti heeraan qaban kan cabsuu fi sirna ofin of bulchuu (self rule) sirna federaalizimii keessa jiruun wal-faallaa kan deemu dha. Bulchiinsa qabeenya bosonaa ilaachisee heerichi guutummaa guutuutti aangoo bulchiinsaa mootummaalee naannoof bakka kennee jirutti mootummaan federaala aangoo seera baasuu qabutti gargaaramee sababoota tarreessuun aangoo bulchiinsaa naannoleen qaban seeraan fudhachuun isaa al-heerawaa dha. Qabatama jiruun mootummaan federaala bosonaa fi lafa bosonaa daangaa Oromiyaa keessa jiru kan mootummaan federaala bulchaa jiru kan hin jirre ta'us paarkiiwwan biyyooleessa gurguddoo kanneen akka Paarkii Gaarreewan Baalee,

Paarkii Biyyooleessaan Sanqallee fi Paarkii Biyyooleessaan Awaash argamni isaanii naannoo Oromiyaa keessa ta'e dambiidhaan hundeessuun kan bulchaa jiru qaama mootummaa federaalaa ti. Qabeenyi bosonaa fi bineensa bosonaa walitti hidhataa fi walirraa adda baasanii ilaaluun kan hin danda'amne yoo ta'u, paarkiiwan kunneen qabeenyaa kana lameen akkuma hammatanitti bulchiinsa mootummaa Federaalaa jala jiru. Waliigalaan, qabeenyaa uumamaa, bosonaa fi bineensa bosonaa dabalatee, naannoorn Oromiyaa aangoo bulchiinsaa mormiin itti ka'uu hin dandeenye qabaatus gama bulchiinsa paarkiiwwaniitiin aangoon bulchiinsaa kun mootummaa naannichaa irraa fudhatameera.

5.2. Yaadota Furmaataa

A. Bulchiinsa Qabeenyaa Bishaanii ilaalchisee

Sirna bulchiinsa mootummaa federaalizimii keessatti muuxannoon biyyoota baay'ee akka agarsiisutti, hojiin hoggansa qabeenyaa uumamaa, qabeenyaa bishaanii dabalatee, gama seera baasuutiinis ta'ee, raawwachiisuutiin bal'inaan mootummaalee naannootiin hojjetama waan ta'eef, biyya keenya keessatti hoggansa qabeenyaa bishaanii keessatti mootummaaleen naannoqooda olaanaa akka fudhatan gochuun barbaachisaa dha.

Muuxannoon biyyootaa akka agarsiisutti, biyyootni qabeenyaa bishaanii qaban misooma sulula lageenii irratti hundaa'anii hojii seera baasuu fi seera hojiirra oolchuu keessatti mootummaaleen naannoqooda olaanaa akka fudhatan gochuun barbaachisaa dha.

Labsiin lakk. 197/92 fi 534/97, akkasumas dambiiin lakk. 115/97 aangoo Mootummaan Naannoorn Oromiyaa bulchiinsa qabeenyaa bishaanii irratti heeraan qabu dhiphisanii kan jiranii fi bu'uura heeraas kan hin qabne waan ta'aniif, haala aangoo mootummaalee naannoqooda olaanaa akka fudhatan gochuun barbaachisaa dha. Rakkichi haala kanaan furamuun kan dhabe yoo ta'e dhimmicha gara Mana Maree Federeeshinitii fudhachuun hiikkoon heeraa akka itti kennamu gaafachuun barbaachisaa dha.

Qabeenyi bishaanii bulchiinsa Naannoo Oromiyaa keessatti argamu qulqullinnii fi baay'inni isaa yeroo gara yerootti hir'achaa waan jiruuf, akkasumas qabeenya kana irraa galii barbaadamu argachaa waan hin jirreef, MNO qabeenya bishaanii lafa irraa fi lafa jalaa daangaa bulchiinsa isaatii keessatti daanga'anii jiran sirnaan hojiirra akka oolan, kunuunfamanii akka turani fi galii naannichaa akka maddisiisan gochuuf heeraan aangoo gonfatetti fayyadamee seera rogummaa qabu tumuun qabeenyicha bulchuun barbaachisaa dha.

Laggeen bulchiinsa Mootummaa Oromiyaa qaxxamuran ykn haroowwan naannoo Oromiyaa fi naannolee biro wal-quunnamsiisan ilaachisee Mootummaan Naannoo Oromiyaa seera kunuunsaa fi eegumsa isaa bituu danda'u baasuun hojiirra akka oolan taasisuun qabeenya kana tiksuum barbaachiisaa dha.

Qabeenyi bishaanii daangaa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti argaman irratti aangoo qabeenyicha taaliguu gonfatee kan jiru waan ta'eef, keessattuu qabeenya bishaan lafa jalaa fi haroowwan daanga'anii jiran irratti MNO aangoo hayyama itti-fayyadamaa kennuu, qaamolee hayyama fudhatan to'achuu fi galii qabeenyicha irraa walitti qabuu heeraan argatan giddu-lixummaa tokko malee raawwachuu akka danda'anitti seera fi caasaa hojiiwan kana raawwachiisuu isa dandeessisu diriirsuun barbaachisaa dha.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa, badiiwwan qabeenya bishaanii irra gahaa jiran sirnaan to'achuun qaamolee badii raawwatan irratti tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuun qabeenyichi seeraa ala akka hojiirra hin oolle to'achuun mootummaa fi uummatni naannichaa fayyadamtoota akka ta'an dandeessisuun barbaachisaa dha.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa, qaamolee qabeenya bishaanii maddisiisanii fayyadamuu barbaadan duukaa bu'ee hayyama itti-fayyadamaa kennuu fi hanga bishaan isaan fayyadaman safaruu sirna dandessisu hundeessuun galii qabeenya kana irraa madduu qabu maddisuu irratti hojjechuun barbaachisaa dha.

Biiroon Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Naannichaa caasaa qabeenya bishaanii bulchu hanga aanaatti diriirsee waan hin jirreef, waajjiraaleen biirichaa sadarkaa gadiirratti argaman misooma bishaanii malee bulchiinsa qabeenya bishaanii irratti waan hin xiyyeffanneef, caaseffamaa fi xiyyeffannoo gama bulchiinsa qabeenya bishaaniitiin jiru cimsuun hooggansa biirichi qabeenya kana irratti qabu jabeessuu keessatti gahee guddaa akka taphatu gochuun barbaachisaa dha

c. Bulchiinsa qabeenya albuudaa fi bosonaa ilaalchisee

Qabeenya uumamaa, addatti immoo qabeenya albuudaa fi bosonaa ilaalchisee aangoon seera tumuu kan mootummaa federaalaan waan ta'eef, Mootummaan Naannoo Oromiyaa seerota itti-gaafatamummaa fi aangoo seera raawwachiisuu kennameef bahachuuf sirna diriirsuuf yoo ta'e malee, seerota dhimma bulchiinsa qabeenya kanaa baasuu irraa of quachuu barbaachisaa dha. Seeronni mootummaa federaalaan ba'an qaawwaa kan qaban ykn gahumsa kan hin qabne yoo ta'an, seera ofii baasuu irra seerri sun akka fooyya'u ykn haqamee seerri haaraan akka buhu gaafachuuuf dhiibbaa gochuuf malee dhimma aangoo irrattiin qabne irratti seera baasuun mootummaa naannichaa adeemsaa heeraa kan eeggatu hin ta'u.

Heera RDFI keessatti mootummaaleen naannoo qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu bulchuuf kan aangeffaman waan ta'eef, mootummaan federaalaan aangoo seera baasuu heeraan isaaif kennname jala dhokachuun aangoo mootummaaleen naannoo qabeenya albuudaa fi bosonaa bulchuuf qaban quoddachuu irraa of quachuu qaba. Seerota aangoo bulchiinsaa naannolee mulqan kanneen, jechuunis labsii hojii albuudaa lakk. 678/2002, dambii hojiwwan albuudaa 423/2010, Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Ittifyyadama Bosonaa lakk. 1065/2010 fooyyessuun barbaachisaa dha. Dabataanis, Dambii Paarkii Biyyooleessa Gaarreewan Baalee hundeessuuf bahe lakk. 338/2007, Dambii Paarkii Biyyooleessa Sanqallee hundeessuuf bahe lakk. 334/2007, Dambii Paarkii Biyyooleessa Awaash hundeessuuf bahe lakk. 329/2007 haqamuu qabu.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa Seerootni armaan olitti eeramaniii fi aangoo bulchiinsaa qabeenya albuudaa fi bosonaa isaa mulqan akka fooyya'aniif gaafachuu fi dhiibbaa gochuuf qaba. Kanaan furmaanni kan hin argamne yoo ta'e, heerummaa seerota kanneenii irratti murtiin akka kennamuuf hiikkoo heeraatiif dhimmicha gara Mana Maree Federeeshiniitti dhiyeessuun barbaachisaa dha.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa heeri kabajamuu isaa mirkaneessuuf akkasumas kabajuuf dirqama heeraa kew 9(3) jalatti kennameef ni qaba. Mootummaan federaalaan seerota tumaalee heerichaa dhimma bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti quodiinsa aangoo jiru hogganan waliin wal-faallessan baasuun aangoo qabeenya uumamaa naannolee kennname yammuu fudhatu, Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojiirra oolmaa seerota kanaaf tumsa gochuuf dhiisuu fi akkasumas seerota kanaan bitamuu dhiisuuuf mirga osoo hin taane dirqama heeraan itti kennname qaba. Hanga Mootummaaleen lamaan qixa aangoo isaaniittii wal-qixaa fi walaba ta'anii jiranitti mootummaan inni tokko aangoo mootummaa isa kan biroo yammuu

fudhatu callisaan bira taruun seericha raawwachiisuu irra raawwii seerota kanaa dura dhaabbachuu fi tumsuu dhiisuun barbaachisaa dha. Muuxannoo biyya Kanaadaa keessa jirus kana nutti agarsiisa. Kanaaf Mootummaan Naannoo Oromiyaa giddu seentummaa qaama kamiiyuu malee, aangoo qabeenya albuudaa fi bosonaa bulchuuf heeraan qabu guutummaatti hojiira oolchuu eegaluu qaba.

Galiiwwan hojiwwan albuudaa sadarkaa xiqqa Naannoo Oromiyaa keessatti argaman irraa argamu murteessuu fi sassaabuuf Mootummaan Naannoo Oromiyaa aangoo heeraan kennameef waan qabuuf, seerota fi barsiifatni faallaa tumaa heeraa aangoo kana mootummaa naannichaa kanaa jiran akka fooyya'an ykn haqaman gaafachuu fi dhiibbaa gochuun barbaachisaa dha. Sirreeffamni kan hin taasifamne yoo ta'es, dhimmicha hiikkoo heeraatiif gara Mana Maree Federeeshiniitti fudhachuun barbaachisaa dha.

Galiiwwan hojii albuudaa irraa argamanii fi mootummaaleen lamaan aangoo waloo irratti qaban ilaalcisee rakkoo iftoominaa jiru hiikuuf sirna dirrisuun barbaachisaa dha. Sirna diriiru keessattis, mootummaan naannichaa galii hojiwwan kana irraa argaman murteessuu fi sassaabuu keessatti hirmaannaa wal-qixa ta'e akka qabaatu taasisuu barbaachisa.

Maddoota Barreeffamichaa

I. Seerota

- Heera DRFI
- Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu MNO Irra Deebiin Gurmeessuu, Aangoo fi Gahee Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, labsii 213/2011
- Labsiin Manneen Maree fi Abbootii Taayitaa Suulula Lageenii hundeessuu fi gahee hojii isaanii murteessuuf bahe, Labsiin lakk. 534/99
- Dambiin bulchiinsa qabeenya bishaanii mana maree minisiteerotaatiin bahe, Dambii lakk. 115/97
- Labsiin qabeenya bishaanii mootummaa Federaalaa baase, labsii lakk. 197/92
- Labsii Bosona Oromiyaa, lakk.k 72/1995
- Labsii Bulchiinsa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa lakk.k 456/1997
- Imaammata Eegumsa fi kunuunsa Naannoo Itoophiyaa, bara 1989.
- Labsii eegumsa, misoomaa fi itti fayyadama bosonaa lakk.k. 1065/2010
- Labsii hojii albuudaa lakk.k 678/2002.
- Dambii hojiiwwan albuudaa lakk.k 423/2010.
- Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakk.koofsa 91/1997 Irra deebiidhaan fooyyessuuf Bahe, Lakk.koofsa 223/2012.
- Labsii qaamolee hojii raawwachiistuu Federaalaa hundeessuu fi aangoo isaanii murteessuuf ba'e lakk.k. 1097/2010
- Labsii Gibira Galii Albuudaa lakk.k 53/1985.

II. Kitaabota

- Black's Law Dictionary, 7th ed.,
- Paul Kildea and George Williams, The constitution and the management of water in Australia's rivers, Sydney Law Review, vol. 32
- Ryan B. Stoa, *Subsidiarity in Principle:Decentralization of Water Resources Management*, 31 Utrecht L. Rev. 10 (2014)

- Paul Kildea and George Williams, The constitution and the management of water in Australia's rivers, Sydney Law Review, vol. 32
- Annie Chaloux and Stephane Paquin, water resource management and North American Green Paradiplomacy: the case of the great Lakes.
- Rosa Maria, Water resource management in Brazil: Challenges and new perspectives
- Saunders, J. Owen, Managing Water in a Federal State: The Canadian Experience.
- Echeme and E.C. Uban, A Correlation of Natural Resource Management and Level of Development in Developing Countries: A Case of Nigeria,
- Ligia Noronha, Nidhi Srivastava, Divya Datt and P. V. Sridharan, Resource Federalism in India: The Case of Minerals, 2009
- Anwar Shah, introduction: principle of fiscal federalism available at http://www.forumfed.org/libdocs/_Global_Dialogue/Book_4/BK4-en-int-Shah.pdf
- Steven A. Kennett, The Design of Federalism And Water Resource Management In Canada, Research Paper No. 31, Queen's University Kingston, Ontario Canada K7L3n6.
- Michael Lockwood , Julie Davidson, Allan Curtis , Elaine Stratford & Rod Griffith (2010) Governance Principles for Natural Resource Management, Society & Natural Resources.
- L Aladeitan, 'Ownership and Control of Oil, Gas, and Mineral Resources in Nigeria: Between Legality and Legitimacy' (2013) Thurgood, Marshall Law Review, Vol. 38:159 at 160.
- The Food and Agriculture Organization of the United Nations, available at <http://www.fao.org/3/Y4818E/y4818e07.htm#TopOfPage> ,accessed on 10/12/2-19
- Assefa Fiseha, federalism and the accommodation of diversity in Ethiopia, a comparative study, 3rd ed., (2010).
- Nicholas Haysom and Sean Kane, Negotiating natural resources for peace: Ownership, control and wealth-sharing, Henry Dunant centre for humanitarian dialogue, Geneva, Switzerland , 2009.
- Busby, G., Isham, J., Pritchett, L. and M. Woolcock (2002) 'Natural Resources and Conflict: What Can We Do?', in Bannon, I. and P. Collier (eds), Natural Resources and Violent Conflict, Washington DC, World Bank

- Z. Adangor, Proposals for Equitable Governance and Management of Natural Resources in Nigeria, published online on 28th February, 2018, accessible on <https://doi.org/10.5539/ilr.v7n1>.
- International Monetary Fund (2005), Guide on Resource Revenue Transparency, June.
- Cotrell, J. (2005), Oil Revenues, Distribution and the Constitution of Iraq: An Option Paper. Unpublished paper commissioned by the United Nations Assistance Mission for Iraq.
- World Bank (2006) Angola Economic Memorandum: Oil, Broad Based Growth, and Equity, 2 October.
- Michael Lockwood , Julie Davidson , Allan Curtis , Elaine Stratford & Rod Griffith, Governance Principles for Natural Resource Management, society & Natural Resources, available at <http://dx.doi.org> , accessed on 21/11/2019.
- Bird, R. and Ebel, R. (2005) Fiscal Federalism and National Unity. 25 March.
- Ahmed, E. and Mottu, E. (2002) Oil Revenue Assignments: Country Experiences and Issues, International Monetary Fund.
- Forest governance in federal systems: an overview of experiences and implications for decentralization,Hans Gregersen and Arnoldo Contreras-Hermosilla and A. White and Lawerence Phillips and Carol J. Pierce Colfer and Doris Capistran, 2004.
- Forest governance in federal systems: an overview of experiences and implications for decentralization,Hans Gregersen and Arnoldo Contreras-Hermosilla and A. White and Lawerence Phillips and Carol J. Pierce Colfer and Doris Capistran, 2004.
- Australian government, Department of Agriculture, accessible on <https://www.agriculture.gov.au/abares>, accessed on 27/11/2019.
- E. L. Johnson, “Rights to Minerals in Sweden: Current Situation from an Historical Perspective” 19 (3) JENRL 278 (2001)
- Enrique Rodriguez Del Bosque, Mexico mining;2020, ICLG.com available at <https://iclg.com/practice-areas/mining-laws-and-regulations/mexico>, accessed on 29/11/2009.
- Theodore Okonkwo, Ownership and Control of Natural Resources under the Nigerian Constitution 1999 and Its Implications for Environmental Law and Practice,

International Law Research; Vol. 6, No. 1; 2017, p.170 available on <https://doi.org/10.5539/ilr.v6n1p162>, accessed on 29/11/2019.

- W. E. Butler, Soviet Law, 277 (1988).
- Mclure Jr., "The Sharing of Taxes on Natural Resources and the future of Russian Federation" in C.I. Wallich, ed. Russia and the Challenge of Fiscal Federalism (Washington: World Bank, 1994).
- Mola Mengistu, Seera Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Itoophiyaa-Mirgoota Heeraan Tumamanii Fi Raawwii Isaan Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Amaaraa Keessatti Qaban, Jornaalii Seeraa Itoophiyaa, Vol 22, 2001,
- Abiy Chelkeba, Competing Water Resource Demands in Ethiopia's Federal System: Infancy of the Law toward Integrated Management, MIZAN LAW REVIEW, Vol. 12, No.2 (2018)
- Addisu Damxee, water and decentralization in Ethiopia's governance: paradoxes of centralization and decentralization-merely stand of the devolution of problems

III. Namoota Af-gaaffii Deebisan

1. Obbo Shuumii Araarsaa, Dursaa Garee Tajaajila Seeraa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa
2. Obbo Oliyaad Masfiin, A/Adeemsaa bulchiinsa bishaanii, fi b/b hogganaa waajjira bishaanii godiina shawaa lixaa
3. Obbo Raagoo Guddataa, Ogeessa itti-fayyadama qabeenya bishaanii waajjira bishaanii Go/Shawaa Lixaa
4. Obbo Adam Badhaadhaa, ogeessa qulqullina bishaanii Waajjira misooma qabeenya bishaanii fi inarjii Aanaa Dugdaa
5. Obbo Bokii Baahiruu, Hogganaa Waajjira Misooma Bishaanii fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa
6. Aadde Tigisti Amaaree, Dursituu garee qabeenya bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa
7. Obbo Tageny Cebudee, Hogganaa Dhiyeessii Loojistikii Warshaa Saamsaa Bishaanii Dhugaatii Waanii
8. Obbo Muhammad Daakaa, A/Adeemsa hojii itti-fayyadama bishaanii waajjira misoomaa fi itti-fayyadama bishaanii Aanaa Adaamii Tulluu
9. Obbo Jamaal Huseeyinaa, ogeessa gamaggama, hordoffii fi qophii sagantaa sulula lageenii Abbaa Taayitaa Misooma Haroowwan Riifti Vaalii Damee Zuwaay

10. Obbo Isheetuu warquu, itti-gaafatamaa Waajjira misooma qabeenya bishaanii fi inarjii Aanaa Sabbataa Hawaaas.
11. Obbo Yaasin Abbaa-Duraa, b/b hogganaa Waajjira bishaanii fi Inarjii Godina Jimmaa
12. Obbo Biraanuu Qixxaataa, Hogganaa Waajjira Albuudaa Godina Shawaa Lixaa
13. Obbo Abbabaa Bajjii, ogeessa seeraa Waajjira Albuudaa Godina Shawaa Lixaa
14. Obbo Tarreessaa Lammeessaa, bulchaa hojii albuudaa Waajjira Albuudaa Godina Shawaa Lixaa
15. Obbo Lamuu jifaar, ogessa bulchinsa albuudaa Waajjira Mi/Albuudaa Aanaa Sabbataa
16. Aadde Birqinash Geetahuun, itti-gaafatamtuu Waajjira Mi/Albuudaa Aanaa Sabbataa
17. Obbo Alii Huseen, itti-gaafatamaa duraanii Waajjira Mi/Albuudaa Aanaa Deedoo
18. Aadde Daraartuu addunyaa, ogeessa galii Waajjira Mi/Albuudaa Aanaa Deedoo
19. Obbo Muusxafaa Abbaa-Fiixaa, qindeessaa IMX Waajjira Mi/Albuudaa Aanaa Deedoo
20. Obbo Magarsaa Taaddasaa, ji'olojistii kenna hayyamaa A/T/Mi/ Albuudaa Godina Jimmaa
21. Obbo Xilaahun Lammaa, ogeessa walitti qabaa galii A/T/M/Albuudaa Godina Jimmaa
22. Obbo Muxaalib Hajji, ogeesssa seeraa A/T/M/ Albuudaa Godina Jimmaa
23. Obbo Duulaa Moosisaa, ogeessa gamaaggama dhiibbaa hawaasummaa fi naannoo, Abbaa taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijiirama qilleensaa Godina Shawaa Lixaa
24. Obbo Yeroon Takkaalegn, gamaggama dhiibbaa naannoo Abbaa taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijiirama qilleensaa Magaalaa Buraayyuu
25. Aadde Asteera Mokonniin, ogeessaa hojirra oolmaa seera eegumsa naannoo abbaa taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijiirama qilleensaa Magaalaa Buraayyuu
26. Obbo Seefii Tulluu, dursaa garee hedduummina lubbu-qabeeyyi, Waajjira bosonaa godina shawaa bahaa
27. Obbo Haayiluu Daadhii, ogeessa kunuunsa naannoo Abbaa taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijiirama qillensaa godina A/N/Finfinnee

28. Obbo Katamaa Begii, dursaa garee bineensaa fi bosonaa Abbaa taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijjiirama qillensaa Godina A/N/Finfinnee
29. Obbo Rahaa Jabaal, hoggantuu Abbaa Taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijjiirama qilleensaa A/Dedoo
30. Obbo Alexaandar Amaare, Dursaa garee bosona, Abbaa Taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijjiirama qilleensaa A/Dedoo
31. Obbo Mahamad Robaa, ogeessa deebisanii dhaabus Abbaa Taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijjiirama qilleensaa A/Dedoo
32. Obbo Muluqan Moosisaa, gaggeessaa damee bosonaa Abbaa Taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijjiirama qilleensaa Godina jimmaa
33. Aadde Shurraabee Fiqaaduu, to'attuu bu'aa bosonaa Abbaa Taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijjiirama qilleensaa Godina jimmaa
34. Obbo Huseen Jamaal, ogeessa kunuunsa naannoo waajjirichaa Abbaa Taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijjiirama qilleensaa Godina jimmaa
35. Obbo Dimbar Geeraa, Abbaa seeraa Mana Murtii Olaanaa Godina Jimmaa
36. Obbo Angaasaa , Pirezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaa
37. Obbo Tarfaa Araarsaa, ogeessa eegumsa bosonaa fi bishaanii Waajjira qonnaa fi qabeenya uumamaa Godina Shawaa Lixaa
38. Obbo Xilahuun Abdisaa, ogeessaa eegumsa bosonaa fi bishaanii Waajjira qonnaa fi qabeenya uumamaa Godina Shawaa Lixaa
39. Obbo Sintaayyoo Barreettoo, A/Ad/Bulchiinsa Albuudaa fi Kenna Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii.
40. Obbo Nageessaa Luxee, ogeessa hordoffii fi gamaggama pirojektii hawaasaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii.
41. Obbo Olkoo Adoolaa, B/Bu'aa Deeskii misooma Albuuda Aanaa Shakkisoo.
42. Aadde Asnaaqech Laggasaa, I/Gaafatamtuu A/Taayitaa misooma Albuudaa Go/Shawaa
43. Obbo Boggaalee Tufaa, A/Ad/Bu/Ke/Hayyamaa A/Taayitaa misooma Albuudaa Go/Shawaa.
44. Obbo Baqqalaa Badhaasoo, I/Gaafatamaa A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa
45. Obbo Wandimmuu Kushuu, Ogeessa Bulchiinsaa fi hojii albuuda A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa.
46. Aadde Ayyalech Teshoomee, hoggantuu A/Ta/Misooma Albuudaa Go/A/N/Finfinnee.

47. Obbo Lammeessaa Bayyanaa, ogeessa kenna hayyamaa A/Ta/Misooma Albuudaa Go/A/N/Finfinnee
48. Obbo Alamaayyoo Biraanuu, ogeessa albuudaa Deeskii misooma Albuuda Aanaa Shakkisoo.
49. Obbo Wandimmuu Kushuu, Ogeessa Bulchiinsaa fi hojii albuuda A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa.
50. Aadde Qiddist Bantaa, D/Garee E/Naannoo fi Jijiirama Qilleensaa Go/A/O/Shakkisoo.
51. Obbo Kuma Diribaa, D/Garee Eegumsa naannoo A/T/E/N/Bosonaa fi Ji/qilleensaa Go/Gujii.
52. Obbo Bashir Bariisoo, Ogeessa A/T/M/Albuudaa A/A/Tulluu.
53. Afgaaffii Obbo Hoxxeessaa Balakk.koo, I/Ga/Waajjiraa Waajjira bishaanii fi Inarjii Go/Gujii
54. Obbo Daawwit H/Maariyaam, Du/Garee Qabeenya bishaanii Waajjira bishaanii fi Inarjii Go/Gujii
55. Obbo Alamaayyoo Dhaabaa, Ogeessa garee Bu/Iskiimii fi dhiyeessa bishaan dhugaatii Waajjira bishaanii fi Inarjii Go/Gujii.
56. Obbo Dessaaleny Alamuu, B/Bu'aa Waajjiraa, Obbo Takkaa Yaadaa Ogeessa Qulqullina Bishaanii Wa/Bishaanii fi Inarjii A/Shakkisoo
57. Obbo Saamsoon Tseggaayee, ogeessa hirmaanna Hawaasaa Wa/Bishaanii fi Inarjii A/Shakkisoo.
58. Aadde Geexee Taaddasaa, B/B/Hogganaa A/T/E/N/B/J/Qilleensaa Go/Gujii.
59. Obbo Kumaa Diribaa D/Garee Eegumsa Naannoo, A/T/E/N/B/J/Qilleensaa Go/Gujii.
60. Obbo Fiqaduu Tolasaa D/Garee jijiirama qilleensaa A/T/E/N/B/J/Qilleensaa Go/Gujii.
61. Afgaaffii Obbo Leencoo Gammaadaa, B/Bu'aa waajjiraa A/T/E/N/B/J/Qilleensaa A/O/Shakkisoo
62. Obbo Huseen Bantaa, Ogeessa gamaggama dhiibbaa hawaasa naannoo fi kenna hayyamaa A/T/E/N/B/J/Qilleensaa A/O/Shakkisoo
63. Aadde Qiddist Kabbadaa, D/G/E/Nannoo fi Ji/Qilleensaa A/T/E/N/B/J/Qilleensaa A/O/Shakkisoo.
64. Obbo Tegeny Tarrafaa, D/Garee E/Naannoo Manajimantii Bosonaa, Go/Baalee
65. Obbo Asaffaa Hundee D/Garee Hojiira oolmaa Seera naannoo Go/Baalee.

66. Obbo Shaamil Kadir, H/Gaggeessaa Paarkii Gaarreewan Baalee.
67. Obbo Gannanee Hayilee Ho/Gaggeessaa Dha/B/B/Bosonaa Oromiyaa Damee Baalee.
68. Obbo Qana'aa Didhaa A/Ad/Mi/Ittifayyadama bosonaa Dha/B/B/Bosonaa Oromiyaa Damee Baalee.
69. Obbo Destaa Fiqiruu, B/B/Waajjiraa A/T/Misooma Albuudaa Go/Gujii.
70. Aadde Baqqaluu Naggasaa, Ogeessa ji'oooloiji De/Mi/Albuudaa A/Shakkisoo.
71. Obbo Abduljaliil Abdoo, I/Gaafatamaa A/T/Mi/Albuudaa Go/Baalee.
72. Obbo Mul'ataa Shuumaa, Ogeessa Bu/H/Misooma Albuudaa Go/Baalee.
73. Obbo Taaddasaa Buzunaa, I/G/Wa/Qonnaa fi Qa/Uumamaa Go/Gujii.
74. Obbo Siisaay Mul'ataa, Ga/KTS M/Murtii Olaanaa Go/Gujii.
75. Obbo Lataa Gaarii, Ga/Dhi/Yakkaa M/Mu/Olaanaa Go/Baalee.
76. Obbo Lalisa Oljirraa, A/Seeraa M/Mu/Olaanaa Go/Sh/Bahaa.
77. Obbo Fiqaaduu Magarsaa, A/Ad/Qa/Uumamaa Wa/Qo/Qa/Uumamaa A/AD/Tulluu.
78. Obbo Aannillee Gizaw, Du/Garee Mi/Inarjii Wa/Bi/Inarjii Go/Gujii.
79. Obbo Alamaayyoo Biraanuu, Ogeessa G/Bu/Iskiimii fi Dhi/Bi/Dhugaatii Wa/Bi/Inarjii Go/Gujii.
80. Obbo Takkaa Yaadaa, Ogeessa Qu/Bishaanii Wa/Bi/Inarjii Go/Gujii.
81. Obbo Saamsoon Tseggaayee, Ogeessa Hi/Hawaasaa Wa/Bi/Inarjii Go/Gujii.
82. Obbo Daagim Abarraa, D/Garee Qabeenya Bishaaanii Wa/Bi/Inarjii Go/Baalee.
83. Obbo Daffaruu Hundee, ogeessa Ek/Bosonaa Dh/B/Bi/Bosonaa Oromiyaa D/Baalee.
84. Aadde Yeetimwarq Shimallis, ogeessa inventerii bosonaa Ek/Bosonaa Dh/B/Bi/Bosonaa Oromiyaa D/Baalee.
85. Obbo Muktaar Kadir, Raawwataa Ikkololjii Ek/Bosonaa Dh/B/Bi/Bosonaa Oromiyaa D/Baalee.
86. Obbo Hasan Waliyyii, I/Gaafatamaa A/T/E/N/B/J/Qilleensaa A/Dinshoo.
87. Aadde Taaddalech Girmaa, B/Buutuu G/E/N/J/Qilleensaa A/Dinshoo.
88. Obbo Tuujii Kamaal, Ogeessa safarrii fi hordoffii J/Qilleensaa A/Ta/E/Na/B/J/Qilleensaa A/A/Tulluu.
89. Obbo Shaambal Daalachaa, Du/Garee Bo/Bi/Bosonaa A/Ta/E/Na/B/J/Qilleensaa A/A/Tulluu.
90. Obbo Tashaalee Warqinaa, I/G/waajjiraa A/Ta/E/Na/B/J/Qilleensaa A/S/Hawaas.

91. Obbo Abiyoot Yaa'ii, A/Ad/Eegumsa Naannoo A/Ta/E/Na/B/J/Qilleensaa A/S/Hawaas.
92. Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayerekta Da/Ke/Hayyamaa fi Bu/Albudaa A/Ta/Mi/Albuudaa Oromiyaa.
93. Obbo Efreet Mul'ataa, D/Garee tajaajila Seeraa A/Ta/M/Albuudaa Oromiyaa.
94. Obbo Shuumii , D/Garee Ta/seeraa Bi/Bi/Inarjii Oromiyaa.
95. Dr Habtaamuu Ittafaa, Hogganaa Bi/Bi/Inarjii Oromiyaa.
96. Obbo Taarreqeny Qana'aa, Dayerekter Da/Karoora fi Hordoffii A/T/Galiwwan Oromiyaa.
97. Obbo Ramadaan, Ogeessa seeraa A/Ta/Galiwwan Oromiyaa.
98. Obbo Hiissaa Boruu, D/Koree Dhaabbi Dhi/Bu/Seeraa Caffee M/N/Oromiyaa.
99. Obbo Boonaa Yaaddessaa, I/A/I/Gaafatamaa D/Olaanaa fi I/G/Damee E/Naanoo A/T/E/N/B/Ji/Qilleensaa Oromiyaa.
100. Obbo Diribaa Ayyaanaa, Da/Olaanaa Dha/Bosonaa fi Bineensa Oromiyaa.
101. Obbo Dandanaa G/Mikaa'el, I/G/Garee H/Q/Naamusaa Dh/Bo/Bi/Bosonaa Oromiyaa.
102. Obbo Mo'isiifan Kabbadaa, I/G/Garee Ta/Seeraa Dha/Bo/Bi/Bosonaa Oromiyaa.
103. Obbo Tseggaayee Nagaasaa, Gorsaa Damee Seeraa Wa/Pirezidantii Bu/M/N/Oromiyaa.
104. Obbo Mahaammad Hasan, B/Bu'aa A/Taayitaa Sulula Awaash olii.
105. Obbo Tizaazuu Mahaammad, Ad/Ad/ Bu/Mi/bishaanii A/T/Sulala Awaash olii.

